# *Namoota Bara Dhumaatti Dibaman*

Dhaggeeffattootaa, akkam bultan. Mee amma Gooftaa keenyatti haa dubbannu.

2 Yaa Waaqayyo Guddaa, uumaa waaqaa fi lafaa, akka Si waaqeffannu, ganama kana fedha kee Waaqarraan walitti nu qabde. Tarii nutis, Gooftaa, garaa keenya guutudhaan ofii keenya fedhe Kee Waaqummaatiif dabrsinee kennina akkasumas hojii Hafuura Qulqulluu keessa keenyatti, kan ati nu beeksisuu barbaadde hundi akka nuuf ta'uuf. Fedhiin keenya Kiristaanota fooyya'an ta'uu fi bakka bu'oota Kee ta'uu dha. Osoo nu'i Si eegaa jirruu, ganama kana Ati kana nuuf kennita, Maqaa Yesus Kiristoosiin. Ameen.

3 Taa'aa. [Namni tokko akkas jedhe, "Wayyaa kadhataa haa buufnuu?"—Gulaalaa.] Eeyyee. Ganama har'aa tajaajila Mootii guddichaa—keessatti, deebinee as jiraachuu keenyatti baay'ee gammanneerra. Akkasumas namootaaf kutaa ga'aa waan hin qabneef, nuti, deebinee, dhiifama gaafanna, garuu nuti qofa . . . Nuti haalota keessatti, waan gochuu qabnu hunda gochuuf yaalla.

4 Amma, asitti gaaffiiwwan kadhannaa baay'ee fi maarrabiiwwan dhiyaatan jiru. Anis yeroodhaaf gara moggaa tokkon irran isaan kaa'a; isaan dhiisaa hin jiru, garuu isaaniif . . . caalaatti . . . galgalas, ganama kanas, sana booda deebi'ee galgalas kadhachuun jaaladha, yeroo, sana booda fayyinaaf Hafuura Waaqayyoo nan kadhadha nan eegas. Yeroo sana maarrabootaa fi wantoota biroo irratti—kadhachuu barbaadu.

5 Gaaffiiwwan kadhannaa addaa ta'anis, Biiliin, tokko tokkoon, naaf kenneera. Isaan gara dhibba sadii ta'u, anis, yeroo sana biiroo dhaa akkan ba'eeni. Argitanii, ani ariitiin isaan argachuu danda'uttii, fi hunda, hangan danda'e bira nan ga'a. Hamman danda'etti immoo dafee nan nan argama. Hunda isaanii argachuu hin danda'u. Qofa akkan achi ga'een, tokkoo qabee, akkasin jedha, "Gooftaa, inni isa *kana*, moo isa *kana*?" Akkuma kana, hundi isaanii, gaaffii barbaachisoo, dhugaa, waan ta'aniifi; waa'ee kanaa, akka wajjin dubbachuu qabnu, homaa shakkii hin qabu. Ani . . . Immoo, beektuu, yeroo tokko tokko Hafuurri Qulqulluun waanan dubbisu muraasa, garaa koo keessa kan deddeebi'u dubbachuu danda'a; Gara sana deebi'ee deemee, hangan argadhutti achi nan barbaada. Ta'uu baannaan, akkasumatti isaan fudhadhu.

6 Amma, ganama kana, warra kutaawwan biyya biraa jiraniin immoo, akkasuma nagaa jechuu barbaanna. Ganama kana sarara telefoonaa keessa kan jiran firoottan keenya nagaa gaafachuu barbaanna, Magaalaa Niwu Yoorkitti; Biiwumonti, Teeksaas; Piriiskoot, Arizoonaa; Tuuksan, Arizoonaa; Saan Joosee, Kaalifoorniyaa; Konneektikat; Gaansviil, Joorjiyaa; fi Niwu Albaanii, Indiyaanaa; guutuu biyyaa kan jiran. Maqaa Gooftaa Yesusiin nagaa isin gaafanna.

7 Ganama kana, Indiyaanaatti, ganama gaarii dha. Halka edaa bokkaan roobee haala qilleensaa qabaneesse. Akkasuma nuti . . . Godoo qulqullaa'aan guutee jirra, namoonni hindinuu immoo, hawwii guddaadhaan, barumsaa Dilbataa eegaa jira. Anis eebbi Waaqayyoo badhaadhaan akka isin hunda irratti ta'u nan amana.

8 Hamma nuuf danda'ametti immoo, yeroo gabaabaa keessatti, karaa hunda keenyaa walitti finnu uumuu—akka dandeenyu, abdiin qaba, tarii dunkaana guddaa tokko jalatti, miirri dhugaa Macaafa Qulqulluu irraa Waciitii dhumaa Torba akkan lallabu na taasise.

9 Kanaaf amma, barumsa guddaa kana irratti ganama kana yeroo dheeraa hin fudhannu . . . Kun tajaajila keenya isa dhumaa ta'uu akka danda'u beekaa, "Ani maal dubbadhu?" jedhee yaaduudhaan, Gooftaa barbaadeera. Dhufaatiin Gooftaa baay'ee dhiyoo dha!

10 Ani argeera, Kaalifoorniyaatti erga raagni raagamee booda, manneen achi ala jiruu, fi bakkeewwan, sa'aatiitti saffisa inchii sodomaatiin yeroo liqimfamu, mukoonni yeroo babaqaqanii fi caccaban. Maal akka ta'aa jirus hin beekan. Dhuma irra jirra. Manneen doolara-kuma-dhibbaan lakkaa'aman, liqimfamaa jiru. Mata duree oduu gurguddoo, fi suurawwan galgala kana kanan fiduu barbaade gaazexaa irraa argeera, galgala kana as irratti waan tokko dubbachuun barbaada.

11 Achii immoo, galgala kana, warra dhukkubsataniif ni kadhanna. Waree boodaa, sa'a kudha tokko, kudha lamas ta'u, ykn yeroo kamuu koottaa. Namoonni yeroodhaan akka deebi'an, yeroodhaan jalqabna, kaardiiwwan kadhannaa keessan akka fudhadhattan, nan yaada. Akka fedha Gooftaatti, galgala kana namoota dhukkubsataniif ni kadhanna.

12 Amma, gaaf tokko asitti waanan dubbadheef deebii akkan kennu beekee, kadhannaan guutamee "Maal gochuun qaba?" jedhee ergan yaadee . . . Ganama kana Hafuurri Qulqulluun raajiidhaan akka nutti dubbatu, ykn akka nu beeksisu, nan murteesse. Argitanii? Tarii yeroo tokko tokko yoo nutti . . . Hin dubbatamne, wanti hunduu akkuma barame yoo ta'e, nuti waan beekuu qabnu dha, Hafuurri Qulqulluun namoota dhufan, akka akeekkachiifnu nuuf kenneera. Beektuu, Macaafni Qulqulluun akkas jedhe, innis, "Waaqayyo jalqaba osoo tajaajiltoota Isaa,

fi raajota Isaatti hin mul'isin homaa hin godhu." Akkasumas—Yesus wanta ta'uuf jiru, namoota akkamitti akka akeekkachiise; raajonnis waan ta'uuf jiru, namoota akeekakchiisaniiru. Amma sa'aatii guddaa nu jiraannu keessattis, inni nuufis ni ta'a, bara kam keessa akka jiraannu, akkasumas gammaachuu-. . . akkamii fi waan bara kana keessatti ta'u ilaaluufi. Kanaaf tarii mata dureewwan haaraa yeroo baay'ee dubbifne keessaa tokko, namootatti akkan dubbadhu ganama kana inni—gara garaa koo dhufe.

13 Amma Macaafa Qulqulluu keenya gara Maatiwoos boqonnaa 24tti haa deebinu, Sagalicha kutaa muraasa haa dubbifnu [Obboleessa Biraanhaam qoonqoo isaa qulqulleessa—Gulaalaa.] (Dhiifama.) haala qabiyyee barreeffama mata duree keenyaa—akka argannu nu gargaara.

14 Amma, akka barnoota Macaafa Qulqulluutti kana barsiisuuf deemna, suuta. Qubeessaa fi waraqaa keessan qopheeffadhaa. As irratti kan barreeffaman Caaffata Qulqullaa'aa baay'ee qabadheera, sana—yoo barreessitan gaarii dha. Kun kutaa barumsa Dilbataa ti, kanaaf yoo gara manaa deemtan dubbisaa, sun yeroo keessa jiraannu sana beekuu, fi akkaa of eeggannee qophoofnu nu gargaara.

15 Macaafa Qulqulluu Maatiwoos, [Obboleessi Biraanhaam qoonqoo isaa qulqulleessa—Gulaalaa.] (Dhiifama) lakkoofsa 24ffaa, ykn, boqonnaa 24ffaa, jechuun, lakkoofsa 15ffaa irraa eegalee, kutaa muraasa Sagalee Isaa dubbisuun barbaada.

> *Egaa inni jibbisiisaan iddoo qulqullaa'aa xureessu sun, inni Daani'eel raajichi waa'ee isaa dubbate arguuf jirtu, iddoo qulqullaa'aa* dhaabatee, *(namni kana dubbisu, haa hubatu:)*
>
> *Yommus warri Yihudaa* jiran *gara gaarotaatti haa baqatan:*
>
> *Namni bantii mana isaa—irra jiru waan manicha keessa jiru fudhachuudhaaf gadi hin bu'in:*
>
> *Lafa qotiisaa inni jirus wayyaa isaa fudhachuudhaaf hin galin.*
>
> *Garuu dubartoota ulfaaf, fi warra hoosisaniif guyyoonni sun attam sodaachisoo dha!*
>
> *Baqachuun keessan yeroo gannaatti, ykn guyyaa dilbataatti akka hin taaneef kadhadhaa:*
>
> *Yommus rakkinni guddaan ta'uuf jira, rakkinni akkasiis jalqaba biyya lafaatii jalqabee hamma ammaatti hin taane, lakki, deebi'ees hin ta'u.*
>
> *Guyyoonni sun utuu gabaabbachuu dhaabatanii,* namni tokko iyyuu *hin fayyu ture: amma garuu warra fo'amaniif jedhanii guyyoonni sun gabaabbachuuf jiru.*

*Egaa yeroo sanatti namni, ilaa, Kiristoos as jira, ykn achi jira yoo isiniin jedhe; hin amaninaa.*

*Kiristoosonni sobaatii, fi raajonni sobaa,* ka'anii *milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee agarsiisu; yoo danda'ame, hanga, warra* fo'aman *iyyuu waallaalchisanitti ga'u.*

*Kunoo, Ani duraan dursee isinitti himeera.*

*Kanaafis, Kunoo, inni lafa onaa keessa jira yoo isiniin jedhan; gadi hin ba'inaa: kunoo, mana keessa* gola *jira yoo isiniin jedhanis; hin amaninaa.*

*Akka bakakkaan ba'a biiftuutti ba'u, hamma lixa biiftuutti ibsu; dhufni Ilma namaas akkasuma in ta'a.*

*Raqni iddoo jirutti, goggocoroonni wal ga'u . . .*

16 Amma, mata dureedhaaf, lakkoofsa 24ffaa irraa fadhachuun barbaada, kun ganama kana barumsa Dilbataaf xiyyeeffannoo gochuufi. Yeroon irra deebi'ee dubbisu of itti dhiyeenyaan dhaggeeffadhaa, ammas.

*Kiristoosonni sobaatii, fi raajonni sobaa,* ka'anii *milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee agarsiisu; yoo danda'ame, hanga, warra* fo'aman *iyyuu waallaalchisanitti ga'u.*

17 Amma ganama kana mata dureen, ykn barreeffamni, caalaatti, fudhachuu barbaannu: *Namoota Bara Dhumaatti Dibaman* kan jedhu dha. Mata duree, ykn barreeffama ani irratti dubbachuu barbaadu sun: *Namoota Bara Dhumaatti Dibaman*.

18 Bara dhumaa keessa akka jirru nan amana. Hundumtuu akkasuma jedheen yaada . . . Dubbisaan Caaffata Qulqullaa'aa, ykn namni—amanaan tokko, amma dhuma seenaa biyya lafaa irra akka jirru beeka. Namni isa dubbisu tokko waan hin jirreef, barreessun bu'aa hin qabu. Bara dhumaa irra waan jirruufi. Yoom akka ta'e, hin beeku. Hangam akka turu, Ergamoonni Waaqaa illee daqiiqaa ykn sa'aatii sana hin beekan. Garuu Gooftaan Yesus akkuma nutti hime, kunoo, amma yeroo wantoonni kun raawwatamuu jalqaban, fayyinni keenya waan dhi'aateef mataa keenya ol qabachuu qabna. Amma, "dhi'aatera" jechuun maal jechuu akka ta'e, ani hin beeku. Tarii jechuun . . .

19 Beekaan saayinsii yeroo darbe, televizyiinii irratti akkuma jedhan, dheerina maayiloota-kumaatti-lakkaa'aman kan qabu kutaan lafaa akka liqimfaman dubbatan. Yeroo darbe waa'ee Los Anjalas Daangaa Dhihaa, gaaffiin gaafatamee ture, "Inni liqimfamuu danda'aa?" Baay'een keessan isaan akkamitti akka raadariin hordofan immoo argitaniittu, hanga gadiitti hanga Saan Jooseetti adda citee . . . akka deeme, gara Allaaskaatti ce'ee, karaa Odolawwan Aluushiyaa, hanga lafa maayilii dhibba lama gara bishaaniitti ce'ee, gara Saan Diyaagotti deebi'ee,

Los Anjalas duuba naanna'ee, gamatti ce'ee, achi ga'uu isaa argitaniittu.

20 Akkasumas kirkirri lafaa kun hundi nurra ga'aa kan ture dho'insi lafaa kunis tarsaasee, achi keessatti, waan rukutuufi dha. Ani maqaa isaan—moggaasan waamuu hin danda'u. Haa ta'u malee, sun yeroo raafamu, kirkira lafaa waggootaaf Qarqara galaana Dhihaatti kan nu muudate fida. Amma naannoon isaa hundi baqaqeera. Saayintistoonnis akkas jedhan, tokko . . .

Namichi nama biraan akkas jedhe, "Sun kufuu danda'aa?"

Innis, "Dhuguma ni ta'a, 'ni danda'a' qofaa miti" jedhe.

Akkas jedhe, "Tarii, garuu dhaloota keenya keessatti hin ta'u mitii?"

Akkas jedhe, "Daqiiqaa shan itti aanu keessatti, ykn waggoota shan itti aanu keessatti. Yoom akka ta'e hin beeknu."

21 Torbee kana, barrulee irratti mata dureen tokko naaf ergamee ture, manneen gurguddoo doolaara-kuma-dhibbaa yeroo tatarsa'anii fi caccaban, namoonni baqachaa jiru. Akkasumas akkamitti akka dhaabuu qaban hin beekan. Karaan isa dhaaban hin jiru. Argitanii, Waaqayyo Inni waan barbaade gochuu danda'a, akkamitti akka hojjetu eenyullee Isatti himuu hin danda'u.

22 Isin manneen ni ijaartu, waan saayinsawaa ta'e ni gootu, Waaqayyo immoo Uumaa saayinsii ti. Akkamitti Isa dhaabsisuu dandeessuu? Inni galgala kana yoo barbaade lafa tafkiidhaan balleessuu ni danda'a. Beektuu, Inni dubbatee tafkiiwwan akka jiraatan gochuu danda'a, isaanis sa'a walakkaatti lafa maayilii afurtama gadi fagaate guutuu danda'u, argitanii, hin jiru . . . namootas lafa irraa nyaatanii balleessuu danda'u. Inni Waaqayyo dha. Inni waan fedhe qofa Inni ni raawwata. Ofii Isaa, Inni hundaa oli.

23 Amma, ragaa walitti qabamaa kana hunda yeroo ilaallu, yeroon amma keessa jirru, Chaappaawwan waan banamaniif, wantoota kana kakaasanii isaan shaakaluunis gaarii dha jedheen yaada, ayyaana Isaan, wantoota kana nutti agarsiisuuf, Waaqayyo amanamaa akka ta'e, dhugaa wantoota kanaa arganne.

24 As Maatiwoos 24 irratti, Yesus jecha "Kiristoosota," C-h-r-i-s-t-s, "Kiristoosota" jedhu akka fayyadame yaadadhaa. Kiristoos miti, garuu "Kiristoosota," baay'ee, qeenxee miti. "Kiristoosota." Kanaaf, jechi *Kiristoos* jedhu "Isa dibbame" jechuu dha. Ergasii yoo "kan dibaman" jedhame, tokko qofa miti, kan dibaman baay'ee, "kan dibaman" ta'u. Argitanii?

25 Yoo akkas hin taane, guddatus xiqqaatus akka hubannu yoo barbaade Inni addaan qoqqoodee dubbata ture, Innis, "Namoonni dibaman, bara dhumaatti sobdoonni ni ka'u" jedhe. Amma, jechi "isa dibame" jedhu, kun waan hin danda'amne

fakkaata, ilaalaa. Garuu jechoota itti anee jiru hubadhaa, "raajota sobaa," p-r-o-p-h-e-t-s, lakkofsa baay'ee.

26 Amma, *isa dibame,* jechuun, "ergaa kan qabu" jedhuu dha. Ergichi kan darbuu danda'u immoo nama dibame qofaan yoo ta'u namni sun *isa dibame*, fi raajii kan ta'e, isa dibamee, "barsiisonni dibaman, sobdoonni ni ka'u." Raajii jechuun ergaan maal akka ta'e kan barsiisu dha. Barsiisota dibaman, garuu barumsa sobaatiin kan dibamanii dha. Kanneen dibaman, "Kiristoosota," lakkoofsa baay'ee; "raajota," lakkoofsa baay'ee. Lakkoofsi baaqqeen, a—a Kiristoos wanti jedhamu yoo jiraate, namoonni kaan immoo "kan dibaman," ta'uu isaanii ti. Hanga namoonni kun kan dibame, ykn kan dibaman ta'anitti, garaagarummaan isaan gidduu jiru raajii isaan barsiisan qofa dha.

27 Amma, kun barumsa saanday skuulii Dilbataa ti, Caaffata Qulqulluu dhaan, sirriitti—agarsiisuu barbaanna, waan namni biraa dubbatuun miti, garuu Caaffatoota Qulqulluu dubbisuu qofaan ta'a.

Isin tarii akkas jettu, "Kun akkamitti ta'uu danda'a? Warri dibaman hoo . . .? Maal turan?"

"Kiristoosota," C-h-r-i-s-t-s. "Kiristoosota dibamanii, fi raajota sobaa." Kan dibaman, garuu raajota sobaa!

Yesus, sana, "Bokkaan qajeelotaafis jal'ootaafis ni rooba" jedheera.

28 Amma, namni tokko akkas naan jedha ta'a, "Dibamuu namoota sanaa jechuun dibamuu Hafuura Qulqulluu ti jettanii amantuu?" Eeyyee, fira koo, Hafuura Waaqayyoo dhugaatu irra bu'a, garuu namichi ammallee sobaa dha.

29 Amma callisaa dhageeffadhaa waan Inni jedhes ilaalaa. "Yoo danda'ame namoota Fo'aman akka wallaalchisaniif, milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee in agarsiisu." Isaanis Hafuura Qulqulluu isa dhugaatiin dibamaniiru. Kun gowwummaa akka fakkaatu nan beeka, garuu yeroo fudhannee akkasumas Sagaleedhaan isa ni ibsina, guutummaan guutuutti GOOFTAAN AKKAS JEDHA, sun Dhugaa dha.

30 Amma, Macaafa Qulqulluu keenya daqiiqaa tokkoof, Maatiwoos boqonnaa 5ffaa haa bannu, lakkoofsa 45ffaa irraa—eegalla, Caaffatoota Qulqulluu kana yeroo muraasa yoo dubbifamu haa ilaallu. Achii, erga as geenyee booda, maaliif, isinii kennina . . . Kanaaf isin, hunda dubbisuu yoo hin dandeenye, Macaafa Qulqulluu waan qabdaniif; isinis erga nuti asii—deemnee booda Macaafni Qulqulluun waa'ee isaa maal akka jedhu, mananitti—galtanii dubbifachuu dandeessu.

31 Amma yeroo fudhannee, bu'uura dhugaa—argachuu haa yaallu, sababni isaa as irratti waan ajaa'ibaa dubbata. Hafuurri

Qulqulluun akkamitti barsiisaa soba dibuu danda'aa? Garuu Yesus kun akka ta'u dubbateera.

Amma, Maatiwoos, boqonnaa 5ffaa, laakkoofsa 45, haa dubbifnu. Xiqqoo—ol siqnee, lakkafsa 44 irraa, eegalla.

> *Garuu isiniiinan hima, diinota keessan Jaaladhaa, warra isin ari'atanis eebbisaa, warra isin jibbaniif waan gaarii godhaa,. . .warra isin jibbanii fi isin hari'atan* sanaaf, *kadhadhaa;*
>
> *Kana yoo goota ijoollee Abbaa keessanii isa waaqa irra in taatu: innoo aduu isaa warra hamootaa fi warraa . . .gaggaariidhaaf in baasa, bokkaa isaas warra qajeelotaa fi . . .warra jal'ootaaf in roobsa.* (Bokkaan akkuma warra qajeelotaaf roobu warra hamootaafis ni rooba.)

32 Amma kanatti fufee, kana wajjin walitti dhufeenya kan qabu raajii biraa, gara Ibiroota boqonnaa 6 haa deemnu, as irratti lakkoofsa itti-fufu argachuuf, Phaawuloos isuma Yesus dubbate sana gara sammuu keenyaatti fida, kan dubbatu, Phaawuloosi. Kana osoo adamsaa jirtanii . . .Isinis sarara tamsaasa irra kan jirtan, dhaqaati macaafa Qulqulluu keessanii, fi yaadannoo keessan qabadhaa ammuma ilaalaa. Ibiroota, boqonnaa 6 irraa, Phaawuloos namoota Ibirootaaf yeroo barreessu, gaaddidduu fi fakkeenyota agarsiisaa, amantii Yihudummaa irraa gara Kiristaanummaatti fiduudhaan, wantoonni moofaa ta'an hundi gara fuulduraatti wantoota dhufaniif fakkeenya ta'uu isaanii agarsiisa. Phaawuloos, Ibroota 6 dubbachaa jira.

> *Kanaafis koottaa dubbii waa'ee Kiristoos* (C-h-r-i-s-t, lakkoofsa baaqqee) gara *jalqabaa dubbachuu dhiifnee, gara barsiisa isa warra ga'aniif kennamuutti darbina; nuyi hojii* gara *du'aatti geessu irraa yaada . . .garaa geeddarachuu, waa'ee Waaqayyootti amanuus deebinee hundee barsiisichaa kaa'uuf miti.*
>
> *Barsiisa . . .waa'ee cuuphaa, waa'ee harka nama irra kaa'uu, waa'ee ka'uu warra du'aa du'anii, waa'ee firdii bara baraa keessa hin deebinu.*
>
> *Yoo Waaqayyo* jedhes, *nuyi isa kaanitti darbuuf jirra.*
>
> *Isaaniif takkaa ifeeraaf, isaan kennaa waaqa irraa miyeeffataniif isaan deebisuun hin danda'amu, Hafuura Qulqulluuttii hirmaataniiru,*

33 Daqiiqaa muraasa xiyyeeffannoo keessan harkisuun barbaada. Hubattaniittuu? Sunis "kennaa"; jedha malee "kennaawwan, hirmaattota kannaawwan waaqarraa hin jedhu"; garuu, "kennaan waaqarraa," qeenxee dha; "Kiristoos," qeenxee; "kennaa," qeenxee dha.

> *. . .kennaan waaqarraa, akka* Hafuura *Qulqulluu irraa . . .hirmaatan taasise,*

*Gaarummaa dubbii . . . Waaqayyoo, warra mi'eeffatan, . . .* (maal mi'eeffatan?) . . . *dubbii Waaqayyoo,* humna *bara isa dhufuuf jiruu,*

*yoo garagalan, deebi'anii yaada garaa geeddarachuudhaaf haareffamuu hin danda'an; isaan ofuma isaaniitii Ilma Waaqayyoo deebisanii fannisaniiru, mul'inattis isa tuffachiisaniiru.*

*Lafti,* (na dhaggeeffadhaa) *bokkaa . . . yeroo baay'ee irratti roobu dhugee, biqiltuu warra qatameefiif waa'ee baasu* biqilchu, eebba *Waaqayyoo in argata:*

*Qoraattii fi baaalawaraantee yoo baase garuu . . . abaaramuuf jedha malee, homaa dhiimma hin baasu; dhuma irrattis in gubama*

34 Amma sana Maatiwoos 5:24 wajjin lammata wal bira qabaa. Hubadhaa, Yesus akkas jedhe bokkaa fi aduun lafa irratti dhufan, sun Waaqayyoo namoota lafatiif nyaataa fi wantoota biroo qopheessuuf isaaniin gadi buusa. Bookaan biqiltootaaf, nyaata isaaniif ergama. Garuu aramaan, inkirdaadni, bakkee waan ta'eef, waan wal argatu. Bokkaa wal fakkaataa qamadiin akka guddatu godhu sun aramaanis akka guddatu godha.

35 Namoota Pheenxeqoosxee yeroo jalqabaatiif yeroon arge, barumsa akka kanaa yeroo tokkottin argadhe! Innis anaaf barnoota guddaa ture. Namoota laman arge, tokko . . . Kana dura afaan haaraa dubbatamu takkaa dhaga'ee hin beekun ture. Tokko afaan haaraa dubbata, inni biraa ni hiika, ykn- garagalchaan. Dhuguma immoo dubbatu turan, akkas jedhu, "Galgala kan namoonni qalbii diddiirrachuu qaban baay'etu jiru. Dubartoonnis dhiironnis jiru, lachuu." Namoonnis ka'anii gara iddoo aarsaa dhaqu.

"Akkam guddaa dha," jedheen yaade!

36 Kennaa Hafuura Qulqulluu xiqqoo ani qabu sanaan, namoota nan dubbise, qofa, beektuu, kennaa gargar baasuun, maal akka ta'e qofa baruufani. Isaan keessaa immoo tokko Kiristaana dhugaa ture, innis tajaajilaa Kiristos isa dhugaadha ture, inni biraa immoo of tuulaadha ture. Isaan keessaa, inni of tuulaa ture sun, dubartii-mataa gurraacha qabdu haadha manaa qaba ture, dubartiin mataa warqee fakkaatu qabdu wajjin ni ba'a galas ijoollees irraa argateera. Tole, ifaan mul'ata waan ta'eef; ganuun hin danda'amu. Aniis waa'ee dhimmichaa haasofsiisaan ture. Innis na ilaalee karaa gamoo naanna'e.

37 Ani qofa, amma nan burjaaja'e. Ani gara waltajjii ergamootaa waanan dhufe natti fakkaate, tarii waltajjii seexanootaa akka hin taanen jedhe. Kun akkamitti ta'a? Inni Naaf galuu hin dandeenye. Akkasumas baroota hedduuf harka koo maradheen taa'e, gaaf tokko garuu . . .

Joorj Ismiiz, mucaa koo dubaraa wajjin kan deemu, bakka kadhannaaf deemnu gara bakka midhaan daakamu durii, kaleessa waliin deemnee turre.

38 Guyyoota hedduu ergan achi turee booda, Hafuurri Qulqulluun Caaffata kana deebisee naaf kenne: “Bokkaan yeroo baay’ee kan dhufu biqiltuu irratti biqilchuuf lafa huwwisa, garuu qoree fi arangamaais bokkuma sanaan jiraatu, garoo dhumni isaa gubachuufi.” Burqaa Waaqayyoo jireenya-kennuun jireenya wal fakkaataa jiraatu. Sana booda nan hubadhe, “isaaniin,” “Yesus, “firii isaaniin beekamu,” jedhe.

39 Kanaaf, amma, bokkaan biqiltoota uumamaa lafaa irraa irratti kan gadi roobu, sun fakkeenya bokkaa Hafuuraa Jireenya Bara Baraa namaaf kennuu ti, isumatu Waldaa irratti rooba, nutis bokkaa duraa fi bokkaa boodaa jennee waamna. Bokkaan kun, Waldaa Isaa irratti, rooba Hafuura Qulqulluu ti.

40 Hubadhaa, asitti inni waan keessummaa dha. Argitanii? yeroo sanyiin gara lafaatti faca’u, hangam achi keessa yoo seenan illee, isaan jalqabumaa irraa qoree turan. Garuu qamadiin lafa irratti facaafame, akkasumas biqiltuun lalise, jalqabuma irraa warra biqiltuu turani dha. Akkasumas biqiltoonni deddeebisanii, ofiin kan horan, isaan jalqabumaa hundee irra akka turan agarsiisa.

41 “Isaan yoo danda’ame warra Filataman illee waallaalchisu,” ‘waan bokkaa wal fakkaataa argataniif, eebba wal fakkaataa argatu, mallattoo wal fakkaataa agarsiisu, dinqii wal fakkaataa. Argitanii? “Yoo danda’ame isaan ni wallaalchisu, ykn warra Filataman wallaalchisu.” Amma, qoreen ani qoreen ta’a jechuu hin danda’u, qamadiinis ani qamadiin ta’a jedhuu hin danda’u; Uumaan duraan dursee waan murteesse dha. Warra Filataman jechuun kana dha. Bokkaa wal fakkaataa!

42 Aduun ganamaan baati akkasumas lafa nuti jirrutti guyyaa nuti jirru irratti, akkuma ture lafa irratti tamsaati. Aduunis, aduun isheen gara Bahaatii baatu kun ishee gara Dhihaatti lixxu waliin tokkuma. Aduun sunis lafa irratti kan ergamteef, qaamni keenya kan irraa hojjetame midhaan akka biqilchuufi dha.

43 Nuti wanta du’een jiraanna. Karaan isin jiraachuu dandeessan kana qofa. Isin guyyaa guyyaan jiraachuuf, wanti uumamaa, yoo du’uu qabaate egaa inni dhugaa miti yoo keessan—qaamni jireenya uumamaa jiraachuuf, wanti tokko du’uu qaba erga ta’ee, egaa hafooraan, jireenya hafuuraa keessan oolchuudhaaf, Wanti tokko du’uu qaba. Waaqayyos, nuyi jiraanyatti, akka jiraannu, foon uffatee du’e. Addunyaa irratti Waaqayyo malee kan isin oolchu danda’u hin jiru, waldaan biraa hin jiru. Karaa ittiin jiraatan kana qofa.

44 Amma Caaffata Qulqulluu haa dubbifnu. Yesus Sagalee dha. “Jalqaba Sagaleen ture. Sagaleen immoo foon ta’ee akkasumas nu gidduu bule. Jalqaba Sagaleen ture, Sagaleenis Waaqayyo

bira ture. Sagaleen immoo foon ta'ee, akkasumas jiraates, nu gidduus bule." "Namni Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'uun malee," foon isaatiif, "akkasumas biddeena qofaan hin jiraatu." Sana booda, argitanii, nuyi Sagalichaan jiraanna, innis Waaqayyoo dha.

45 Amma aduun dhuftee midhaan bicheessiti. Amma, yeroo tokkotti hunda waliin ga'uu hin dandeessan. Guddachaa yoo deemu, bilchaachaa, guutuu ta'ee hamma ga'utti guddata.

46 Har'as, Waldaa keessatti, akkasuma. Kan eegalames xinnummaa isaatti, bara dukkanaa, yeroo lafa jala turetti dha. Inni amma gara bilchinaatti guddateera. Waaqayyoo yeroo hunda uumama keessaan, guutummaatti, arguu dandeenya . . .

47 Uumama dabsuu hin dandeessan. Rakkoon barichaa kanuma. Boombota darbanna, galaana keessatti, boombii atoomikiitiin naannoo sana caccabsinee isa dhodhoofna. Balficha isin yeroo hunda daddeebitanii ni darbattu, gara keessaattis ni gattu. Isin mukootas ni murtu; oboboleettiin isin fudhata. Lagicha ni hiitu; achii gubbaa irra ni yaa'a.

48 Waaqayyo wantoota karaa ittiin raawwatu qorattanii isaan dhaabachuu qabdu. Namoota waldootaa fi dhaabbilee amantii keessatti miseensota gooneerra; bu'aa keenya ilaalaa! Karaa Waaqayyo qopheesse irra jabaadhaa dhaabadhaa.

49 Garuu, argitanii, gara mata duree keenyatti yeroo deebinu, "qajeelotaa fi hamoota irratti," "Inni bokkaa ni erga." Yesus Maatiwoos 24 irratti, bara dhumaatti mallattoon akka ta'u, har'a isinitti hima.

50 Amma, mallattoon kun kan beekamu dhuma irratti erga ta'ee, banamuu Chaappaawwanii booda ta'uu qaba. Argitanii? Inni mallattoo bara dhumaa ti. Sun ni ta'a, wantoonni akkanaa yeroo raawwataman, inni bara dhumaa ta'a. Akkasumas mallattoon ni ta'a, amma, kanaaf warri Filataman wantoota kanaan hin burjaaja'an. Argitanii? Achii, kan mul'ate, kan argame ta'uu qaba.

Hubadhaa, qamadii fi aramaan lachuu Dibata Waaqa irraa wal fakkaatuun jiraatu. Lachuu Isa kanatti gammadu.

51 Ani kana nan yaadadha, guyyaa sana Girriin Miil irratti fakkeenya ture deebi'ee nan yaada dha. Ani—mul'anni sun yoo dhufun arge. Kunoo lafa guddaas turte, isheen immoo sirriitti bullooftee turte. Jalqaba, kunoo Facaasaan duraa dhufe. Sana isin duratti agarsiisuun barbaada. Ilaalaa waan jalqaba dhufu, sana booda waan itti fufu. Namichi uffata adii uffate sunis lafa irratti, sanyii facaasuu dhufe, sana booda Isa duubaan namni tokko dhufe, uffata gurraacha uffatee, baay'ee qal'aa kan fakkaatu, Isa duuba dhokachaa, aramaa facaasa ture. Wanti kun immoo yeroo ta'u, booda midhaanonni lachuu biqilaniin arge. Yeroo biqilan, tokko qamadii ture kaan immoo aramaa turan.

52 Achitti immoo hongeen dhufe, sun yeroo, isaan lamaan mataa isaanii gadi qabanii bokkaa argachuuf, boo'aa waan kadhatan fakkaatu ture. Sana booda lafa irratti duumessi guddaan dhufee, bokkaanis roobe. Qamadichi biqilee akkas jedhe, "Galata Waaqayyoo! Galata Waaqayyoo!" Aramaawwanis ol jedhanii sagalee ol kaasanii, "Galata Waaqayyoo! Galata Waaqayyoo!" Bu'aa wal fakkaatu ture. Lachuun isaanii baduuf jiru, lachuu du'aa turan. Sana booda immoo qamadiin guddatee ni dheebote. Kunis lachuu qonna tokko irratti, bakka biqiltuu wal fakkaataa irratti, iddoo tokko, ashandaa tokko jalatti, qamadiis ta'ee aramaan kan biqilan sababa waan wal fakkaataani. Hubadhaa, qamadiis aramaas kan biqilchu bishaan dibataa wal fakkaataa sana dha.

53 Waldaa kan dibu Hafuuruma Qulqulluu sana, fedhii lubbuuwwan oolchuu kan namaaf kennu, dinqiiwwan gochuuf kan humna kennu, Inni warra jalloota irrattis qulqulloota irrattis ni bu'a. Hafuuruma tokkicha! Amma, Maatiwoos 24:24 karaa biraan hubachuu hin dandeessan. Inni akkas jedhe, "Kiristoosonni sobaa ni ka'u," sobdoota, dibaman. Kan dibaman Waan dhugaa ta'eeni, garuu raajota sobaa Isaa kan ta'an, barsiisota sobaa Isaa kan ta'an.

54 Namni tokko Dhugaa waan ta'e tokko barsiisaa sobaa akka ta'uuf kan kakaasu maali? Amma daqiiqaa muraasa keessatti gara mallattoo bineensichaatti ceena, sun immoo dhaabbata amantii akka ta'e argitu. Argitanii? Barsiisonni sobaa; sobaan dibaman. Kiristoosota dibaman, garuu barsiisota sobaa. Karaan isa ilaaluu dandeessan karaa kana qofa.

55 Yeroo muraasaan dura akkuma asitti ture, kana kaaseera. Tarii guutuu biyyaa keessatti walitti hidhamnee waan jirruuf kaasuun qaba ta'a. Guyyaa tokko hiriyaa koo wajjin osoo dubbannuu, ha'a ganama Arizoonaa irraa, dhufa. Innis iddoo qonnaa a—muka komxaaxxee qaba ture. Achitti immoo inni muka burtukaanaa firiiwwan wayinii, fi loomii, taangaarinii, mandarinii kan godhatu qaba ture. Muka tokko irras firiiwwan gosa adda addaa meeqa akka jiru dagadheera. Anis a—a—namichaan, akkasin jedheen, "Inni maali? Muka akkamiiti?"

Innis, "Muka dha, innis, muka burtukaanaa ti" jedhe.

Anis, "Firiin wayinii maal isa irraa godha? Loomiis maa of irratti qabate?"

Innis, "Isaan isa irratti diqaalomaniiru."

56 Anis, "Naaf galeera. Tole, amma," akkasin jedhe, "amma, bara dhufu mukti kun firii biraa yeroo buufatu," isaan hunduu yeroo tokko bilchaatu, itti fufeen akkasin jedhe, "sana booda burtukaanonni hunduu firii godhatu. Inni yoo muka burtukaanaa ta'e, firii burtukaanaa godhata, mitii, fira koo?"

Innis, "Lakki, fira koo. Dameen murame hundi firii gosa isaa godhata."

Anis, “Dameen loomii muka burtukaanaa kana irratti firii loomii argamsiisa jechuu dhaa?”

Innis, “Eeyyee, fira koo” jedhe.

“Mukti wayinii kun muka burtukaanaa irratti firii wayinii buusaa?”

Innis, “Eeyyee, fira koo. Sun uumama damee isa itti diqaalomee dha” jedhe.

Anis, “Galanni Waaqayyoof haa ta’u” jedheen!

Innis, “Maal jechuu keeti” jedhe?

Anis, “Gaaffii dabalataa tokkon qaba. Amma, mukti burtukaanaa kun deebi’ee burtukaana buufataa?”

57 Innis, “Yoo damee biraa baafate” naan jedhe. *Inni* yeroo damee biraa baafatu malee, damee gubbaa irratti diqaalomeen miti. Garuu, hundi isaanii firii komxaaxxee dha, isaan hundi immoo jireenya muka homxaaxxee keessa jiruun jiraatu.

58 Akkasin jedhe, “Ilaalaa mee! Warri Meetoodistii Meetoodistoota godhatu, yeroo hunda. Warri Baaptistii Baaptistoota godhatu, yeroo hunda. Kaatoolikoonni Kaatolikii godhatu, yeroo hunda. Garuu Waldaan Waaqayyoo jiraataan hundee irraa Kiristoos buufatti, Sagalichi yeroo hunda, yoomiyyuu inni wayinii ofii Isaa kan biraa yoo buuse.”

59 Amma, isin achitti diqaalomsuu dandeessu, argitanii. Tokkoon tokkoon firii wayinii, loomiin, mandariinii, taangariinii, firiiwwan komxaaxxee achi jiru kamiyyuu, hundumtuu muka sana keessa jiraachuu danda’u; garuu waa’ee mukaa sobaan dhugaa ba’uudhaan, muka biraa jiraachaa turan. Argitanii? Isaan jireenya dhugaa muka sana keessa jiruun guddachaa akkasumas dagaagaa jiru.

60 Amma, Maatiwoos 24:24 irratti, Jireenya tokko jiraachaa, garuu isaan jalqaba irratti, sirrii hin turre. Isaan Muka sana irratti sobaan dhugaa ba’u! Inni muka burtukaanaa ti, ta’us inni muka komxaaxee ti. Isaanis akkas jedhu, “Waldattiin kun, dhaabbanni amantii kun dhugaa ba’umsa Kiristoos qabdi.” Cuuphaa sobaa, dhugaa ba’umsa Sagalee sobaa warra qabani dha, humni Waaqayyoo duuka buutota qofaafii jechuu yaalu?

61 Yesus, ofii Isaa, akkas jedhe, “Gara biyya lafaa hunda dhaqaa Wangeelas lallabaa damee hundumaaf. . . kan mukichi biqilchu hundumaaf, damee mukicha irra jiru hundumaaf. Mallattoowwan kunis dameewwan dhugaa ta’an ni hordofu.” Hanga eessaatti? Hanga Muka ta’etti, hanga Inni dameewwan baafatutti, hanga dhuma biyya lafaatti. “Isaan Maqaaa Kootiin seexana baasu; afaanota haaraa dubbatu; bofa ni qabu; waan nama ajjeesu ni dhugu; harka isaanii dhukkubsatoota irra kaa’u isaanis ni fayyu.” Bara keessa jiraannu argitanii? Yesus waan jedhe argitanii?

Yaadadhaa, kun yeroo dhumaatti ture, yeroo Wesilii fi sana dura hin turre. Amma, bara dhumaa irratti, kun ni raawwatama.

62 Amma Caaffatoota Qullaa'aa ilaalaa; Isaan dhugaa haa ba'an. Yesus akkas jedhe, "Isaaniin Jireenya Bara Baraa akka qabdan yaaddu, ykn amantu Caaffatoota Qulqulluu qorattu, Isaanis waa'ee Koo Warra dhugaa ba'anii dha." Jecha biraatiin, mukti kun dameewwan yoo baafate…"Ani wayinii dha, Mukicha; isin dameewwani dha. Inni Natti amanu, hojiiwwan Ani hojjedhu hundumaa hojjeta," Qulqulluu Yohaannis 14:12.

Amma, "Inni Natti qabamee jiraatu sun, inni…jalqabuma hidda Koo keessa kan turee dha."

63 Sababni Yesus Hiddaa fi Sanyii Daawit ta'eef sun kanaatifi. Inni Daawit dura ture, Daawit keessa ture, Daawit boodas ture, Hiddaa fi Sanyii Daawiti dha; Bakkalcha Barii, Arfaasee Saaroon, Daraaraa Dachaa, Alfaa fi Omeegaa; Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu dhas. "Guutummaan qaama Waaqummaa Isa keessatti mul'atee jiraata." Hidda Daawitii fi Sanyii!

64 "Ana keessa kan jiru, Inni Jireenya filatame, Jireenya dursee murtaa'e," Innis Sagalicha, "jalqaba irraa kaasee; inni yeroo dhufu, firiiwwan Koo godhata." Qulqulluu Yohaannis 14:12.

Garuu baay'een isaanii waan wal fakkaatuun jiraatu, Kiristaanotaa fi amantoota jedhanii of waamu. "'Gooftaa, Gooftaa,' kan jedhu hunduu, kan galuu miti."

Amma, kun baroota dhumaa keessatti raawwatamuu fi mul'achuu qaba, "yeroo icitiin Waaqayyoo xumuramu," yeroo xiqqoon booda akkuma arginu.

65 Mukoonni kun, wayinii dhugaa fi wayinii sobaa! Akkamitti akka wajjin guddatan, waggootaan dura, sana irratti yeroon lallabu na dhageessaniittu. Qaayinii fi Abeel, wayinoonni lamaan aarsaa irratti wal quunamuun, lamaanuu dhuunfaadhaan yeroo dhufan mul'atu; lachuu amantaa qabu, lachuu kan dibaman, lachuu jireenya barbaadu, akkasumas Waaqa tokko waaqeffatu. Inni tokko yoo gatamu inni biraan immoo fudhatameera.

66 Obboleessi fudhatama argate sunis waan obboleessa isaa irra adda ta'e gochuu kan danda'u karaan tokkichi: isatti mul'ateera. Macaafni Qulqulluun akkas waan jedhe, "Amantiidhaan…" Ibroota, boqonnaa 11ffaa irratti, "Abeel amantiidhaan aarsaa isa kan Qaayinii caalu dhi'eesse, Waaqayyo inni qajeelaa akka ta'e dhugaa baheefira."

Yesus, akkas jedhe, Inni Eenyu akka ta'e mul'ata hafuuraa! "Namoonni Ilma namaan eenyu jedhu?"

Innis, Pheexiroos akkas jedhe, "Ati Kiristoos, Ilma Waaqayyoo jiraataa ti."

67 "Siimoon—Siimoon, ilma Yoonaa; foon fi dhiigni kana siif hin ibsine, Ati eebbifamaa dha. Abbaa Koo Waaqa irra jirutu

sitti mul'ise. Kattaa kana irratti Waldaa Koo nan ijaara," (Maali?) mul'ata dhugaa Sagalichaa. Ammas Wayiniin dhugaa jira. "Abeel, amantiidhaan!"

Isin akkas jettu, "Inni mul'ata miti."

68 Amantiin maali? Amantiin waan sitti mul'atu dha; ammallee waan hin ta'in, garuu akka ta'uuf kan amantu. Amantiin mul'ata fedha Waaqayyoo ti. Kanaaf, mul'ata dha!

69 Har'as waldaawwan kiristiyaanaa illeee mul'ata hafuuraatti hin amanan. Isaan barsiisa seera doogmaa adda addaatti amanu. "Abeel mul'ataan aarsaa isa kan Qaayinii irra caala Waaqayyoof dhi'eesse, Waaqayyo qajeelaa akka ta'e dhugaa ba'eera. "Ameen. Hubattaniittu jedheen abdadha. Eessa akka jiraannu argitanii? Baricha argitanii?

Yeroo dhiyoo beekaa—a Kiristaanaa fi nama gaarii tokko wajjin, dubbachaan ture nama beekaa ture. Innis, "Obbo Biraanhaam, nuti mul'ata hunda hin fudhannu" jedhe.

Anis, "Egaa Yesus Kiristoosiin mormuu qabda, Inni mul'ata Waaqayyoo, Waaqayyo foon namaan mul'ate dha." Sana yoo argine, isin baddaniittu.

70 Yesus akkas jedhe, "Ani Isa akkan ta'e yoo hin amanne, cubbuu keessaniin ni duutu." Inni mul'ata Waaqayyoo ti, Hafuura Waaqayyoo bifa namaan kan mul'ate. Isin sana yoo hin amanne, baddaniittu. Isin Isa nama sadaffaa gootan, nama lammaffaa, ykn Waaqayyoo cinatti nama biraa, isin baddaniittu. "Ani Isa akkan ta'e yoo hin amanne, cubbuu keessaniin duutu." Mul'ata!

71 Isa arguu dadhabuun isaanii hin jaa'ibu. "Yoo Abbaan Koo isa harkise malee Eenyumtuu gara Koo dhufuu hin danda'u. Kan Abbaan Natti kenne hunduu," hidda isaan, "gara Koo dhufa." Argitanii? Hubattanii? Oo, akkamitti Isa jaallannaa, Isa faarsinaa, Isa galateeffannaa; guyyoota dhumaatti firii Hafuuraa arguuf, Mukti Misirroo immoo yeroo isaatti ga'aa jira!

72 Wayiniin dhugaa fi wayiniin sobaa, lachuu dibata wal fakkaataa argatan. Lachuu isaanii irratti bishaan roobeera. "Inni yoo danda'ameef Isaan Filataman iyyuu ni wallalchisa," jedhee nuun of eeggachiisuun Isaa nama hin dhibu.

Hubadhaa, wal fakkaatu. Dibbata wal fakkaataa dibaman. Garuu hubadhaa, akkamitti beektanii? "Firii isaan . . ."

73 Burtukaana akka hin taane akkamitti beektuu? Sababni isaa inni firii wayinii buusaa jira. Wayiniin sun sirrii dha, inni muka giddu jiraata, garuu inni firii wayinii buusaa jira. Inni akka duraa isaa miti.

74 Waldaan tokkos "Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis isuma ta'uu amante" yoo jettee amante, Humna Isaa, hojiiwwan Isaa, Dubbii Isaa immoo yoo gante; yoo—yoo . . . Waldaan Yesus Kiristoositti amantu, hojii Yesus Kiristoos

hojjetti yoo ta'e, isheen Jireenya Yesus Kiristoos qabdi. Garuu kun yoo hin taane, Jireenyi ishee irratti yoo dhangala'e illee homaa miti, hidda irraa kaatee, yoo murteeffamuu baatte, yeroo hunda isheen firii wayinii, ykn waan addaa tokko buufti ta'a. Jireenya dursee murteeffame yoo ta'e garuu, hidda irraa, inni Yesus Kiristoosiin kaleessa, har'a, bara baraanis ni buufata, inni yoo Sagalee Hiddaa irraa dhufu ta'e dha. Innis, jalqaba waan hundaa, Innis Hiddicha.

75 Hubadhaa, wanti isaan buusan garuu garaagarummaa isinitti hima. Yesus akkas jedhe, "Firii isaanitiin," "isaan beektu." Arangamaan kallattiin muka wayinii keessa yoo jiraate iyyuu, "Namni argamaa irraa wayinii hin sassaabu." Sun ta'uu ni danda'a ta'a, garuu firiin isaa nutti hima.

76 Firiin maali? Sagalee dha, firii-. . .barichaaf ta'uu dha. Barsiisa isaanii, sun kanuma dha. Barsiisa maaliiti? Barsiisa yeroo ti, yeroo akkamii akka ta'e. Barsiisa namaa, barsiisa dhaabbilee amantii, garuu, ykn Sagaleen Waaqayyoo kan yerichaa tii?

77 Amma, nuyi yeroo waliif kenninee akka hin obsine, yeroon baay'ee ariifata. Garuu akka hordofaa jirtan nan beeka, guutummaa biyyaa irra kan jirtanis, waanan jechuu barbaade akka hubattan nan beeka, sababni isaa as irratti yeroo balleessuu kan nu dandeessisu yeroo hin qabnu.

78 Garuu Dibatichi warra jalloota irratti barsiisota sobaa irratti bu'ee tarii arguu dandeessu, Waaqayyo akka raawwatan waan isaanitti hime sirriitti akka raawwatan taasisa; garuu maaluma iyyuu ta'u, ni taasisu. Maaliif? Homaa gochuu hin danda'an. Qoreen qoree malee akkamitti waan biraa ta'a? Bokkaan gaariin qoree irratti hangam yoo bu'e illee, qoree ta'uun hin oolle. Kanaaf Yesus akkas jedhe, "Isaan warra Filataman illee hamma wallaalchisanitti wal fakkaatu," hidda isaa jala kan jiru, "Osoo isaaniif danda'amee," garuu hin danda'amu. Qamadiin qamadii malee homaa ta'uu hin danda'u; kan ta'uu danda'u sana qofa.

79 Hubadhaa. Yaadadhaa, Waaqayyo jaarmiyaa hin uumne. Jaarmiyaa kan uume seexana dha. Ani Sagaleedhaan, ammas dedeebisee deddeebisee, mirkaneesseera; ganama kana gara sana dhaquu hin barbaadu. Waaqayyo gonkumaa namoota akkasitti walitti gurmeessuun, jaarmiyaa akka hin hundeessine beekna. Duuka buuttuun inni duraa erga du'e waggoottan dhibbaan lakkaa'amanii booda, jaarmiyaa 'jalqabaa hundeessan. Yeroo hunda kufaa akka ta'e mirkanaa'eera. Kun osoo soba ta'ee, Baaptistii, Meetoodistii, Pireesbaayiteeriyaanii, Kaatolikii fi nu hunda gidduutti, har'a maaliif jaalala dhabne? Hojii Waaqayyoo kan nu hin hordofne, achiis, waldaan hundi waan tokkotti, Sagalee irratti maaliif tokko hin taane? Namaa fi obbolummaa, kan gargar baassu isaan kana. . .Nuti waa'ee

waldaa osoo dubbannuu, yeroo kamiyyuu caalaa, Waaqayyo irraa fagaanneerra.

80 Amma, “Wantoonni kanaan dura ta’an hundinuu fakkeenyaaf, barsiisaaf, ifannaaf, gorsaaf keenyaaf ta’an,” jedhamee nutti himameera. Kakuu Moofaa keessa wantoonni dur raawwataman hundi, gaaddisoota dha, bara keenya keessa, Kakuu Haaraatti maaltu ta’uuf akka jiru arguufi dha.

81 Qofa harka keessan yoo argitanii hin beektan ta’e, isinis ol ilaaltanii keenyan irratti gaaddidduu yoo argitan, akkuma harki koo ifa irraa mula’tu. Gaaddidduu keessatti yoo quboota shan argitan (yeroo neegaativii), harka keessan immoo yoo sochooftan (poozativii ta’a) Gara—neegaativiitti, abbaan quba shaniitti mul’achuun isaa hin hafu.

82 Akkuma Macaafni Qulqulluun nutti himu, “Kakuu Moofaan gaaddidduu ta’uu isaa ti, fakkeenya wantoota haaraa, ykn wantoota dhufuuf jiran sanaa ti; wantoota dhugaa osoo hin taane, garuu inni gaaddidduu, fakkeenya wantoota dhufuuf jiranii dha.”

83 Mee duubatti deebinee wanti kun bara biraa keessa akka ture haa ilaallu. Ni feetuu? [Gumiin akkas jedha, “Ameen.”—Gulaalaa.] Kana gara duubaa fi gara duraatti, Sagalichaan; mirkaneeffachuuf, yaada nama gariin, yaada rimee tokko tokkon, akka hin taane beekna.

84 Eenyullee haa ta’u; nama biraas, ana ykn namni kamuu na hin dhibu, “Yoo bu’uura seeraa fi raajotaan hin dubbanne, Ifni isa keessa hin jiru.” Argitanii? Macaafni Qulqulluun kan jedhe kana. “Kan namaa hundi soba haa ta’u, kan Koo dhugaa haa ta’u,” eenyu haa ta’u.

Amma gara duubatti deebinee yoo kun ta’eera ta’e, akka fakkeenyatti agarsiisuuf haa ilaallu.

85 Amma duubatti deebinee Macaafa Keessa Deebii keessatti, waa’ee amala nama Musee jedhamuu dubbanna, Waaqayyo biraa raajii dibamee, gara bara dhaloota isaatti Dubbii Waaqayyoo fi fedha Waaqayyoon ergame ture. Dubbiin Waaqayyoo bifa itti fufiinsa qabuun akka deemu, Inni akkas jedhe, “Inni raajota Isaatti osoo Isa hin mul’isin Inni homaa hin godhu.” Sana booda Inni raawwateera. Uh-huh.

Amma, Inni sobuu hin danda’u. Inni sabee Waaqa ta’uu hin danda’u. Lakki, fira koo. Inni dhugaa ta’ee hafeera. Isa keessa sobnihin jiru. Inni . . .

86 Innis Isa hin jijjiiramu. Inni yoo jijjiirame, achii booda Inni Waaqayyo miti; Inni dogoggoreera. Inni kan hin dhuma hin qabu. Dhuma kan hin qabne immoo hin dogoggoru. Argitanii? Kanaaf Waaqayyo kan jedhe, sun Bara Baraan sirrii dha. Argitanii? Innis sana waadaa galeera. Kanaaf, ilaalaa, itti fufiinsa akka hin qabaane kan dhoowwu Macaafa Qulqulluu keessa hin jiru.

87 Amma, Waaqayyo Abrahaam sanyii isaa waggaa dhibba afuriif akka a—keessummaatti biyya ormaa keessa akka taa'an waadaa galeera, sana boodas Inni harka isaa jabaa fi guddaadhaan akka isa baasu, mallattoo fi dinqii Isaa namoota isaan gidduu jiraatan gidduutti agarsiise. Yeroon abdichaas ni ga'e. Namoonni waa'ee isaa dagataniiru. dhaabbilee amantii Fariisotaa fi Saaduqoota, kanneen biroos qabu turan. Garuu, hunda irra tasa, Waaqayyo kophaa achii dhufee achi keessaas, isaan kana hunda, alatti, isaan baase.

88 Waaqayyo gonkumaaa, bara kam iyyuu ykn yeroo kamillee, dhaabbata amantii keessaa raajii waamee hin beeku. Lakki, fira koo. Inni baay'ee jallaa dha, tole hin jedhu; inni dhaabbata amantii wajjin turuu filata.

89 Museen, Dubbii Waaqayyoo qabatee, nama Waaqayyo biraa ergame, deemichi isaa irrattis Isiraa'eel qabatee gara lafa abdachiifameetti deemaa osoo jiruu, seera Waaqayyoo jabeessee hordofaa, raajiin biraa isatti dhufe, namni biraa kan dibame kan dibata dhugaa qabu kan Hafuura Qulqulluu Musee irra tureen dibametu ture. Sun sirrii dha. Inni raajii ture. Hafuurri Qulqulluun nama kana irra ture. Maqaan isaa Bala'aam ture. Hundi keenya isa ni beekna. Tole, wantoonni isaa baay'een, wal fakkaata, wantoonni—namichi jedhe, ammayyuu raawwatamaa jiru, waggoota kuma lamaa fi dhibba-sadeet dura ture. "Yaa Isiraa'eel, ati akka gaafa qabuuti. Kan si eebbisu ni eebbifama. Kan si abaaru ni abaarama. Humni kee, jabaa dha, dunkaanonni kee akkam bareedu, Yaa Yaaqoob!" Argitanii, inni ofii isaa gargaaruu hin dandeenye. Inni kan dhufeef garaa isaatti yaadee namoota abaaruuf ture.

90 Oo, isin barsiisonni sobaa teeppota kana waggootaaf yoo dhaggeeffattan, Waaqayyo waan dubbate yeroo Inni mirkaneessu argitanii, qu'annaa keessa keessattis teessanii innis Dhugaa ta'uu isaa beektanii; sababa garaagarummaa dhaabbilee keessaniifis, isaaniin mormitu namoota keessaniinis akkas miti jettu. Wayyoo isiniif! Yeroon keessan dhiyaateera.

91 Bala'aam, Hafuuruma wal fakkaataa Musee irra tureen dibame. Garaagarummaan isaa maali? Barsiifni Musee mudaa hin qabu ture. Macaafni Qulqulluun Pheexiroos Isa Lammaffaa irraa, sun akkas jedhe "barsiisa Bala'aam" kan Isiraa'eel fudhatte, kan Waaqayyo dhiifama hin goone. Cubbuu hin dhiifamne! Tokkoon isaanituu fayyina hin arganne, eebba Waaqayyoo jalatti yoo dhufan illee, harki Waaqayyoo raajii jabaa kana wajjinis yeroo socho'u argan, innis Waaqayyoon mul'atee argan. Akkasumas, sababa, raajiin biraa barsiisa biraatiin dhufee, faalladhaan, Musee wajjin mormee, Museenis akka dogoggoraa ta'etti namootaaf mirkaneessuu yaale. Daataan, Qooree, warri kaanis, isa wajjin walii galanii ijoolleen Isiraa'eelis eejjummaa akka raawwatan barsiisan, jaarmiyaa akka hordofaniif, jechuun, "Nuti hunduu tokko dha."

"Meetoodistii, Pireesbaayiteeriyaanii, Baaptisti, ykn Pheenxeqoosxee, fi kan-biroos, nuti hundi tokko."

92 Nu tokko miti! Isin namoota adda baatanii, Waaqayyoof qulqullooftan, Sagalichaa fi Hafuura Waaqayyoof kan kennamtani dha, firii abdii Isaa guyyaa kanaa buusuudhaaf. Isin kan isaanii miti! Sun baay'ee cimaa akka ta'e nan beeka, garuu sun Dhugaa tokko dha. Bara dhumaa kana tajaajila tokkoof kan mortooftan! "Achi keessaa ba'aa."

93 Amma, raajii Bala'aam osoo hin taane, "Barsiisa Bala'aami dha." Kun sirrii dha. Kun Waaqayyoo dha. Meeqaa keessantu amana? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Raajiin Bala'aam sirriitti sirrii dha, 'sababni isaas inni waan biraa tokkollee dubbachuu hin dandeenye. Dibanni Waaqayyoo waan biraa homaa hin dubbatu ture, Waaqayyos Dhugaa ta'uu isaa mul'isee isa mirkaneesseera. Garuu inni "barsiisa Bala'aam ture."

Amma sana Maatiwoos 24:24 wajjin madaalaa. Kan dibaman, garuu barsiifni isaanii soba. Barnoota sadan sadummaa, wantoonni kun hundi; dogoggora, faallaa kiristoosi!

94 Miira keessan hin miine jedheen abdadha. Sana hin godhinaa, bilbiloota keessan cufuu. Kaataniis hin deeminaa. Qofa tasgabaa'aa taa'aa, mee Hafuurri Qulqulluus akka nuuf ibsu haa ilaallu, nuufis haa mirkaneessu. Akkas jettu, "Garuu sun. . ." Waan itti amantan kamuu, taa'a dhaggeeffadhaa. Waaqayyos akka garaa keessan banu gaafadhaa, achii arangamaa ta'uu keessan, ykn qoree ta'uu keessan, ykn bakka kam akka dhaabbattan ni hubattu. Argitanii?

95 Amma, Yihudaan illee, "badisni isa irra ga'u dursa murteeffamee," Yesus fuul dura dhaabatee ture. Yesus akkas jedheen, "Ati isa tokko dha. Waan barbaadde gochuuf deemta, waan gochuu qabdus, deemii dafii raawwadhu." Inni waan gochuuf ture beeka, garuu, isaaniif waa'ee saantimoota soddomaa, beekkamtii argachuuf, Gooftaa Yesus Kiristoos gurgurate. Ergamoota Isaa keessaa, maallaqa qabaa waldichaa, Yesus "hiriyaa" Koo jedhee waame. Argitanii? Macaafni Qulqulluun, akkuma Yesus Ilma Waaqayyoo ta'ee dhalate, "Inni ilma badiisaa ta'ee dhalate" jedheera. "Yoo danda'ameef warra Filataman illee ni waallaalchisu."

96 Yeroo qu'annu sirriitti hubadhaa. Macaafa Moototaa irraa, fakkeenya biraas ni fudhanna. Raajii tokkotu—ture, maqaan isaas Miikiyaas ture. Inni ilma Imilaa ture, innis raajii ture. Raajii ture.

97 Akkasumas raajii biraan tokko ture, geggeessaa jaarmiyaa raajotaa ture, namoota dibaman. Macaafni Qulqulluun isaan "raajota turan" jedheera, Inni akkuma Bala'aam raajii ture, kan dibaman.

Isaan keessaa tokko immoo maqaan isaa Miikiyaas ture, Waaqayyoon kan dibame fi Waaqayyoon kan ergame, Sagalee Waaqayyoon.

98 Waaqayyo biraa ergameera jedhee kan amanu, Sedeeqiyaas, kan jedhamu tokko ture. Inni Waaqayyoon dibamee ture, garuu barsiifni isaa faallaa Dubbii Waaqayyoo ture. “Kiristoosonni sobaa, ni ka’u, mallatto guguddaa agarsiisaa, yoo danda’an warra Filataman illee in wallaalchisu.”

99 Hubadhaa, isaan lachuu, lachuu dibamaniiru. Amma, sirrii fi dogoggora ta’uu, akkamitti beekuu dandeessuu? Ahaabiif Sagaleen kakuu kenname maal akka ta’e ilaalaa. Raajiin isa dura ture, Eliyaas kan jedhamu kun, Raajota gurguddoo barichaa keessaa tokko, inni Raajii mirkanaa’aa ture. Raajichi mirkanaa’e sun akkas jedhe, “Ahaab waan hamaa waan godheef, jireenya Naabootee waan fudhateef; saroonni dhiiga isaa in arraabu. Saroonni sun immoo Ilzaabeel in nyaatu, akkasuma . . . qaamni ishees dirree irratti ni faca’a.” Amma, kan Waaqayyo abaare akkamitti eebbiftuu? Ykn kan Waaqayyo eebbise, akkamitti abaartuu, akkuma Bala’aam jedhe? Argitanii?

100 Raajonni kun garaa isaaniitiin qajeelota turan. Namoota gaarii, kabajamoo akka turan shakkii hin qabu. Sababni isaa, Isiraa’eel keessatti raajii ta’uuf, kabajamaa ta’uu qabdu, ykn nama Isiraa’eel ta’uun dirqama. Yoo hin taane, dhagaan rukutamta, Isaan namoota kabajamoo turan. Namoota qaroo turan. Namoota baratan turan. Isaan namoota filatamoo, Ahaab turan. (Argitee, obboleettii Raayitii?) Namoota filataman, sirriitti kan ta’ani dha- . . .

Akkasumas amma, Miikiyaas yeroo mul’ata isaa arge, inni Dubbichi maal akka jedhu garaa isaatti beeka ture, garuu Hafuurichi keessa isaa ture maal akka jedhu arguu barbaadee ture.

101 Kanaaf akkas jedhanii, isatti himan, “Waan raajonni kun jedhan hunda atis dubbadhu. Ati immoo yoo kana goote, kunoo, siin, shakkii tokko malee, ammas, gara tokkummaatti si deebifna. Argitanii? Nu keessaa akka isa tokkoo si goona. Gara dhaabbata amantii keenyaa si geessina. Ati . . . Akka raajii taate beekna, garuu yeroo hunda wantoota abaarsaa dubbatta. Yeroo hunda Ahaab abaarta. Amma, Sedeeqiyaas, namichi geggeessaan, phaaphaasichi, ykn . . . ” eenyu iyyuu haa ta’u. “Amma inni Ahaabiin eebbise, ‘Dhaqii milkaa’i,’ jedhe. Amma atis Imilaa, waan wal fakkaatu dubbadhu. Maaliif, ati nama hiyyeessa. Ati gumii hin qabdu, guutummaatti, hin qabdu. Dargaggoonni kun immoo miliyoonota qabu. Biyyi guutuu kan isaanii ti. Amma atis waan wal fakkaataa isaan godhan dubbatta, waan gootu ilaali, ati—qabeenyaa biyyattii nyaatta.” Inni nama hin taanetti dubbataa jira!

Osoo akkas jedhamee, “Sedeeqiyaas irratti dogoggora argitee, Miikiyaas?”

“Lakki.”

“Yoo cubbuu hojjetu argitee beektaa?”

“Lakki.”

“Osoo nama arrabsuu argitee beektaa?”

“Lakki.”

“Osoo inni dhuguu qabdee beektaa?”

“Lakki.”

“Inni hin baranne jettee yaaddaa?”

“Lakki.”

“Barnoonni gigirii doktireetii isaa soba jettee amantaa?”

“Lakki.”

“Barnoonni—Ph.D isaa, rakkoo akka hin qabne amantaa?”

“Eyyee. Karaa Mana maree Saanhediriin, wanti hunduu . . . mana maree irraa, sirrii dha jedheen amana.”

“Tole, erga akkas ta’ee, maaliif isa wajjin walii hin galtuu?”

“Inni Sagaaleedhaan ala waan ta’eefi!”

102 Tole, egaa, akkuma Eliyaas raajichi kana dura ture, nuti agarsiisa qabna. Ijoollee Waaqayyoo yoo taatan, raajii Macaafa Qulqulluu kana wajjin taatu. Inni Sagalee dha. Yericha hubadhaa, waqtii isaa.

Tole, Sedeeqiyaas akkas yoo jedhe hoo, “Oo, raajichi akkas akka jedhe beeka. garuu sun dhaloota gara fuul duraatiifi. Har’aan booda yeroo dheeraadhaafii”?

Innis, “Hangan Waaqayyoo biraa mul’ata argutti eegaa, isinittan hima.”

Akkas jedhan, “Achii booda waan wal fakkaataa jettaa?”

Inni akkas jedhe, “Waaqayyo waan jedhun dubbadha; kan biraa hin dabalu, wanti biraa hin ta’u. Ani jecha tokko Isatti hin dabalu, ykn Jecha tokko Isa irraa hin hir’isu.”

Kanaaf halkan sana, kadhannaan, Waaqayyo mul’ataan gara isaa dhufe. Ganama itti aanu ba’ee, akkas jedhe . . .

Raajonni lamaanuu dhi’aatan!

103 Humna waraanaa fi ilaalcha biyyoolessaa keessatti, namni biyyattii guddaan, Sedeeqiyaas ture. Mooticha biratti, raajii olaanaa ture. Inni geggeessaa raajota hundaa ture, karaa dhaabbataa. Inni dhaabbatichaan, geggeessaa hunda isaanii ta’ee, muudamee ture; tarii sirriitti dubbisee, sirriitti baratee, hojichaaf waan caalatti ga’aa ta’eef ta’a. Waan “raajii” jedhamee waamameef, Hafuura Qulqulluudhaanis dibame. Dhugaa dha,

inni raajii akkasumaanii osoo hin taane, inni raajii Ibirootaa ture. Amma isa ilaalaa.

104 Sedeeqiyaas dhi'aatee, "Waaqayyo natti dubbatee, mallattoodhaaf, 'Gaafota sibiilaa kana lamaan Naaf hojjedhu'" naan jedheera jedhe. Raajiin yeroo hunda mallattoo kenna. "Innis, 'Gaafota kana hojjedhaa' jedhe. Dibataan sanaa eebbisee, Hafuurri Qulqulluun, 'Kana fudhadhu' jedhe." Qabxii tokko irra ga'uuf malee, isa akka aarsaatti lakkaa'uuf miti,. "Inni karaa koo afaan haaraa dubbatu, Inni waa'ee koo dhugaa ba'u Hafuurri Qulqulluun, Inni akkas jedhe, "Gaafota fuudhii, kanaan, akkasuma, mootichaan warra Sooriyaa biyya keessaa ariita jedhiin. Ani immoo lafa kan Isiraa'eel, jechuun lafa waldaadhaaf malu dabarseen siif kenna.'"

105 Obboleessa koo, kun waan bu'uura ta'edha, asittis qofa akkuma Bala'aam ture. Bala'aam bu'uuraan akkuma Museetti dubbachaa ture. Museen. . . Lakkoofsi Waaqayyoo inni sirriin torba. Bala'aam, "Aarsaa torba qopheessi; aarsaa qulqulluu torba, sangoota torba, tumaaleyyii hoolaas torba" jedhe. Sun waa'ee dhufaatii Ilma Waaqayyoo dubbachuu dha. Bu'uurumaan, inni akkuma isaanii sirrii ture.

106 Akkasuma asitti Sedeeqiyaas, akka bu'uuraatti sirrii dha, "Lafti kun keenya. Maaliif, Sooriyaa fi Filisxeemonni achi jiraatan, garaa ijoollee isaanii fi diinota keenya hundaa, kkf isaan guutaa jiru. kunoo, Waaqayyo lafa kana utuu nuuf kennee jiruu! Nyaata ijoolleen keenya hin arganne quufani!"

107 Obboleessa, sun falmii bareeda. Inni kana Isiraa'eel duratti iyyee akka dubbachuu danda'un tilmaama, isaanis hamma danda'an iyyanii ni dubbatu. Amma, waa'ee bara kanaan dubbachaa jira. Na hordofaa jirtu jedheen yaada. Iyyi kun hundi, wacuun kun hundi!

108 Dilbata darbe Daawit ni yaadattuu? Argitanii? Isin raadiyoo keessa kan jirtan, ykn walquunnamsiiftuu-telefoonaa keessa kan jirtan; Ergaa Dilbata darbee kan hin dhaga'in, ergicha sirriitti dhaggeeffadhaa. *Osoo Hin Muudamin Waaqayyoon Tajaajiluuf Yaaluu,* hanga fedhe sirrii, gaarii haa ta'u, gonkumaa Waaqayyoo biratti fudhatama hin qabu. Argitanii?

Amma, Sedeeqiyaas asitti, sirrii dha jedhee yaadaa ture.

Miikiyaas, "Waaqayyoon nan gaafadha" jedhe. Ganama itti aanu GOOFTAAN AKKAS JEDHA jechaa dhufe. Inni mul'ata isaa Sagaleen mirkaneesse.

Amma osoo inni Sedeeqiyaasiin akkas jedheera ta'ee, "Raajii Macaafa Qulqulluu kun kan dubbate namicha kana irratti akka raawwatamu beektuu?"

109 "Garuu yeroo kana miti, namni kun nama kabajamaa waan ta'eef. Inni yaalaa jira." Kana hubachuun isin hin rakkisin. "Inni wantoota kan waldaa ta'an deebisee waldaadhaaf kennuu

yaalaa jira. Inni qabeenya ishee deebisuuf yaalaa jira," wantoota Hafuuraa miti; osoo isa ta'ee, inni guutuu biyyattii akka Eeliyaasitti raasa ture. Garuu, wantoota qaamaan mul'atan deebisuuf yaalaa jira, "Nuti qabeenyaa qabna. Nuti jaarmiyaa guddaa dha. Nuti kan ishee ti. Nu hundi, namoonni hundi, Piroteestaantiin, nu wajjin tokko ta'uu qabdu." Uh-huh.

110 Yeroo muraasa garasitti ni dhufna. "Maalumaafuu, nuyi hunduu obboloota dhiiraa fi obboloota dubaraa ti." Mitii! Waldaa Waaqayyoo ishee dhugaa fi sirrii taatetti, gonkumaa akkana hin turre. Ta'uu hin danda'u!

111 Hubadhaa, mul'ata arge. Kanaafis, "Waaqayyo natti dubbateera" jedhe. Amma, ilaalaa, namichi garraamii dha. Innis, "Akkas jedhe, 'Gaafota kana hojjedhuutii, fuula mootichaattis ba'ii gara lixaatti immoo dhiibi.'" ykn akka bakka dhaabbataniitti akkaataa isaan lafa irra taa'an maal haa ta'u maal, "'Dhiibaa, akkasis ni ta'a GOOFTAAN AKKAS JEDHA, mo'ichaan injifata, deebi'ees ni dhufa waldaadhaaf mo'icha fida.' Achi keessaa gadi isaan baasuuf jira!" Sun baay'ee walitti dhiyoo dha, mitii? Garaagarummaan isaa maal ture?

Kunoo Miikiyaas ni dhufe. "Amma raajii kee dubbadhu," ittiin jedhe.

"Dhaqi! Garuu Isiraa'eelonni akka hoolotaatti, bittinaa'aniin arge, akka waan tiksee hin qabneetti." Waawu! Sirriitti fallaa dha.

112 Amma, gumiin isini dha. Amma, mee isa kamtu sirrii dha? Isaan lachuu, raajota. Garaagarummaa isaanii gargar baasuu kan dandeessan, sun, Dubbicha qorachuudhaani dha.

Akkas jedhe, "Kana eessaa argattee?"

Inni akkas jedhe, "Waaqayyo Teessoo irra taa'een arge." "Ani macci waaqaa naannoo Isaa ta'aniin arge," jedhe.

113 Amma yaadadhaa, Hafuura wal fakkaatuun, akkasuma, Sedeeqiyaas Waaqayyoon akka arge dubbateera. "Waaqayyoon nan arge. Inni gaafota kana—sibiila irraa akkan hojjedhu natti hime. Ba'iitii warra ormootaa asii balleessi, kun kan keenya waan ta'eefi. Warri kaan kana keessatti miga hin qaban." Waaqayyoo irratti jabaatanii osoo jiraatanii ni dhaalu turan. Ni deebifatus turan, garuu isaan Waaqayyoo irraa fagaataniiru.

114 Jaarmiyaa jechuunis akkanuma, waldaa dha. Wantoota kanaaf mirga qabdi ture, garuu isin sanaan gowwoomfamtan, sababni isaa dibata, Sagalee yeroo kan mirkaneessu, Dubbii Waaqayyoo fi Hafuura Waaqayyoo irraa fagaattan. Ergaa kana fudhachuu irraa duubatti hin jedhinaa.

115 Waan amma ta'e hubadhaa. Innis, "Ani Waaqayyo argeera" jedhe, Miikiyaas, "Waaqayyo Teessoo irra taa'ee arge. Maccoonni Isaa walitti qabamanii naannoo Isaa turan. Inni

akkas jedhe, 'Eenyutu gadi bu'ee Ahaabiin nuuf gowwoomsuu danda'a, dubbii Eliyaas dubbate dhugoomsuuf, Raajii Koo isa mirkanaa'e. Ani akka inni dhufu dubbadheera. Eliyaas immoo Dubbii Koo fudhateera. Akkasumas samii fi lafti ni darbu, garuu Dubbiin Koo hin darbu. Hangam yoo hammayyooman, ykn hangam yoo gaarii ta'an, ykn hangam yoo baratan, ykn hangam yoo guddatan dhimma hin qabu, Dubbiin Koo hin kufu.'

116 "Hafuurri sobaa tokkos si'ol keessaa ba'ee, jilba isaan jilbeenfatee, akkas jedhe, 'Yoo Ati naaf eeyyamte, Dibata koo isaaniif kennuu nan danda'a, mallattoo ykn dinqii tokko hojjechiisuu nan danda'a, hamman Dubbicha gachisiisutti qofa. Inni matumaa Sun Sagalee Kee ta'uu illee hin beeku. Guddummaadhaaf, Inni Isa ni dagata.'" Obboleessa, barichi hin jijjiiramne. Obboleessa Neeviil, sun dhugaa dha. Ati ni yaadatta, sun dhugaa dha. "'Ani gara isaatti nan bu'a, warri kaan waan godhan hunda akka godhu nan taasisa. Akka soba dubbatanii, fi akka raajan nan godha.'" Akkamitti soba ta'uu danda'aa? Sababni isaa inni faallaa Dubbichaa ti.

117 Cuuphaa sobaa kana ni fudhattu, soba *kanaa-fi-kanaa-fi-kanaa*, hangam dhugaa haa fakkaatu na hin dhibu, hangam wal fakkeessuu yoo yaalan, faallaa Dubbii Waaqayyoo yeroo kanaa yoo ta'e inni soba. Sun sirrii dha.

Akkas jettu, "Tole, keenya, tole, nuti *kana* goone, *kanas* ni goona, waldaan keenyas karaa *kana* fi *sana*."

118 Waan fedhe ta'u na hin dhibu. Yoo Dubbii yeroo kanaaf barraa'een faallaa ta'e, inni soba. Waaqayyo isa wajjin homaa hin qabu, hangam garraamii, hangam kan barate, hangam qaroo, hangam dhugaa haa fakkaatu, hangam sababa kan qabu haa fakkaatu na hin dhibu, yoo inni Dubbii yeroo kanaan faallaa ta'e. Daqiiqaawwan muraasa booda gadi fageenyaan itti seenna, yeroon nuuf eeyyama. Yoo ta'uu baate, galgala kana itti fufna.

119 Hubadhaa, inni garraamii, nama gaarii ture, shakkii hin qabu. Innis akkas jedhe . . . Sana booda, ta'uu baannaan, Miikiyaas akkas isaan jedhe, fuula isaa duratti sirrii miti, garuu jechoota biraa, "Ati hafuura sobaan dibamte." Sun waan Phaaphaasiitti hin dubanne dhaa? Garuu inni ni raawwate.

120 Kanaafis phaaphaasiin kun dhi'aatee, "Ati kana booda tokkummaa hin qabdu" jedheen, akkasumas fuula isaa kabale. Akkas jedheen, "Ani nama kabajamaa akkan ta'e ni beektu. Waldaan koo gaggeessaa na gooteetti, waan kana. Sagalee namoota Waaqayyooti kana kan na taasise. Jaarmiyaa kooti kan kana na taasise. Waaqayyootus lafa kana naaf kenne, Innis akka kan keenya ta'u barbaada. Ani immoo GOOFTAAN AKKAS JEDHAA nan qaba." Isa rukutee, akkas jedhe, "Hafuurri Waaqayyoo karaa kamiin Inni na bira darbee?"

121 Miikiyaas akkas jedheen, “Guyyoota kana keessatti, ni hubatta,” Kaalifoorniyaa, fi, ykn, Los Aanjalas yeroo galaana jala ta’an, “gara mana hidhaa keessa yoo seentan karaa kam akka Inni deeme ni argitu.”

122 Amma, Ahaab, ati maal jetta? “Ani raajii koo nan amana,” inni akkas jedhe. Inni yoo Dubbicha qofa qorate maal ta’a? Argitanii, abaaramaa ta’ee of arguu hin barbaanne. Na dhagga’aa! Inni baaramaa ta’ee of arguu hin barbaanne. Eenyullee hin barbaadu.

123 Akkasuma obboleessa jaarmiyaa keessa jirtuu, rakkinni kees kanuma. sirrii akka hin taane, garaa keessanitti beekaa, sirrii akka taatanitti yaaddu, yeroo maqaa “Abbaa, Ilma, Hafuura Qulqulluu fayyadamtanii cuuphxan,” isin obaa jirtu. Isin wantoota hojjettaan sana yeroo dubbattanii, fi ragaawwan jalqabaa yeroo fudhattan ni beektu, wantoota kana fakkaatan hundumaanis, dogoggortu. Akkamitti ragaan jalqabaa afaan haraa dubbachuu ta’a, sana booda immoo kakuu Waaqayyoo yeroo kanaa wajjin waan wal faallessu dubbattuu? Inni akkamitti ta’uu danda’a? Abaarsa hin barbaaddani mitii, barbaadduu? *Kunoo* barreeffameera, akkasuma ta’a. Sun mallattoo bineensichaa ti, inni yoo danda’e warra Filataman illee hamma dogoggorsiisutti wal fakkaataa dha.

124 Mallattoon hundi, dinqii hunda, namni dibame, raajiin, wantoonni fuulduratti ta’uuf jiran hunda, mallattoowwan hundaa, dinqiiwwan hundaa, garaagarummaa isaa akkamitti beektuu? Mee Sagalee yeroo kanaa ilaalaa. Sun akkaataa itti isin fudhattani . . .

Musee ilaalaa, Bala’aamittii akkamitti akka hime. Asitti Miikiyaas ilaalaa, akka sirrii ta’e akkamitti beekna? Sagaleen, isa dursee, Ahaabiif sana raajee ture.

125 Sagalicha immoo, nu dursee, jaarmiyoota kana guyyoota kanaaf raaje, abaarsi kunis isaan irratti ta’a Wantoonni raawwatamanis Waldaan Isaa ishee dhugaatti dibamte, Sagalee qabaatti, Misirroon Sagalichaa. Kunoo as jirra. Har’a, inni as jira, qofa akkuma achi ture.

126 Macaafni Qulqulluun akkas jedhe, “Ragaawwan lamaan ykn sadiin dubbiin kamiyyuu kan jabaate ta’a” Ani wa’ee Bala’aam, wa’ee Bala’aamii fi Musee dubbadheera, ammas waa’ee Miikiyaas fi Sedeeqiyaas dubbadheera, amma tokko dabalata nan kenna, innis, kan dhibbootaan lakkaa’amani, garuu ragaa sadii gochuuf, tokko nan dabala. As irratti waanan barreesse baay’een qaba, garuu yeroo qusachuufi.

127 Ermiyaas kan mirkanaa’e, kan adda ba’e, garuu raajii Waaqayyoof mirkanaa’e dha. Isaan isa jibbu turan, kuduraawwan tortoran irratti darbatan, akkasumas waan hunda, inni immoo abaarsa isaan irra kaa’e. Wantoonni inni

godhe sunis, cina isaa irratti kufee, akkasumas, Isiraa'eel akka dogoggore mallattoo kenne.

128 Har'a addunyaa irratti kan ka'an raajii dhugaan, raajii hundumtuu, jaarmiyaalee dhaabbata waldaa abaaran. Akkamitti jijjiiramuu danda'u, Waaqa hin jijjiiramneenii?

129 Hafuurri Qulqulluun Raajii bara kanaa ti, Inni Dubbii Isaa mirkaneessa, Inni dhugaa ta'uu agarsiisa, Hafuurri Qulqulluun bara Raajii Musee ture, Hafuurri Qulqulluun bara Raajii Miikiyaas ture. Hafuurri Qulqulluu, Sagalee barreesse, dhufee immoo Dubbicha mirkaneessa.

Amma bara Miikiyaas kanatti maaltu ta'e? Akka Dubbiin Waaqayyoo jedhu, Ahaab du'e, saroonnis dhiiga isaa arraaban.

130 Isin barsiisonni sobaa hundinuu, WAAQAYYO AKKAS JEDHA: Gaaf tokko waan facaaftan haammattu, isin jaamonni kan jaamota geggeessitan! Ani dheekkamaa hin jiru, dhugaa isinitti himaan jira. Anis Hafuurri Qulqulluun, osoo, as irratti, mana kana keessatti "Karaa kana dubbadhu" osoo naan hin jennee, kana hin dubbadhu ture. Waaqayyo sirrii ta'uu isaa yoo mirkaneesse malee waan dogoggoraa dubbadhee beekaa? Obboloota koo, dammaqaa, osoo isinitti hin dhi'in!

131 Garuu mee kana isinittan hima. Qoreen akkamitti kaatee arangamaa ta'uu dandeessi, yoo sanaaf dursitee murtoofte malee? Akkamitti warri Filataman isa arguu irraa dhoowwamuu danda'uu? Sababni isaas, isin isa arguuf filatamtaniittu. "Kan Abbaan Naaf kenne hundinuu gara koo in dhufa," jedhe Yesus, "garuu osoo biyyi lafaa hin uumamin dura, Inni yoo Naaf kenne malee tokko illee dhufu hin danda'an, yoo maqaan isaanii Macaafa Jireenyaa Holichaa irra kaa'ame malee," galmee waldaa irratti miti, garuu Macaafa irratti, Macaafa Jireenyaa Holichaa.

Hubadhaa, Ermiyaas namoota dura, dhugaa baatuu ta'ee dhaabbate, garuu namoonni ni jibban.

132 Kanaaf dhufanii wanjoo hojjetan, innis akkasuma, morma isaattis keewwatee, namoota dura deeme. Akkas jedhan, "Oo, nuyi saba guddaa Waaqayyoo ti. Maaliif, nuyi Isiraa'eeli. Nuyi waldaa keenyatti bay'ee garraamota! Dilbata hunda ni hirmaanna, nuyi, aarsaa dhi'eessina, maallaqa keenyas ni kaffalla. Akkamitti Nebukadnezaar wantoota qulqullaa'oo qabaata?" Huh! Cubbuu keessantu sana godhe.

133 Waaqayyo akkas jedhe, "Isin yoo abboomii Koo hunda eegdan, Ani kana nan godha. Garuu, yoo gochuu baattan, inni isinitti dhufa." Sun dhugaa dha. Ammas wal fakkaataa dha. Abboomii Isaa, Dubbii Isaa, kan Inni bara kanaaf kakate eegaa.

134 Amma hubadhaa. Amma, Ermiyaas, jibbamu illee, fedha Waaqayyoon, raajii mirkanaa'e dha . . . Hundi isaanii baroota isaanii keessatti jibbamaniiru. Isaan wantoota keessummaa ta'an kan dhaabbilee amantii bara sanaaf faallaa ta'an

hojjetan, namoonni hunduu, mootota illee ta'ee namoonni biroo isaan jibban. Kanaaf inni morma isaa irra—waanjoo kaa'ee, akkas jedhe, "WAAQAYYO AKKAs JEDHA. Isaan waggoota torbaatamaaf achi taa'u jedhe," 'sababni isaa Dubbii Waaqayyoo irraa waan hubate qaba ture. "Waggooota torbaatama!"

135 Achii Hanaaniyaa, Hanaaniyaa, kan dubbiftu, H-a-n-a-n-i-a-h dha jedheen yaada. Hanaaniyaan, raajiin saba gidduu jiru, dhufee, waanjoo morma Eermiyaas irraa fuudhee, akkasumas ni cabse. Akkas jedhe, dhukaasa guddaa saba gidduutti, argitanii, yeroo inni faallaa Dubbii Waaqayyoo ta'ee dubbatu. Inni akkas jedhe, "Waggaa lama booda ni deebi'u. GOOFTAAN AKKAS JEDHA."

Raajota dibaman lama. Akkamitti garaagarummaan isaan gidduu jiraate? Inni tokko Dubbii Waaqayyoo dubbata, garuu inni biraa immoo hin dubbatu. Ermiyaas akkas jedhe, "Ameen."

136 Jaarsolii fi gumiiwwan, Isiraa'eel hundumaa duratti, argitanii, akka Ermiyaas guddaa ta'uu akka danda'u agarsiisuu barbaade. "Maal illee yoo ta'e, akka si hin jaallanne ni beekta. Kanaafuu ani raajii dha, akkasuma. Ani raajii si caalu dha, sababni isaas ati raajii sobaa dubbachaa jirta. Namoonni Waaqayyoo haala *akkasii-fi-akkasii* jala jiru jettee natti himtaa?"

137 Namoonni har'as akkas jedhu, isinis garuu akka waldaatti, akkasuma achitti argamtu. Isin baarsaan abaartu. Waldoonni hunduu, dhaabbileewwan amantii Dubbii Waaqayyoo hordofuu irra seera namaa kan hordoftan, isin Waaqayyoon abaaramtaniittu.

138 Amma hubadhaa, kunoo ni dhufa. Hanaaniyaan wanjoo morma isaa irra darbatee, mallattoo Waaqayyoo, cabsee, akkas jedhe, "GOOFTAAN AKKAS JEDHA. Waggaa lama booda deebi'anii dhufu." Taayitaa qofaaf, "Ani *Akkasii-fi-akkasii* jedhu." Inni raajii jaarmiyaa waan tureef, ni morme.

Ermiyaas qofaa isaa kan jiraate nama lafa onaa ture. Isaan hamoo 'waan turaniif, inni yeroo hunda waan hamaa isaan irratti raajaa.

139 Akkasumas namichi kun kan isaanitti himaa jiru, "Oo, hamma miseensa taatanitti isin sirrii dha. Hamma Isiraa'eel taatanitti, kan biraa isin hin barbaachisu. Argitanii, isin, nu'iin . . . Waaqayyo kana hin godhu. Asitti kan uumame waan xiqqqaa akka ta'e beeka, garuu hin na'inaa, hin sodaatinaas."

140 Oo, obboleessa koo, isaan hamma har'atti illee jiru. "Hin dhiphatinaa, wanti hundumtuu sirrii dha. Nuti hundumaa to'anneerra. Nuti Waldaa dha." Homaa hin yaadinaa. Eeyyee.

141 Kanaaf akkas jedhe, "Wanti hundi sirrii dha. Waggaa lama keessatti deebi'anii dhufu. Wanti ta'e xiqqoo dha. Inni waan

haaraa miti. Waan barame dha. Qofa Nabukadneezaar yoo dhufe illee, Waaqayyoon keenya kana hundaa ni to'ata."

142 Garuu Dubbichi isaan waggaa torbaatama akka achi turan dubbata; hamma dhaloonni sun badanii, dhaloonni kan biraa immoo dhufanitti. Dhaloonni tokko waggaa afurtama. "Kana jechuun naannoo dhaloota lamaa jechuu dha." Ermiyaas immoo akka Dubbii Waaqayyootti dubbate.

Hanaaniyaan sana cabse! Ermiyaas akkas jedhe, "Tole. Ameen. Garuu, Hanaaniyaan, mee kana haa yaadannu, nuti lachuu raajota. Nuti tajaajiltoota."

143 Anis akka kanan siin jedha, obboleessa koo. Raajonni nu dura akka turan haa yaadannu, isaanis mootummoota irratti raajanii turan, akkasumas isaan wantoota tokko tokko irrattis raajaa turan. Garuu, yaadadhu, yeroo raajiin waan kam iyyuu dubbatu, inni akka Sagalichaatti raajuu qaba. Akkuma Miikiyaas, akkuma Musee, akkuma warra isaan kaanii hundumaa. Inni akkuma Sagalichaa ta'uu qaba. Kun yoo hin taane, sana booda maal akka ta'e hubadhaa.

144 Achii, Hanaaniyaan, dheekkamsa qulqullummaa isaan ka'e. "Ani Hanaaniyaa dha" (shakkii hin qabu), "Raajii Waaqayyoo ti, anis, 'Waggaa lama'" jedheera. Jecha biraan, "Sagalichi waan jedhuuf dhimma hin qabu." Dibanni isaa, "'Waggaa lama booda, deebi'anii dhufu,' jedheera."

145 Ermiyaas isa dura deemee ba'e, gadi ba'ee, akkas jedhe, "Yaa Gooftaa, waan inni dubbatu dhimma hin qabu, Ani ammayyuu nan amana Dubbichis akka akkas jedhu nan beeka. Ani Siif nan amanama. Ani isaan hin gowwoomfamu."

146 Waaqayyo akkas jedhe, "Gara Hanaaniyaa dhaqii, 'Ani waanjoo dheekkamsa koo, sibiila irran taasisa.'" Hanaaniyaan, sana gochuu isaatiin, inni baruma sana keessa, fuula lafaa irraa fudhatame.

Raajonni lamaan, fakkeenya keenya. Kanaaf amma baay'een dabalataan dubbatamuu fi jedhamuu danda'u.

147 Garuu ilaalaa. Yesus akkas jedhe, sun, bara dhumaatti, deebi'anii, hafuuronni lamaan ammas akka waliin ta'an dubbateera. Sun sirrii dhaa? [Gummiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Amma hubadhaa. Inni kan duraanii caala kan dhi'aate ta'a. Kun bara dhumaa ti. Oo, ijoollee! Waaqayyo dhiifama nuuf haa godhu! Hanga ammaatti, "Yoo danda'e hamma warra Filataman dogoggorsiisutti inni dhugaa fakkaachuu danda'a." Amma akkamitti deemta . . . guyyoota sanaa maalii fi maal jenne? Har'a woo maalii fi maal jettu? Har'as akkasuma, Dubbicha wajjin cimaa dhaababdhaa, "Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis sanuma."

148 Amma waa'ee Ergaa kana hundaa of eggadhaa. Isinis yeroo teeppii dhaggeeffattan, Waaqayyo yeroo lafa irratti na wajjin

xumuru tarii ani illee gaaf tokko nan deema ta'a, isin deebi'aa kana yaadaa. Sagalee koo waanan isinitti himu, dhaggeeffadhaa. Yoo Inni Dhufaatii Isaa dura na fudhate, kana yaadadhaa, Ani Dubbii Waaqayyoon, Maqaa Gooftaan isinitti dubbadheera. Eeyyee.

149 Hubadhaa, "Yoo danda'an hanga warra Filataman illee gowwomsanitti baay'ee walitti dhi'aatu," mallattoo wal fakkaatu, dinqiiqaa wal fakkaatu, Hafuuruma tokkoon hojjetu. Sirrii mitii? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Qofa akkuma raajota waa'ee isaanii dubbannee turre, raajota. Ammas, inni akkasuma barreeffameera . . .

Yoo barbaaddan, kanaaf, Timootiwoos Isa Lammaffaa 3, haa bannu. Kana hin dhiifnu. Anis dhiisuu hin barbaadu . . .

150 Ani sa'aatii ilaalaan jira, anis—baay'ee isaa dhiisuun barbaada, garuu amma waan gochuu qabnu natti hin fakkaatu. Argitanii? Hubadhaa. Qofa . . . Ani as dhaabadhee, dafqaan jira, argitanii, haa ta'u malee ani nan gammadda. Kunis dhugaa akka ta'e nan beeka. Ximootiwoos Isa Lammaffaa 3:8.

151 Phaawuloos, akkas jedhe, "Yoo Ergamaan Waaqa irraa dhufee kan ani isinitti lallabeen ala yoo kan biraa isinitti lallabe, inni kan abaarame haa ta'u," amma, Ergamaan dhufeera. Kun Tasaloonqee Isa Lammaffaa . . . Oo, dhiifama.

152 Hubadhaa Ximootiwoos Isa Lammaffaa 3:8. Phaawuloos amma kan jedhu ilaalaa. Mee barreeffama jalqabaa irraa . . . Mee haa jalqabnu, amma immoo sirriitti callisaa dhaggeeffadhaa. Macaafa Qulqulluu kan qabdan, na wajjin dubbisaa. Macaafa Qulqulluu kan hin qabne, dhaggeeffadhaa. Kan . . .

*Garuu kana beeki, guyyoota dhumaatti . . .*

Jala sararaa, "guyyoota dhumaa." Sun yeroo itti raawwatamuu dha.

*. . . yeroon sodaachisaan ni dhufa.* (Nuti keessa jirra.)

*Namoonni ofii isaanii kan jaallatan ta'u, of jajjoota, of tuultota, of bokoksan, arrabsituuwwan, maatiif kan hin aboomamne, galata hin qabnee, wanta qulqullaa'aan kan morman,*

153 Har'a tuuta nuti qabnu kana ilaalaa, isaan tortoraniiru. Dhiirri illee karaa irratti, dargaggeessi dhiiraa, rifeensa isaanii gara addaatti harkisuudhaan, akkuma dubartii ta'aniiru. Badaa! Warra Sodoom!

154 Bara kana keessa dubbiftaniittuu, ji'a kana *Riidarsi Daayijeest* jedhee kan ba'ee? Akkas jedha, "Namoonni Ameerikaa umurii gidduu," akkan yaadutti, "umurii waggaa digdamaa fi digdamii-shan gidduu jiran, umuriidhuma-giddu galeessa isaanii keessatti." Isaan manca'aniiru! Isaan tortoraniiru! Saayinsiin akkuma jedhu, dhiirri umurii giddu galeessatti, dubartiinis, yeroo waggaa digdama ga'ani dha.

Qaamni isaanii xuraa'ummaatti kan gurguramee fi kan bade dha.

Oo, Ameerikaa, Waaqayyo si'a meeqa si boqochiisuuf ture, amma garuu yeroon kee ga'eera! Addunyaa xuraa'ummaadhaan geggeessite.

> . . . *arabsitoota, maatiif kan hin abboomamne, galata hin qabne, wanta qulqullaa'aan kan morman,*
>
> Warra jaalala *of keessaa hin qabne,* . . .

Dhiirri dubartiif, dubartiin dhiiraaf, walii waliif jaalala dhugaa hin qaban. "Jaalala uumamaa hin qaban." Saal qunnamtii, xuraa'aa!

> . . . *warra arara hin jaallanne, warra maqaa namaa balleessan, warra of hin qabne, warra namatti hin madaqnee,* fi *warra waan gaarii jibban,*

155 Jecha biraatiin, akkas jedhu, "Isin tuuta teessoo caccabsitan." Namni tokko yeroo darbe waldaa kana dhufu barbaadee akkas jedhee gaafate. Akkas jedhe, "Achi hin deemin. Hundi isaa iyya guddaa fi waca qofa dha."

Argitanii, "gaarii kan tuffatan."

> *Gantoota, jarjartoota, of tuultota, Waaqayyoon jaallachuu caalaa waan isaan* gammachiisu *kan jaallatan;*

Akkas jettu, "Obboleessa Biraanhaam, sun komunistummaa dha." Lakkoofsi itti fufu maal jedha?

> *Bifa Waaqummaa qabu, garuu* (maal?) *humna isa gananiiru:* (Sagalichi, Yesus Kiristoos, kaleessa, har'a, bara baraanis isuma sana, ni mul'ate, bara keenyaafis abdii keenya dha) . . .

Qofa akkuma Hanaaniyaa, qofa akkuma Sedeeqiyaas, qofa akkuma Bala'aam, duuba irra, akkuma raajota sobaa.

> *Bifa Waaqummaa qabu*, (dibamaniiru . . . Argitanii?)
>
> *Bifa qabu*, (dibamaniiru, tajaajiltoota muudaman . . . )
>
> *Bifa Waaqummaa qabu, garuu gananiiru* (sunis Inni kaleessa, har'a, bara baraanis isuma, ta'uu isaa . . . Dubbii Isaa ganu!)

156 Isaan akkamitti guyyaa sana Yesus ganan? Isaan yeroo Yesus ganan eenyuun ganan? Sagalicha. Isaan amantoota turan. Macaafa Qulqulluu irraa barsiisan, garuu Sagalee bara-ammaa gananiiru.

157 Har'a isaan maali? Waan wal fakkaataa, kan dibaman, Wangeela pheenxeqoosxee kan lallaban, garuu abdii Sagalee bara-kanaa isa mirkanaa'e sana ni ganu, "Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis isuma." Argitanii? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.]

> Gara *mana namaa dhoksaan seenanii, booji'aniis . . . dubartoota gowwoota* cubbuun *marfaman, kajeellaa adda addaan kan fudhataman,*

158 "Paartiilee huccuu hodhitoota keenyaa fi *akkasii-fi-akkasii* keenya." Namni tokko Sagalicha haala dogoggora ta'een hiikuuf yaala, akkanas jedha, "Sirrii dha, obboleettii, rifeensa kee yoo gabaabsuu barbaadde. Waan hin fayyanneef xiyyeeffannoo hin kennin. Argitanii? Ykn, ati—yoo *kana* uffatte; inni *sana* miti, 'inni nama xureessu isa garaa namaa keessa ba'u dha.'" Argitanii? Hafuura hamaa, manca'aa fi hafuura xuraa'aan, akka dibamtan hubattaniittuu? Of eeggadhaa, tarii garee faarfatootaa keessatti, rifeensa gabaabaan faarfattu ta'a, garuu hafuura hamaa qabdu. Sagaleedhaan faallaa dha. Sirrii dha. Macaafni Qulqulluun kan jedhu sana. Akkas jettu, "Tole, wayyaa gabaabaan uffadha. Inni na hin balaaleffatu."

"Eenyullee, yoo dubartiin wayyaa dhiiraa uffatte, inni fuula Waaqayyootti cigaasisaa dha." Waaqni hin jijjiiramne sana dubbate.

159 Oo, wantoota baay'etu jiru, nuti akkamitti isaan keessa darbinaa? Barri keenya ni dhuma. Ta'u illee waan dogoggoraa fi sirrii ta'e beekuun beekumsa dha. Akkas akka godhaniif maal gochuun qabaa? Akkam gochuun qabaa? Akkas jettu, "Tole, waa'ee maalii odeessitaa?" Ani isin irratti ragaa dha. Gaaf tokko, Guyyaa Firdiitti, isin gola seentan hin qabdan.

160 Miikiyaas kana akkamitti dhaabuu danda'aa? Museen, iyyee, akkamitti kana dhaabuu danda'aa? Iyyaasuun immoo namoota gidduu yeroo deddeebi'an? Leewwiin immoo billaa luqqifatee, matumaa, isaan qalee? Akkasumatti itti fufan.

161 Isaan akkas akka godhan raajiin dubbatameera. Isaanis raawwachuuf jiru, sababni isaas GOOFTAAN AKKAS JEDHAA dha waan ta'eef ni raawwatu. Isin dhaabbileen kun garagar ba'u jettanii yaaddu, dhaabbileen amantii isaanii gara Dubbichaatti ni deebi'uu? GOOFTAAN AKKAS JEDHA, isaan hin taasisani! Gara mormituu kiristoositti deemuu? Sirriitti. GOOFTAAN AKKAS JEDHA, isaan ni mormu! "Kanaaf waa'ee maalii dubbatta ree?" Ani ragaa dha, amantoonni hunduu, isinis akkanuma. Ilaalaa.

> *. . . dubartoota gowwoota . . . hawwii baay'eedhaan gaggeeffaman,*

"Eeyyee, dubartoonni kaan hundinuu ni raawwatu." Raajota sobduu! Amma dhaggeeffadhaa. Ani kanan dubbachaa jiru, waa'ee raajota sobaa ti. Amma guyyaa dhumaatti maal godhu?

> *. . . dubartoota gowwoota . . . hawwii cubbuun gaggeeffaman booji'u,*

"Tole, Dubartoota hafan hunda nan beeka . . . " Tole, itti fufi.

162 Kaalifoorniyaa keessatti osoo kun hin ta'in dura ani maalin jedhe? "Isin namoonni Los Aanjeles, waggaa waaggaan yoon dhufu kan duraa caala dubartoota rifeensa-muratan nan arga akkasumas dhiironni akka dubartii ta'an ni baay'atu, lallabdoonni gara dhaabbataatti galaa jiru. Adabbii malee hin haftan! Dinqiin isin gidduutti hojjetame Soodoomii fi Goomoraa keessatti osoo hojjetamee, har'a ni dhaabbatu ture. Oo, Qifirinaahoom, maqaa ergamootaan kan of waamtu, Los Aanjeles!" Waan ta'aa jirtu argitanii? Isheen garaa galaanatti liqimfamaa jirti. Yoom? Ani hin beeku yoom akka liqimfamtu, garuu ni liqimfamti. Bara koo keessatti yoon arguu baadhe, isin dargaggoonni, ni argitu. Isheen ni liqimfamti!

> *Yerroo hundumaa in baru. . .garuu dhugaa beekuu bira ga'uu matumaa hin danda'an.*

Amma wanti naasisaan kana, kutaan naasisaan kana dha. Dhaggeeffadhaa.

> *Akkuma Yaanees fi Yaambaarees Museedhaan morman, isaan kunis akkasuma dhugaadhaan in mormu:* dhugaa dha, *jarreen sammuun isaanii bade, amantii* qulqullootaaf kenname dhiisanii deemani dha.

"Amantii ilaalchisee." "Akkasuma inni Amantii abbootii deebisa, ykn kan ijoollee, gara Abbootitti deebisa."

163 "Waa'ee Amantii kan gataman." Uh! Kan *gatamaa* jechuun maal jechuu akka ta'e beektuu? Macaafa Qulqulluu Iskoofiild yoo qabaattan, *h* irra jira. Achi irratti, "gantummaa" jedha. Gantummaa, jechuu dha.

164 Amma, daqiiqaa tokko qofa. As irratti waan tokko ilaaluun barbaada. Kana sirriin barreesse jedheen yaada. Mirkanaa'aa miti, garuu dubbachuun fedha, dubbachuu—dura nan barbaada. Amma, daqiiqaa tokko qofa. [Teeppii irratti bakka duuwwaa—Gulaalaa.] "Wa'ee Amantii, Dhugaa kan hin fudhanne." "Ammantii," Amantii tokko qofatu jira. Sun sirrii dha. "Amantii ilaalchisee, kan hin fudhanne!"

Amma Luqaas 18 dubbisuun barbaada. Daqiiqaa tokko qofa. Hin dubbiftani. . .Lafa kaa'uu dandeessu; isin dubbisuu hin qabdan.

> Yeroo hundaa *kadhachuun akka ta'u, kadhachuus akka hin. . .dadhabne isaan barsiisuudhaaf, fakkeenya tokko isaanitti hime;*
>
> *Abbaa firdii, Waaqayyoon hin sodaanne, namas—kan* hin safeeffanne *tokko, Achi mandara tokko keessa ture:*
>
> *Mandarichuma* sana keessas *haati hiyyeessaa tokko turte; isheenis gara isaa dhuftee, anaa fi isa anatti falmu gidduutti Firdii* naaf *kenni, jette.*

> *Inni—immoo ishee jalaa didee lafa irra duraa harkise:* booddee *innumtuu, Garuu Waaqayyoon yoon sodaachuu dhaabaadhe, namas yoon safeeffachuu dhaabaadhe;*
>
> *Haati hiyyeessaa kun waan na* dadhabsiiftuuf, *firdii kennuufii anaaf wayya, kanaa achi. . . dhuftee ana nuffisiifti.*
>
> *Gooftaan kana irratti, Dhaggeeffadhaa waan abbaan fidii jal'aan kun jedhu.*
>
> *Waaqayyo immoo warra isaaf fo'amanii, guyyaa fi halkan* gara isaatti iyyaniif, *dhugaa isaanii. . . hin baasuufii ree?*
>
> *Ani isinittan hima dafee dhugaa in baasaaf. Haa ta'u malee Ilmi namaa yommuu dhufu, amantii lafa irratti argataa laata?*

165 Amma gaafichi isuma. As irra kan ani argachuu barbaade: Mul'ata 10 keessa (Daqiiqaa muraasatti arganna, Caaffata Qulqullaa'aa biraa, ilaalaa.), Innis, "Bara ergamaan Ergaa torbaffaatti, wanti Waaqayyo dhoksaatti akeeke raawwatamuu *qaba*" jedhe. Kunoo Gaaffiin jiru, kun, bara kana keessatti sarara sana yoo hordoftan, *ni* raawwatamaa? "Amantii argadhaa laata?" Miilkiyaas 4 bara kana keessa raawwatamaa laata, "Amantii ijoollee, gara Amantii abbootaatti, isa jalqabaa, gara Sagalichaatti deebisa ta'aa"? Argitanii?

166 "Warra badan, Yaambaarees fi Yaanees, akkuma morman." Amma, ammas, dhaggeeffadhaa, Ximootiwoos Isa Lammafaa 3:8. "Akkuma Yaan-. . . Museen morman, akkasuma baroota dhumaattis warri sammuun bade tokko tokko ni dhufu," amma waan Inni jedhu ilaalaa, "bifa Waaqummaa qabu," warra dibaman. Amma mee. . . Isin yeroo gara manaatti deebitan akkasuma—isa dubbisaa, kanaaf yoon danda'e barreeffama kana nan fixa, ganama kana, yoon danda'e. "Warra badan ilaalchisee. . . " Warra badan miti—isaan—jiru; isaan gaarii dha, namoota qaroomani dha.

167 Amma hubadhaa, Museen GOOFTAAN AKKAS JEDHA kan jedhu ergaa qabatee, gara Gibxiitti yeroo gadi bu'e, dhugaas ba'ameefiira; Isiraa'eeliin waame, waldaa osoo hin ta'in, saba ture. Isiraa'eel saba ture; isaan gonkumaa waldaa hin turre. sababni isaa, jechi *waldaa* jedhu "warra-waamaman" jechuu dha. Isaan namoota Waaqayyoo turan. Isaan Dubbii Waaqayyoo jalatti dibamanii, erga waamamanii booda, isaan waldaa Waaqayyoo ta'u. Sagalee Waaqayyoo waan hin amanneef, duubatti deebi'an, raajii sobaas dhagga'an. Sanaan liqimfaman jedheen yaada.

168 Isiraa'eel, saba Waaqayyoo ta'anii, harka Waaqayyoon ba'anii, Sagaleedhaan dibaman. . . Humna Waaqayyootiin, mallattoo fi dinqii Waaqayyoo arganiiru. Sana boodas yeroo Waaqayyo isaan wajjin socho'aa ture, raajiin sobaa dhufee,

isaan dibe, akkasumas Dubbii Waaqayyoo isa jalqabaan waan faallaa ta'e akka dhaga'an isaan barsiise; namoota sadiin alatti, tokkoon tokkoon isaaniis lafa onaa keessatti dhuman. Amma na hordofaa.

169 "Bara Nohi keessatti, lubbuun saddeet bishaan irraa akkuma oolanii turan, yeroo dhufaatii Ilma namaas akkasuma ta'a." "Bara Loox keessatti, akkuma sadanuu Soodom keessaa ba'an, yeroo Ilmi namaa mul'atuttis akkasuma in ta'a." Ani Caaffata Qulqullu qofan caqasaa jira, Dubbii Waaqayyoo, kunis, "Samii fi lafti ni darbu . . . " Tuuta xiqqaa ta'a!

170 Asitti hubadhaa. Museen Aroonitti gadi bu'e. Museen Waaqa ta'ee ture. Waaqayyoo akka inni Waaqa ta'uuf itti hime, akkas jedhe, "Ati Waaqa ta'i, Aroon obboleessi kee immoo raajii kee haa ta'u. Yoo dubbachuun si rakkise ati jechoota afaan isaa keessa keessa." Akkas jedhe, "Garuu eenyutu nama giingee godhee? Eenyutu namni akka dubbatu godhee?" Waaqayyootu godhe.

171 Akkasumas inni gadi bu'e. Inni maal godhe? Inni dinqii dhugaa fi sirrii kan Waaqayyo godhi jedheee itti hime taasise. Waaqayyo, "Dhaqiitii ulee kee lafa kaa'i" jedhe. Bofas ta'e, isas lafaa ol kaase. Isa ol hin kaasee, gara uleettis jijjiirame. Akkas jedhe, "Dhaqii Far'oon duratti, sana hojjedhu, 'GOOFTAAN AKKAS JEDHA' jedhii itti himi."

172 Far'oon immoo yeroo kana arge, akkuma nuti jennu, "Maali, tooftaa moraa akkamii ti jedhe." Akkas jedhe, "Homtuu keessa hin jiru. Inni dandeettii sammuu dubbisuu ti ykn waan biraa ti, beektuu. Jaarmiyaa keenya keessatti namoonni waan wal fakkaatu kan hojjetan jiru. 'As koottaa, Biishoop *Akkasii-fi-akkasii*. Atis, as, koottu.' Waan wal fakkaatu kan hojjetan qabna jedhe." Karaa Far'oon kan sana dubbachaa ture Seexana.

Karaa Musee kan dubbachaa ture sun Waaqayyoo dha.

173 Garuu yeroo namni kun gadi ba'u ilaalaa. Yaanees fi Yaanbaarees Musee dura ba'anii, akkasumas fuula namootaa duratti, dinqiiwwan Museen agarsiisuu danda'u hunda hojjetan. "Yoo danda'ameef warra Filataman illee ni gowwomsu." Sun sirrii dhaa? Waan Museen hojjete wajjin kan wal fakkaatu hojjetan. Hubattanii? Amma yaadadhaa, CAAFFANNI AKKAS JEDHA, bara dhumaatti ammas irra deebi'a.

Garaagarummaan Musee fi Yaanbaarees gidduu jiru maal ture?

Museen, "Bishaan keessatti dhiigni haa ta'u" jedhe.

Raajonni sobaas, "Kunoo, nutis dhiigni bishaan keessa galchuu dandeenyeerra, akkasuma" jedhan. Innis ni ta'e.

Kanaaf Museen, "Tafkiiwwan haa jiraatan" jedhe. Inni eessaa fudhate? Kallattiin Waaqayyo biraa. Argitanii?

Innis maal godhe? Innis, “Tole, nuti tafkiiwwan fiduu dandeenya, sirriitti” jedhe. Isaanis sana hojjetaniiru. Dinqii Museen gochuu danda’u hunda, isaanis, akkas gochuu danda’aniiru!

174 Yaadadhaa, sammuutti qabadhaa, yeroo muraasa booda, itti dhufaa jirra. Isaan waan warri kaan godhan hunda gochuu danda’u, garuu isaan Dubbicha duukaa bu’uu hin danda’an. Dubbicha duukaa bu’uu hin danda’an.

175 Amma hubadhaa, sana godhaniiru, garuu Museen, raajii-dhugaa Waaqayyo biraa ergame, Waaqayyoon ajaajame, inni isaan wajjin walitti hin buune, akkas jedhe, “Asitti, kana gochuu hin dandeessan! Hin dandeessan!” inni qofa isaan dhiise, akka itti fufan eeyyame. Isaan raajota jaarmiyaa ti, garuu itti fufan.

176 Museen kallattiin deemee, Waaqayyoon dhaggeeffate. Waaqayyo “Amma *kana* godhi,” yoo jedhe, Museen dhaqee ni raawwata. Inni waan haaraa godhe. Yeroo ta’an, tokko tokkoon isaanii miira ta’e ykn waan tokko ta’u, kunoo ni dhufu. Isaanis akkuma Museen hojjete, akkasuma, ni taasisu.

177 Amma hubadhaa. Namoonni kun ni dhufu. . .Oo, yaa namootaa, kun isin hin darbin! Gowwoomsitoonni, fakkeessitoonni kun, erga namni dhugaan deemee booda mul’atu. Argitanii? Isaan fakkeessuuf dhufu. Argitanii, isaan dhufuu qabu. Seexanni homaa uumuu hin danda’u; isa jalqabaa jallisuu qofa dha.

Cubbuun immoo maali? Qulqullummaa jallate dha. Eejji maali? Hojii gaarii jallate dha. Sobni maali? Dhugaa jallate dha. Jallachuu!

178 Mee Hanaaniyaa ilaalaa, jallachuu Sagalee jalqabaa. Mee Bala’aam ilaalaa, jallachuu Sagalee jalqabaa. Mee Sedeeqiyaas illalaa, jallachuu Sagalee jalqabaa.

Macaafni Qulqulluun immoo namoonni kun akka dhufan, erga jal’isanii booda. . .ykn Sagalee jalqaba mul’atee fi Dhugaa ta’uun isaa mirkanaa’e akka jal’isan dubbateera.

179 “Hojii wangeelummaa kee hojjedhu,” bakka jirtutti, “tajaajila keen dhugaa bahumsa guutuu taasisi. Sababni isaa Barumsa fayyaa ta’e yeroo namoonni obsan ni dhufa, garuu waan gurra isaanii hooksisuuf, kana irra fedhii isaanii wajjin kan walii galu barsiisota walitti qabatu; ba’anii waan barbaadan gochuu eegalu, akkasumas, ‘Rakkoo hin qabu, dinqii fi mallattoo wal fakkaataa qabna’ jedhu. Dhugaa irraas ni goru, mammaaksaa, fi gara barsiisa doogimaatti fudhatamu.”

180 Oo, dammaqinsa yaadaa Hafuura Qulqulluu, fuula isaatti hangam dhugaa fi ifa akka ta’e dhaabatee yoo yaadu lubbuu namaa kan rukutu sodaa! Waggaa soddomii-sadii dura, dhagaan golee qotamee waraqaan xiqqqaa as kaa’ame sunis ni dubbifame. Dhagaan goolee kun bakka kaa’ametti ganama

sana, Seveenzi Istriit irratti—irratti waan Inni dubbate ilaalaa. Amma isa ilaalaa. As Laga kana irratti ilaalaa, yeroo Ergamaan Gooftaa bifa Utubaa Ibiddaatiin yeroo gadi bu'u ilaalaa, waldaa dhibbootaan lakkaa'aman, ykn namoonni waldaa, qarqara galaanichaa irra dhaabbatanii turan; waan Inni dubbate, yoo raawwatame ilaalaa. Maal akka ta'e ilaalaa.

181 Inni baay'ee ulfaata. Akka ulfaatu fakkaatu beeka, obboloota, achi ba'aa. Garuu . . . Macaafni Qulqulluun, Yesus ofii Isaa, "Utuu danda'amee warra Filataman illee ni gowwomsu" jedhe. Karaan naannicha hin jiru. Gonkumaa Isa hin argan. Utuu danda'amee, warri Filataman illee ni gowwomfamu ture.

182 Hubadhaa, namoonni kun kan mul'atan Waaqayyoo irraa kan dibame; raajii Isaa dhugaan, Museen erga ergamee booda ture. Museen immoo waan hunda gochuu danda'a, isaan fakkeessaa turan.

183 Amma, obboleessaa, obboleettii, ani . . . Kun waldaa koo ti. Hamma Dubbii Waaqayyoo ta'etti, ani waan barbaade lallabuuf mirgan qaba. Ani isin hin balaleeffadhu, garuu mee bara keessa jiraannu fi yeroo amma keessa jirru kanas haa qorannu.

184 Obboleessa Ruudeel, Juuniyar Jaaksanii, fi isaan as jiran, waldaalee obbolootaaf nagaan koon dhiyeessa. Yeroo muraasaan dura, ani isaan nan dagadhe. Waldaa keessa kutaan—waan hin jirreef, akkasuma, isaan ganamaan hordofaa turan.

185 Daqiiqaa tokkoof, qofa amma yaadaa. Isaan dinqii Museen hojjete kan fakkaatu hojjetaniiru. Museen tafkiiwwan fide; isaanis fakkeessanii tafkiiwwan fidan. Argitanii?

Waaqayyo akkas jedhe, "Guyyaa isa irraa nyaattan, guyyaa sana ni duutu."

186 Seexanni dhufee akkas jedhe, "Dhugaa dha, isin hin duutan. Isin caalaatti ogeessota ni taatu. Jaarmiyaa fooyya'aa ta'e ni qabaattu, fooyya'aa . . ." Beektuu. "Beektuu, wanti hunduu isiniif kan fooyya'e ta'a, Ifa caalu argattu." Argitanii, jallisuu qofa. Akkasuma . . .

187 Yaadadhaa, Ximootiwoos Isa Lammaffaa 3:18 irra akkuma jiru, GOOFTAAN AKKAS JEDHA, kunis, "Bara dhumaa irratti, Yaambaarees fi Yaanees lafa irratti ni ka'u." Amma, isaan lamaan akka jiran, akka hubattan nan barbaada, argitanii, fakkeessitoota.

188 Amma mee gara Soodoomittiin isin deebina, yeroo muraasa booda, isaan sadan kun, Ergamoonni sadan akka dhufan argineerra, fakkeessuu argineerra, fi kkf, argitanii, waan sirrii fi dogoggora ta'e argitanii. Argitanii? Argitanii?

189 Hubadhaa, dinqii wal fakkaatu hojjetaniiru. Garuu, hubadhaa, dhugaa Waaqayyo ergeen, Sagalee dhugaa dibame fakkeessu; lammaffaa irratti, mul'atani.

190 Ani daqiiqaa tokkoof yoo yaanne jedheen yaada. Dhiyeenya kana, naannoo waggoota digdamaa dura, namootaa harka isaanii qabadhee, mallattoonis mul'ate. Obboleessa koo, wantoota hundaa fi nama hunda irratti mallattootu ture... Tokko harka isaa mirgaan; tokko harka isaa bitaan; inni biraa ni urgeeffata. Argitanii, gosoota hundumaan...Wanti na yaachisu...Waaqayyo yeroo kana dhugaan isaa maal akka ta'e akkan isinitti himu naaf hin eeyyamu, garuu gaaf tokko dhugaa ni argattu. Sunis akka isaan waa'ee hin baafne saaxiluudhaaf qofa. Jalqaba irratti, sirrii hin turre. Gooftaan yoo eeyyame, gaaf tokko, isinittan hima.

191 Hubadhaa, isaan dinqiiwwan wal fakkaataa hojjetaniiru, garuu isaan...Hubadhaa, isaan Sagaleen jalqabaa erga ba'ee booda, homaa hin goone. Seexanni iddoo dhaaba Edan keessatti kan godhe kana. Inni yeroo hunda akkasitti hojjeta. Eenyutu dursee raajii dubbate? Musee. Eenyutu dura gara taphichaatti dhufe, Musee moo Bala'aam? Musee. Eenyutu dura gara taphichaatti dhufe, Ermiyaas moo Hanaaniyaa? Maal jechuu akkan barbaade argitanii?

192 Hubadhaa, isaan ni garagachan. Waan garraamummaan godhan, fakkeessitoota foonii, akkuma torbee darbe ilaallee, akkuma Daawit "Waaqayyoon tajaajilla," jedhanii yaadu, garuu fakkeessitoota foonii ti. Yeroo xiqqoon isiniif kenna. Bakka kanatti akka yaaddan nan barbaada. Ani yoon dubbachuu baadhe, Hafuurri Qulqulluun ni mul'isa, keessumaa warra Filatamaniif. Argitanii?

193 Dhaabbanni amantii Fara'oon, "Nama waanuma sana hojjetu qabna" jedhan, isaanis ni taasisan. Argitanii? Far'oon maaliif kana godhe? Waaqayyo maaliif isa eeyyame? Waaqayyo nama dhugaa, raajii dibame maaliif Far'oon fuul duratti mallattoo akka hojjetu erge, garagalchas dhaabbilee amantii fidee namoota fuul duratti akka fakkeessu maaliif godhe? Fakkeessaan ka'ee akka isa hojjetu, waanuma Hafuurri Qulqulluun dhugaan hojjetu sana akka innis hojjetu Inni maaliif eeyyame? Argitanii, Caaffanni raawwachuu qaba.

194 Hubadhaa, Inni kan kana godheef Inni garaan Fara'oonii fi Gibxootaa akka jabaatu gochuudhaafi, sunis Musee qofti nama Sagalee qabate akka hin taane mirkaneessuufi. Isaan waan Museen gochuu danda'u hunda gochuu danda'a.

195 Waaqayyo maaliif wanti kun bara dhumaa keessatti akka ta'u eeyyame? Kanaaf, hafuurri sobaa Sedeeqiyaasitti akkuma dubbate waan wal fakkaatu, "Wantoonni kun akka raawwatamaniif, Ahaabiin akkamitti gara sanatti baafna?" Inni akkamitti namoota kana argata, isaan waldoota isaanii amanatan, kan Inni raaje sun, wantoonni kun akka raawwatamaniifii? Isaan, Bara Waldaa Lodooqiyaa kana keessatti, "Akkas waan jetteef 'ani sooressa, homaas na hin

barbaachisu. Ani mootii ta'ee taa'era.' Homaa kan hin qabne! Hiyyeessa, deegaa, jaamaa ta'uu kee hin beektuu? Akka Ana irraa bitattun Ani sin gorsa," Innis, "zayitii fi warqee qaba" jedhe. Maaliif Inni akkas godhe?

196 Fakkeessitoonni kun maaliif baroota kana keessa akka ka'an Inni eeyyame, yeroo wantoonni kun Sagalee Waaqayyoo dhugaatiin raawwataman; warri fakkeessan immoo ol ba'anii akkasuma haa godhan, Sagalee Waaqayyoo isa dhugaas haa ganan? Museefis akkasuma godhe. Far'oonis Musee irratti akkasuma godhe; isaanis, Yaanees fi Yaambaarees, Musee irratti akkasuma godhan. Bara dhumaattis akka irra deebi'amu Macaafni Qulqulluun dubbateera. Kunoo. Amma, Caaffanni Qulqulluun kun yoo hin raawwatamne, eessa jira?

197 Museen akkas jedhee dhaadateeraa ree, "Asitti! Asitti! Ati akkas gochuu hin dandeessu. Kan muudame ana qofa. Asitti! Ammuma, sana dhaabi"? Inni isaan gadhiise.

198 Isaan dhiisaa. Yaadadhaa, Macaafni Qulqulluun, "Akkuma gowwummaan isaanii mul'ate, isaan kun guyyaa dhumaatti mul'atu," yeroo Misirroon ol butamtee gara samiitti ol fudhatamte. Hubadhaa.

Museen, Sagalee dhugaan mul'ate, homaa hin dubbanne, qofa ni dhiise. Garuu Inni sana hojjete Inni kanaaf garaa Fara'oon jabeessuu danda'e, Fara'oon gowwoomse.

199 Inni Ahaab gowwoomsuuf Inni waanuma wal fakkaataa godhe. Gurbaan xiqqaan tokkos kophaa isaa dhaabatee, Miikiyaas xiqqaan, "GOOFTAAN AKKAS JEDHA," jedhee isaanitti hime. Kunoo namni biraa dibame tokko, dhaabatee, "GOOFTAAN AKKAS JEDHA jedhe." Lamaan isaanii, waliif faallaa turan.

200 Nutis GOOFTAAN AKKAS JEDHA kan jedhu wajjin dhaabbanna, innis guyyaa dhumaatti cuuphaan bishaanii Maqaa Gooftaa Yesusiin ta'uu qabaa dha. namni biraa kan dinqii godhu ni dhufa, innis, amantii Sadan tokkummaa ti.

201 Macaafa Qulqulluu keessa jecha *sadan tokkummaa* jedhu na agarsiisaa. Waaqota sadii kan jedhu na agarsiisaa. Eessa akka jiru natti argisiisaa. Inni Sagalee Waaqayyoo keessa hin jiru. Namni kamiyyuu maqaa kabajaa kana fayyadamee maqaa "Abbaa, Ilmaa, fi Hafuura Qulqulluutiin," cuuphame kan agarsiisu ragaan hin jiru. Wantoonni kun hundi, "Oo, sirrii dha, obboleettiiwwan koo. Sirrii dha, qofa rifeensa gabaabaa . . . dheereffadhaa. Sirrii dha, isin *kana, sana,* ykn kan *biraa* gochuu hin qabdan. Oo, hiika hin qabu, dukkanaa'aa moofaa dha."

202 Garuu Macaafni Qulqulluun akkas jedhe! Inni kakateera, "Bara dhumaatti, Inni Hafuura Eliyaas ni erga. akkasumas ijoollee Waaqayyoo, gara Amantii isa jalqaba dur ture sanaatti deebisuuf, gara Sagalichaatti namoota waama." Sagaleen sun mirkanaa'eera, Ilmi namaa bara dhumaatti, akkuma Sodoomitti

ta'e; kaleessa, har'a, bara baraanis isuma sana. Inni isa gochuuf wadaa galeera. Inni kakuu Waaqayyoo ti. Innis GOOFTAAN AKKAS JEDHA dha.

Hubadhaa, isaanis akkuma Museen godhe, waan wal fakkaataa godhan, hanga Waaqayyo ga'e jedhutti.

203 Amma yaadadhaa, GOOFTAAN AKKAS JEDHA, kan jedhu bara kana ni raawwatama. Amma, addunyaa irra barbaadaa; sirna waaqeffannaa hunda fudhaa, qomoo hunda fudhaa, nama hunda fudhaa, waldaa hunda fudhaa! Isin lallabdoonni, kana akka gootan, Maqaa Kiristoosiin, isinan ajaja. Isinan ajaja barrulee akka dubbiftan ykn bakka deemuu barbaaddan kamittuu akka xiyyeeffattan, ilaalaa ammas lafa irratti yoo ta'uu baate. Argitanii?

204 Sana booda, Maatiwoos 24:24 guutummaatti sirrii dha. "Sobdoonni, bara dhumaatti dibaman ni ka'u, raajota sobaas ni ka'u, namoota baay'ees ni wallaalchisu." Amma akkaataa itti dhufaa jirutti ilaalaa, amma akka dhufaa jirutti, argitanii, "Baay'ee ni gowwomsu." "Raajota," Baay'ee; "Kiristoosota," dibaman, Baay'ee; kanneen adda addaa baay'ee, Meetoodistii, beektuu, Baaptistiis, Pheenxeqoosxee, fi kkf. Argitanii?

Garuu Hafuurri Kiristoos dhugaa ta'e tokko jira, Sagalee foon kan godhe sun Inni akkuma waadaa gale raawwata.

Amma xiqqoon itti fufa, gara Caaffata Qulqulluu dabalataan isin geessa.

Hanga, Waaqayyo ga'a jedhutti ga'a, sana booda wanti hunduu raawwate. Bu'aa hin qabnee ta'uu isaanii mul'ate.

205 Hubadhaa, yaadadhaa, qolli isaa sirriitti midhaan qamadii fakkaata. Argitanii? Bara Luutaranitti deebitanii, akkas hin jettan, "hundeen isaa qamadii ture," ammayyuu Jireenya of keessaa qaba. Hundeen rakkoo hin qabu, Jireenyi hundee keessaa sirrii dha, garuu, yaadadhaa, Jireenyi itti fufee jira; Elsaa'i irraa eegalee Eliyaasitti guddate, Jireenyi itti fufeera, garuu, yaadadhaa, Inni sadarkaa biraa jira, Sadarkaa sana irra turuu hin danda'u. Nuyi du'aa bara biraa nyaachuu hin dandeenyu, Nuyi du'aa Pheenxeqoosxee, Meetoodistii, ykn Baaptistii nyaachuu hin dandeenyu, argitanii, du'aa ta'eera. Nuyi Nyaata ho'aa qabna, Sagalee yeroo kanaa, fi kkf.

206 Yaadadhaa, qolichi akkuma midhaan qamadii ti. Adda hin baastan. . .Inni yeroo marga jidhaa hin fakkaatu, yeroo gogus hin fakkaatu, qola isaa irratti garuu sirriitti fakkaata. Kaleessa Yesus Kiristoos. . .keessatti, Luutaraan keessatti; Wesilii keessatti kaleessa akkuma sana hin fakkaatu; garuu Pheenxeqoosxee keessatti ni fakkaata, "yoo danda'ame warra Filataman illee ni gowwomsa." Argitanii? Barri keessan kanuma.

207 Garuu yaadadhaa, waldaan Pheenxeqoosxee sun, bara dhumaatti, Loodooqiyaa turte; akkasumas Kiristoos dhufeera,

Sanyichi, Qamadichi, ofii Isaa. Yeroo Inni yaale. . . Yaadadhaa, yeroo Inni waldaa keessatti ofii Isaa mul'isuu yaale, Inni bakkeetti baafame. Amma dibamteetti, kan jedhamte; waldaa keessa ture.

208 Garuu Sagalichi *kunoo* ti, ofii Isaa Kiristoosi, suni immoo Sagalee dibame isa gara haftee Qaama Isaa, Misirroottti dhufu dha. akkuma dubbanne, kan dibame, bishaan qamadii obaasu sana, inkirdaadas ni obaasa, warra dibamanis ni obaasa. Warra Filataman qofa, ykn dura kan murteeffaman, garaagarummaa isaan gidduu jiru warra gargar baasuu danda'ani dha. Amma, Efesoon 5:1 waa'ee kanaa, fi akkam akka ture isinitti hima.

209 Warra dibamani dha. Hunduu akkas jedha, "Ulfinni Waaqayyoof haa ta'u! Asitti bilisummaa arganneerra. Haalleeluyyaa! Nuti . . . Oo, haalleeluyyaa! Afaanota haaraan dubbanna, akkasumas ni utaalla. Nuti bilisummaa dubartoota arganne; isin namoota nanaa wantoota kana hundumaa keessa galchuu barbaaddu." Argitanii? Itti fufa. Wanti isin gochuu dandeessan hin jiru. "Tole, afaanota haaraa dubbanna. Ni iyyina. Hafuuraan shubbisna. Dubbicha lallabna," jedhu. Guutummaatti. Isa kan mormu hin jiru. As Macaafa Qulqulluu keessatti namoonni caqafaman kun akkasuma godhu.

Yesus akkas jedhe, "Yoo danda'ame warra Filataman illee ni gowwomsu, warra Filataman."

210 Amma hubadhaa, qolichi . . . Midhaan isa duraa irra, Midhaan inni lafa keessa seene sun, Inni jaarmiyaa hin turre. Ofii Isaa, Midhaan tokko ture. Garuu yeroo biqilu, Midhaan miti; jaarmiyaa ture, argitanii, baalota, boqqoolloo.

Inni gara sadarkaa biraatti ce'e, gara babal'inaatti. Garuu amma iyyuu akka isa jalqabaa hin turre. Dhaabbata ture.

211 Inni gara qolaatti guddate, baalota baay'ee, Pheenxeqoosxee, hanga tokko bifa godhateera. Mee ilaalaa. Inni yeroo hunda bifa godhachaa jira, bifuma wal fakkaatu, qola isaa xiqqoo as jiru yeroo ilaaltan sirriitti Midhaan qamadii fakkaata.

212 Garuu Inni dhumarratti mul'ate, jaarmiyaanis hin jiru. Sichi baattonni hin jiran. Baattuu aarmiyaa qofa. Baattonni hin jiran; jirmi isaa du'uu qaba, qolli du'uu qaba, wanti biraa hundi du'uu qaba, qamadiin garuu ni jiraata. Qaama du'aa ka'uu, kallattiidhaan gadi ni dhufa akkasumas isaan ni fudhata. "Warri boodaa dura ta'u, warri duraa immoo booda ta'u." Argitanii, guyyaa du'aa ka'uu irratti isaan kaasa. Hordofaa jirtuu? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Gaarii dha. Hubadhaa, midhaanichi . . .

213 Qolichi sirriitti midhaanicha fakkaata. Namni qonna qamadii, ykn waan biraa qabu tokko immoo, argee akkas jedha, "Galata Waaqayyoo, ani midhaan qamadii qaba," inni osoo

hundee qamadii tokko hin qabaatin. Hmm? Inni yeroo ilaalan qamadii fakkaata, garuu inkirdaada.

214 Amma, michoota koo, na wajjin duubatti haa deebi'nu: Haaromsi jalqabaa eessaa dhufe, guyyoota—yeroo midhaan qamadii lafa irratti kufuu qabu booda, Misirroo Kiristoos kan ta'e, Qaamichi? Kiristoos Misirroo Isaa hundeessa, Waldaa Isaa, sun sirrii dhaa? Inni gonkumaa Isa hin hundeessine; Waldaa keessatti, ergamoota, raajota, fi kkf Inni muudee, akka Isheen qulqullooftu godha. Roomaa, Niiqiyaatti, waggaa dhibba sadii fi ja'a dura garuu, gurmaa'anii achi keessaa isaan jaarmiyaa dhaaban. Sirrii dhaa? Innis ni du'e. Namni kamiyyuu kan waldaa sana wajjin walii hin galle ni ajeefame. Akkasumas hanga ammaatti, waggoota dhibbootaaf, balfaa keessatti kufte.

215 Garuu, yeroo xiqqoo booda, Luutar keessa dhufte. Biqiltuu xiqqoon qamadii keessa ol baate. Lammaffaanis, achi keessaa ba'e. Zuwingilii fi kkf, achi keessaa ba'an, akkasumas jaarmiyaaleen biroo fi kkf itti fufan. Achii, yeroo muraasaa booda immoo, Angilikaan dhufte.

216 Sana booda immoo maaltu ta'e? Asitti Wesiliin haaromsa haaraa wajjin dhufe, Qamadii xixiqqoo wajjin kan wal fakkaatu sun, babal'achaa dhufe. Achii maaltu ta'e? Inni ni gurmaa'e, akkasumas goggogee immoo ni du'e.

217 Jireenyi kallattiidhaan gara inkirdaadichaatti gale, inkirdaadichi immoo akkuma Qamadii sirriitti ba'e. Garuu, dhumarratti, waggaa saddeet ykn waggaa kudhan, keessumaa waggaa sadan darban keessatti hamaan mul'ateera. Amma inni maal godha? Qamadii keessaa ba'a.

218 Amma maaliif waggoota digdama darban kana keessatti haaromsa guddaa kana keessatti dhaabbanni hin jiraanne; raajonni dibaman sun, barsiisonni dibaman, kkf, garuu maaliif as hin jiraanne? Qamadicha booda homtuu hin jiraatu. Argitanii, dhaabbata malee, Inni deebi'eera. Oo, maay, namni jaamaa tokko sana arguu danda'a ture. Inni jaarmiyeessuu hin danda'u; Inni cimsee sanaan morma. Ofii Isaa, Inni midhaan Qamadii ti. Ilmi namaa ni mul'ata. Ilmi namaa guyyaa dhumaatti, sanyiin Qamadii deebi'ee gara ofii Isaatti dhufa.

219 "Guyyoota dhumaatti, Isa irratti immoo fakkeessitoonni ni ka'u, yoo danda'ame warra Filataman illee ni gowwomsu." Ilaalaa amma qolli jaarmiyaa isaanii akka ka'aa jiru.

220 Inni Qamadichi qofa warra qaama Isaa, warra Filataman, akka beekamu godha. Hubadhaa hangam gammachiisaa ta'ee as dhufe. Qofa . . . Hubadhaa, kanneen dibaman ni danda'u; dhugaan warra Filataman, kan dura murteeffaman, Efeesoon 5:1, ykn, 1:5, caalaatti, muudamanii, kan filataman. Kanneen hin gowwomfamne sun isaan qofa dha.

221 Hubadhaa, raajonni dibaman akka sobdoota ta'an, kanneen giddu dhaa immoo kan dhugaan dibaman jiru. Maaliin beektu?

Sagaleedhaan. Akkuma, gaaddidduu keessatti argine. Argitanii? “Ameen,” jedhaa. [Gumiin akkas jedha, “Ameen.”—Gulaalaa.] Argitanii?

222 Hubadhaa, namoota dibaman, kan gargar isaan baasu Sagalee qofa, mallattoo miti. Oo, lakki. Isaan mallattoowwan wal fakkaataa hojjetu, garuu kan gargar isaan baasu Sagalee dha. Dhugaa dha. Isaan hundi raajan. Isaan hundi *kana, sana* taasisan, akkasumas kan *biraa*, dhugaa dha, qofa wal fakkaata. Yesus isaan wal fakkaataa akka godhan dubbateera. Garuu Sagaleen gargar isaan baase, hubadhaa, mallattoo miti.

223 Hubattaniittuu? Maatiwoos 24 keessatti, Yesus akkas jedhe. “Bara dhumaatti Yesusonni sobdoonni ni ka’u,” hin jennee. Oo, lakki, isaan gonkumaa isaaf hin dhaabbatan. Lakki. Isin Pheenxeqoosxee dhugaan hordofu tokko, inni, ofii isaa, ani “Yesus dha” jedha jettanii yaadduu? Argitanii? Meetoodistiin sobaan tokko, ykn Baaptistiin tokko, ykn namni tokko, ykn jaarmiyaan tokko, “Nuyi Yesus,” jedhu jettanii yaadduu? Isaan kana caala beeku. Isaan kana hin godhan. Garuu Macaafni Qulqulluun isaan “Kiristoosota sobaa,” Yesuusotaa miti, garuu, “Kiristoosota sabaa” jedha. “Ani Yesus,” yoo jedhan illee, homtuu isaan hin beeku. Oo, lakki.

224 Garuu isaan “Kiristoosota sobaa ti,” akkasumas isa hin beekan, sababni isaas isaan Sagalichaan mormu. Waaqayyos kanuma ni mirkaneessa. Amma, ani kana amma gara walmorkii tokkotti gadi fidaan jira, ‘sababni isaa waanuma namoonni kun hojjechaa turan waan wal fakkataa argitaniittu. Yesus akkas jedhe.

225 Amma, akkuman jedhe, amma namoonni ala jirtan, achi lafa bilbilaa irratti, ani—isin balaaleffachaa hin jiru, garuu kun waldaa koo ti—akkasumas garee koo Hafuurri Qulqulluun kan itti na muude, ani immoo Dhugaa isaanitti himuun narra jira. Yerichi darbaa jira.

226 Amma, isaan sanaaf hin dhaabbatan, garuu, “Kiristoosota sobaa,” sobdoota, dibaman, mallattoo hundaa fi qubee Dubbichaa hundumaa wajjin kan guutamani dha. “Cuuphaa Hafuura Qulqulluu ni amanuu?” Sirriitti. “*Kana* hunda ni amanuu?” Eeyyee. “Afaan haaraatti amanuu?” Eeyyee. “Mallattoo fi dinqii hordofanitti amanuu, mallattoon isaan hordofaa?” Eeyyee. Sun kan Meetoodistii miti, sun kan Baaptistii miti. Lakki, lakki. Sun kan Pheenxeqoosxee ti. Argitanii, kun bara dhumaa ti.

227 Amma, barri waldaa isheen jalqabaa sana gonkumaa hin hubanne. Barri waldaa Meetoodistii sana hin hubanne; barri waldaa Baaptistii, isaan sana gonkumaa hin hubanne; Barri waldaa Pireesbaayiteeriyaan, sana hin hubanne. Garuu, Pheenxeqoosxeen, akka Waan dhugaatti baa’ee dhi’aatan! Sun bakka . . . Qamadiin . . . qolli isaa caalaatti Qamadii fakkaate

dha. Isaan hin hubanne. Argitanii? Hin hubanne. Garuu inni bara dhumaa ti, bara kana. Eeyyee, fira koo.

228 Hubadhaa, inni akkuma jalqaba ture, inni dhuma irrattis akkasuma ta'a. Hewaan Jecha tokko karaa dogoggoraa akka hiikte, Seexannis Hewaan kana godhe, isheen isa amante. *Ishee* malee, *isa* miti; waldaa malee, Isa miti. Argitanii? Waldaa dha kan jecha sobaa dubbate. Argitanii? Addaam miti; Hewaani. Kiristoos miti; waldaa dha, misirroo, dibamte, ta'uu kan qabdu, ofii ishee Misirroo jettee kan waamtu, argitanii, jecha dogoggoraa qabatteetti.

229 Kana ilaaluu hin dandeessanii? Maaliif, akkuma kirrii kophee, akkuma dabbasaa ija keessanii wal fakkaata. Maaliif, Macaafa Qulqulluu, hanga bantan, Inni sirriitti walitti maxxansa. Hewaani, Addaam miti; Hewaan isa amante, Addaam miti. Har'a misirroo, kan-jettu, isa amanti; Kiristoos miti. Misirroon, ani misirroo dha kan-jettu; mallattoo wal fakkaataa, dinqii wal fakkaataa, wanti hundi wal fakkaataa; garuu isa dhugaa Tokko miti. "Yoo danda'ame Warra Filataman illee ni gowwoomsu."

230 Amma ariitiin, daqiiqaa kudha shan keessatti kana xumuruu yoo dandeenye, yeroodhaan baana. Ofii keessan, hubannaa dogoggoraa—hin qabaattan, amma sirriitti itti dhiyeenyaan hubadhaa.

231 Amma, lakki, isaan "Yesus sobaa" jedhamanii waamamuu hin barbaadan. "Yesus" jedhamanii waamamuu hin barbaadan. Akka hin taane beekamaa dha. Sun baay'ee ifa. Namni hunduu sana beeka. Isaan akka Yesus hin taane namni hundi ni beeka. dugda irratti Zayitii yoo qabaatan, harka irra dhiigni yoo jiraatee fi ija isaanii olii-fi-gadi yoo godhan na hin dhibu, isaan hammayyuu isa beeku . . . Namni miira gaarii qabu kamuu, inni Yesus akka hin taane beeka. Argitanii? Isaan sana hin fudhatan. Garuu isaan "kan dibaman" jedhanii of waamu. Isaanis dinqii fi mallattoo hojjetu, "warra Filataman illee gowwomsuuf." "Garuu Kiristoosonni sobaa, dibaman, ni ka'u, yoo danda'ame warra Filataman illee ni gowwomsu."

Amma sirriitti hordofaa. Yaadni kun isin hin miliqin, sababni isaa isa dhaggeeffachuun barbaachisaa dha.

Inni maayikiraafoonii kana irra teeppii tokko tokko kaa'aa jira, ol balali'uu irraa eeguudhaaf. Na dafqisiisaa ture; teeppicha irratti dhimmiseera, argitanii.

Kanaaf, Macaafni Qulqulluun akkuma dubbate, Inni akkuma ta'a. Argitanii?

232 Hubadhaa, Yesusota sobaa miti. "Kiristoosota sobaa ti!" Isaan akka waan dibamaniitti amanu, garuu Yesus akka hin taane ni beeku. Argitanii, sun baay'ee ifa. Namni tokko dhufee, har'a, "Ilaalaa godaannisa harka koo irra jiru. Adda koo irra kan jirus ilaalaa. Ani Yesus dha" yoo jedhe. Kunoo, amma, soba akka

ta'e beekna. Akkasuma, yaadadhaa, namoonni sun gonkumaa dhufani hin jenne Yesus. Inni "Kiristoosonni sobaa" ni dhufu jedheera. "Kiristoosota," baay'ee, dhaabbilee amantii, fi kkf, *warra dibaman*; hafuura dhaabbilee amantiin kan dibaman, malee Dubbichaan miti. Hordofaa jirtuu? Yesus sobaa miti. "Kiristoosota sobaa ti," soba, warra dibaman. Argitanii? Oo, akkam ifa? Akkam. . . Dhuguma kun isin hin darbin!

233 Amma, yaadadhaa, namoonni kutaa sadii akka jiran isinitti himeera. Sanyii namootaa sadiitu jiru: Kaam, Seem, fi Yaafet, sanyii sadii. Kutaalee sadii, isaanis akkuman jedhe, amanaa, amanaaa-fakkeessaa, fi kan hin amanne. Yeroo hunda akkasi ture, yeroo hunda akkasuma ta'a. Argitanii? Museen, amanaa ture; Yaanbaarees fi Yaanees warra hin ammanne turan; garee hin amanne turan. Argitanii? Bala'aamis tureera; Museen. . . Yeroo hunda namoota kutaa sadiitu jira, kutaalee sadii; amanaa, amanaa-fakkeessaa, fi kan hin amaanne.

234 Amma yaadadhaa, kan hin amanne, dhaabbileen waldaa, mallattoo kamiyyuu guutumaatti hin kan amanne; qorrituu, idilee, gara jabeettii, waldaan biyya lafaa keessaa, dhaabbata amantii ti. Amanaa-fakkeessan garuu qola. Amanaa-fakkeessaan nama akkanaa ti. Amanaa dhugaanis jira sun dhugaa dha. Amma, daqiiqaa tokko qofaaf yeroo wajjin deeman, amma ilaalaa.

235 Warri hin amanne immoo hangam ija jabeeyyii akka ta'an hubadhaa, ykn amanaa-fakkeessaa fi kan hin amanne. Maay! Ija jabeeyyii dha, ilaalaa, Seexanni Argama Dubbii dhugaa dura akkuma dhaabbatu, akkas jedhamee, "Barreeffameera!" Sirrii dhaa?

236 Seexanni maaliif akkas godhe? Sagalee bara sanaa waan hin beekneefi. . . Inni Sagalee bara sanaa akka ture beekeera, garuu Namni xiqqaan gadi of deebise kun Saglee ta'uu isaa shakke. "Yoo Ati Ilma Waaqayyoo taate. Ilmi Waaqayyoo akka dhufu nan beeka, sababni isaa Inni akka dhufu Inni dubbateera. 'Akka Si eeganiif Ergamoota Isaa Siif abbooma,' jedhamee barreeffameera. Argitanii? Naaf mirkaneessi! Dinqii hojjedhu! Ati hojjedhu nan ilaalaa." Argitanii? Argitanii?

237 Argitanii, kan hin amanne, amanaa-fakkeessaa, kan fakkeessu. Gidduu isaaniitti Yihudaa ilaalaa, yeroo wal fakkataa, amanaa-fakkeessaa! Argitanii? Hubadhaa, Sagaleen dhugaa kana ture.

238 Akkam ija jabeeyyii dha! "Amma, waan hiika hin qabneef xiyyeeffannoo hin kenninaa. Inni duwwaa dha. Achi hin deeminaa. Iyya hin fayyanne dha. Sun duwwaa dha. Sun asoosama qofa. Sammuu keessan keessatti dha." Ilaalaa, maal jechuu akkan barbaade argitanii? Argama Dubbichaa dura dhaabbadhaa akkas jedhaa.

239 Seexanni kallattiin seene. Yihudaa keessatti Macaafni Qulqulluun akkuma dubbate, "Ergamaan guddich illee, Seexana wajjin yeroo wal falmu, 'Gooftaan si haa ifatu,'" jedhe. Sagalee Isaa morma!

Mormituun kiristoos dibame, kunoo ti, Dubbii dhugaa bara kanaa kan ta'e, Yesus Kiristoosiin mormuudhaaf dhaabate, "Barreeffameera," jedhe.

240 Bara dhumaa ilaalaa. "Yoo danda'ame warra Filataman illee hanga gowwomsutti wal faakkaata." Oo, maay! Warra Filataman sabani hin gowwomsine, maaliifi beektuu? Isaan Sagalee waan ta'aniifi. Argitanii? Akkuma Jireenyi hidda keessa jirtu, dura akkuman jedhe, Inni Of ganuu hin danda'u. Argitanii, Inni Sagalee dha akkasumas yeroo Dubbichaa ti. Sirrii dha.

241 Akkuma Ermiyaas, inni beekeera. Waan Hanaaniyaan jedhe dhimma hin qabu, inni bakka isaa ni beeka ture. Inni akkuma Musee fi—fi warri kaan kan godhani, hunduu sanuma. Sana, inni beekee ture, raajonni sobaa waan fedhan yoo jedhan, Dubbiin Waaqayyoo jira. Inni barreeffameera.

Miikiyaas "Tole, na eegaa ni argitu," sababni jedhuu danda'e kanaafi.

242 Ahaab akkas jedhe, "Raajota koo nan amana. Jaarmiyaan koo sirrii dha. Hangan nagaan deebi'utti . . . Nama sana mana hidhaa galchaa. Yeroo sana isa nan agarsiisa! Biddeena gaddaa kennaafi. Gadi baasaa, guutummaan guutuutti isa wajjin walitti dhufeenya hin qabaatinaa. Nagaadhaan yeroon deebi'u, nama sana nan keessummeessa."

243 Miikiyaas, "Ati yoo nagaadhaan deebite, Gooftaan natti hin dubbanne" jedhe. Inni GOOFTAAN AKKAS JEDHA jechuu beekeera, mul'anni isaas sirrii ture GOOFTAAN AKKAS JEDHA kan jedhu; Bara isa kan biraatiif osoo hin taane, bara isa kanaafi dha. Ameen! Haalleeluyyaa! Bara kana!

Ija jabeessa, dhaabbatee Ergamaa guddaa wajjin morme! "Bakka Ergamoonni deemuu sodaatan gowwoonni kophee ol ka'aa kaa'atanii deemu," sana, jedhama. Sun sirrii dha.

244 Yesus akkuma jedhe, sababni warra Filataman, gowwoomsuu hin dandeenyeef, isaan Sagalee sana dha. Isaan waan biraa ta'uu hin danda'an. Waan biraa dhaga'uu hin danda'an. Waan biraas hin beekani. Srrii dha.

245 Yaadadhaa, Museen fakkeessaa namoota kana hundaa hin naane. Na'eeraa ree? Museen akkas jedhe, "Fara'oon, amma, daqiiqaa tokko na eegi. Maal akka ta'e beektaa? Gooftaan kana godhi naan jedhe, garuu, galanni Waaqayyoof haa ta'u, sabni kees akkasuma akka godhu argeera. Kanaaf, waanan yaade sittan hima, sitti makamuu"? Huh! Yoo akkas ta'e raajii Waaqayyoo miti. Lakkii, miti! Hanga danda'e hunda kophaa jabaatee dhaabbate. Waaqayyo haala kamiinuu akka kunuunsu,

sirriitti, beekeera, 'sababni isaas Inni waadaa galeefiraa. "Ani si wajjinan ta'a. Ani sin dhiisu."

246 Inni beekeera, inni kanaaf isaanitti hin makamne. Oo, lakki. Inni waan qabate wajjin dhaabate. Inni dhaabbita amantii isaanii kamiyyuu hin barbaanne. Waaqayyoo wajjin dhaabate. Inni wantoota isaan gochuu danda'an hundaan hin booji'amne. Yeroo isaan waan tokko godhan. . . Inni injiraan fide; isaanis injiraan fidan. Inni dhiiga fide; isaanis dhiiga fidan. Inni waan hunda fide; isaanis karaa hundumaan isa fakkeessan, isa wajjin sirriitti. Inni callisee dhaabbate. Waaqayyo hojii irra akka jiru, sirriitti, ni beeka ture.

247 Amma hubattanii? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Lama yeroo lama, afur hin argattanii? ["Ameen."] Isin baay'ee dhiphachuu hin qabdan. Kanaaf isin—isin ni hubattu, argitanii.

Maaliif? Isaan hin gowwoomfaman, amantoonni dhugaa, baricha keessa kan dhaabbatan dursanii Sanyii murteeffamanii dha.

248 Qofa, dabalataan, Yesus akkas jedhe, "Guyyaa sana baay'een, Maqaa Kootiin dhufu, akkas jedhe, 'Gooftaa, ani Maqaa Keetiin seexanoota hin baafnee?'" Yesus akkas jedhe, "Bara dhumaatti, yerichi xumuramee du'aa ka'uu guddaan yoo dhufu, baay'een ni dhufu Mootummaa keessa taa'u." Mootummaan Waaqayyoo isin gidduu jirti.

249 Inkirdaadonni, baay'een, dhufanii akkasumas Qamadii wajjin taa'anii, akkas jedhu, "Amma, daqiiqaa tokko, Gooftaa! Afaan haaraan dubbadheera. Ani iyyeera. Hafuuraan shubbiseera. Seexana baaseera. Afaan haaraadhaan dubbadheera. Kana hunda godheera."

Maal jedha Inni? Hubadhaa. "Isin hojjetoonni hammeenyaa, Gonkumaa isin hin beeku."

250 *Hammeenyi* maali? Eenyuma gaafadhaa. Inni "akka gochuu qabdan beektanii, gochuu dhiisuu dha." Sagalicha ni beeku. Isa ni dhaga'u. Isin teeppii kana dhaggeeffachaa jirtu. Isin Ergaa kana dhaggeeffachaa jirtu. Waaqayyo Gooftaan yoo dubbatu; Inni yoo mirkaneessu, yoo dhugaa godhu argitaniittu. Aduun alaa iftee akkuma calaqqiftu Kunis akka ifa ta'e ni beektu, garuu dhaabbata amantii cimssitanii kan qabattan, wantoota sobaa kan qabattan; isin hojjetoonni hammeenyaa!

"Oo, eeyyee. Ani konfiraansii guddaan qaba. *Kana* godheera. *Sana* godheera."

"Isin Na biraa deemaa, isin hojjetoonni hammeenyaa, Ani gonkumaa isin hin beeku," jedhe.

251 "Tole, Hafuurri Qulqulluun anarra bu'eera." Ani xiqqoollee hin shakku. "Hafuuraanan faarsa. Afaan haaraa nan dubbadha.

Taasiseera . . . ” Xiqqoollee hin shakku. Sun gaaffii hin qabu. Oo, obboleessa koo, obboleettii koo, haala akkamiiti!

Yeroon kun sodaachisaa dha. Nu eessa jirra? Sagaleen kun amma gara Jireenyaatti dhufaa jira. Hubadhaa.

252 Eeyyee, Inni akka isaan kana godhan dubbateera. Hubadhaa, “Isin hojjetoonni hammeenyaa.” Barreeffama Macaafa Qulqulluu tokko argadheera. Eessa akka jiru hin yaadadhu. Yeroo baay’ee natti fudhate. Daqiiqaa tokko qofa, nan barbaada, maal akka ture ilaala. Argadheera—Maatiwoos 7:21. Eessa akka ta’e ani—qofa hin beeku. Ani, yeroo tokko tokko waan ta’e irratti hin barreessu, tole, ani—akka kanattan lallaba, ani—Caaffata Qulqulluu irraa akkan ilaalu irraanfadheera. Maatiwoos 7:21.

> *Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa, naan jechuu duwwaadhaan, mootummaa koo isa waaqa irraatti gala miti; garuu fedha Abbaa koo isa waaqa irraa nama hojjetutu gala.*

> *Baay’een* isaanii guyyaa sana akkas naan *jedhu*, *yaa Gooftaa, yaa Gooftaa*, nuti *raajii dubbanneerra . . .*

253 Raajonni, namoota dibaman! Sun sirrii dhaa? “Nuti raajii hin turree? Nuti hin dibamnee, dibamnee hin turree? Maqaa Keetiin raajii hin dubbannee? Akkasuma Maqaa Keetiin seexanoota hin baafnee?” Maqaa Yesusiin cuuphamuu didanii, kana kan hojjechatan akkamittii? Argitanii? Oo, maay! Akkamitti akka gowwoomsan argitanii? Kallattiin gara qabxiitti dhufu, achii duubatti deebi’u. Kallattiin gara Sagalee dhufu, achii duubatti deebi’u. Amma kana hubadhaa. Daqiiqaa tokko booda, kana ni ilaalla.

> *Baay’een* akkas *naan jedhu . . . Yaa Gooftaa, yaa Gooftaa*, nuti *raajii* hin *dubbannee*, nuti raajota hin turree? . . .

Eeyyee, Maatiwoos 24;24 irratti waa’ee kanaa dubbadheera.

> *. . . maqaa keetiin . . . seexana hin baafnee? maqaa keetiin* dinqii *baay’ee hin goonee- . . . hojiiwwan* baay’ee?

> *Sana boodas* Ani *isaan irratti* ragaan ba’a, *Ani isin hin beeku:* isin *warri jal’ina hojjettan, narraa fagaadhaa.*

254 “Yeroo dura keessan jiru Isa argitan, yeroo Inni hojjetu argitaniirtu, Inni Sagalee akka ta’e argitaniittu; dhaabbata amantii keessaniif jecha, isa keessatti hidhamtan. Ani gonkumaa isin hin beeku. Hanga feetan seexana yoo baaftan ani dhimma hin qabu, hangam *kanaa* fi *sana* yoo goote; Ani si hin beeku.”

Bala’aam, “Maqaa Keetiin, raajii dubbadheera. Innis ta’eera” jedhe.

“Sun sirrii dha, garuu, yeroo gara Sagalee dhufnu, isin Isa diddaniittu.”

255 Oo, obboleessa, kutaa gowwomsaa argitaa? Sirriitti, “raajii” miti; garuu Dubbicha, Sagalee dhugaa, Sagalee qulqulluu mul’ateen. “Isin hojjetoonni hammeenyaa!”

Yaalii, Seexanni baroota keessatti Sagalee Dhugaa fakkeessuuf yaaleera. Nuyi sana beekna, hin beeknuu?

256 Hubadhaa. Hamma daangaatti dhufa garuu adda kuta. Ilaalaa as irratti, inni akkas jedhe, Ibroota boqonnaa 6ffaa irratti (Amma, yeroo muraasa dura dubbisaa turre, Isinitti himeera, “isa itti deebina,” daqiiqaa itti fufee jiru booda.), akkas jedhe:

> . . .*qoraattii fi* baala waraantee yoo baase garuu . . . abaaramuuf jedha malee; *homaa dhumni hin baasu.* (Daangaa!)
>
> . . .*kennaa waaqarraa* . . . warri *dhamdhamtan,* . . .

257 “Dhamdhamtan,” jecha biraan, Isa agitaniittu! Lakki [Obboleessi Biraanhaam sagalee hidhii isaa dhageessise—Gulaalaa.] afaan keessaniin Isa dhamdhamtaniittu. Garuu Isa argitaniittu, Dhugaa ta’uu Isaa beektu. Dhugaa ta’uu Isaa beektu. “Kennaa Waaqarraa dhamdhamtaniittu.”

> . . . akka Inni isin irra bu’een, Hafuura *Qulqulluu* irraa *hirmaattaniittu,*
>
> . . .*Dubbii Waaqayyoo gaarii dhamdhamtaniittu,* . . .

“Dhamdhamtanii,” akka Inni sirrii ta’e argitaniittu. “Hafuurri Qulqulluunis isin irra bu’a,” inkirdaada maasii keessaa.

> . . . sana booda ni *gantan,* . . .

“Kiristoos isa isin qulqulleesse gantan, akkasumas isa isin waame, akkasumas isa dibata isin irratti dhangalaase.”

> . . .*kana booda dabalataan* aarsaan cubbuuf *dhi’aatu hin jiru*, kanaafi dha.

Inni dhiifama hin qabu! “Isaaniin gara Dhugaa beekuutti fiduun yoomiyyuu waan danda’amuu miti.”

> Hafuura *Qulqulluu irraa warra hirmaatanii turaniif* . . .*kun waan hin danda’amne dha,*

258 Inkirdaadafis ni rooba, argitanii, “Yesus wajjin jalqabu, akkasumas, ‘Gooftaa, ani ittan fufa,’” garuu yeroo Sagalichi caqafamu, isin duubatti deebitu. “Hirmaattota Hafuura Qulqulluu ta’aniiru, dhamdhamaniirus, ykn ofii Isaa Sagalichi mul’atee arganiiru.” Achii immoo Isa irraa garagalu, “Isa arguu fi gara Isaa dhufuun isaaniif gonkumaa hin danda’amu.”

259 CAAFFANNI QULQULLUUN AKKAS JEDHA. Amma, isin . . . “Samii fi lafti ni darbu, garuu Inni gonkumaa hin darbu.”

Argitanii? “Gonkumaa hin danda’amu.” Macaafni Qulqulluun akkas jedha, Hafuurri dhugaa ba’a.

260 Hubadhaa, mee fakkeenya xiqqoo isiniif haa kennu. Mee namoota warra raajummaa Museetiin dhufan ilaalaa, akka raajummaa sanaatti, jaarmiyaa sanaa, fi waan hundumaa keessaa ba’anii kan dhufan, dinqiiwwanii fi hojiiwwan gurguddoo argan, wantoota akkasiitiinis, gara daangaa itti deemaniittis dhufan.

261 Amma, Lii, waa’een kee “waa’ee maqaa Macaafa irra jiruu.” Argitanii? Ati isa sirreessiteetta. Warri as hin jirres, namoonni meeshaa sab-qunnamtii—irra jirtanis, as kan taa’e kun Doktor Lii Vaayili dha. Inni macaafa Baroota Waldaa Torbanii kana seerlugaan sirreessaa jira. Waa’ee “Macaafa Jireenyaa Hoolichaa keessaa maqaan kee haqame jedhuu,” rakkoo, ykn gaaffiin dhufe. Argitanii, tajaajiltoota baay’etti bitaa gale. Garuu hamma kitaabicha argattanitti eegaa, Ifni xiqqoo yoo isin keessaa jiraate hubachuu dandeessu. Argitanii?

262 Hubadhaa, amma, Isa ilaaluu yoo hin barbaanne mataa isin naannessa Isa hin hubachuu hin dandeessan. Akkuma haati koo jettu, “Hundeen diimaa dhiiga ‘waan hin qabneef, hundee diimaa irraa dhiiga argachuu hin dandeessan.”

263 Hubadhaa, Ifichi ni dhufa; dukkanni keessa hin jiru. Ifni gara dukkanatti ni dhufa, dukkanis Isa fudhachuu hin danda’u. Hubadhaa namoota bara kana dibaman.

264 Akkuma Museen ijoollee Isiraa’eel baase; isaan dhaga’anis biyyattii guddoo wajjin isaan jalaa walitti bu’eera. Amma, Isiraa’eel dhaabbilee adda addaa qabdi turte. Lafa, mana ofii ishee hin qabdu. Gara manaatti deemaa turte.

265 Nuyi waldaa hin qabnu. Lakki. . .Nuti—gara Waldaatti deemaa jirra, Waldaa Jalqaba dhalatte, nama irraa kan taate, waldaa lafa irraa miti; Waldaa Ulfina keessa jirtu dha. Waldaan Ulfinaa keessa jirtu, warra-waamaman, Jireenya Bara Baraaf kan murteeffaman, argitanii, Mana isaaniitti kan deemaa jirani dha.

266 Gamaatti ce’uuf bakka sana yeroo ga’an immoo, isaan Sagalicha shakkanii, duubattis deebi’an. Erga Iyyaasuu fi Kaaleeb deemanii booda lafti achi jiraachuu isaa mirkaneeffachuuf, wayinii baay’ee fidanii turan, kakuun Sagalee Waaqayyoo, “Biyya gaarii, aannanii fi damma qabu dha.” Karaa kana, saaniif mirkaneessuuf, isa fidanii deebi’aniiru. Isaanis dhamdhamanii, “Oo, oo, ta’u illee, hin dandeenyu,” jedhan.

267 Maaltu ta’e? Isaan lafa onaa keessatti badan. Isaan achi dhaabbatanii of gurmeessa, tokkoon tokkoon isaanii, akkasumas ni du’an, garuu warra laga ce’anii isaan fidantu ture, Iyyaasuu fi Kaaleeb; Museen garuu ni fudhatame. Innis Waldaa eeguu; akkasumas du’aa ka’uu Kakuu Moofaa, Kakuu Haaraa;

akkasumas fakkeenya Qaamaa ol butame dha. Namoota sadan sana argitanii? Sarara keessatti namoota sadan kana, argitanii, amanaa, fi kan hin amanne. Argitanii?

268 Yaadadhaa, waan ture. Waaqayyo cubbuu sana "gonkumaa" hin dhiifne. Amma akkamitti galuu danda'u? Inni yoo qoraattii ta'e, jalqabattis, inni dhuma irrattis qoree dha. Warra duraan murteeffaman qofatu Isa arga.

269 Amma of eeggannoon hordofaa. Qofa akkuma bara Qulqulluu Maartiin, sirriitti Baroota Dukkanaa durse; nama waaqayyoo xiqqaa. Meeqaatu barreeffamoota Qulqulluu Maartiin dubbise? Baay'een keessan dubbiftaniittu. Nuti barreeffamoota Qulqulluu Maartiin argachuuf deemne; lubichi akkas jedhe, "Garuu qanoonaan hin taasifamne." Mirkana, isa biratti hin godhamne; isaan miti, Waaqayyo malee. Hafuurri Qulqulluun bara waldaa sadaffaa keessa akka keenyu nutti himeera. Argitanii?

270 Nama Waaqayyoo xiqqaa akkamii akka ta'e ilaalaa; kan waamame, kan murteeffame. Maatiin isaa, orma. Abbaan isaa, loltuu dha. Loltuu ta'uuf, abbaa isaa hordofuu qaba. Akkasuma, yeroo ta'etti, Waaqayyo iddoo ta'e jira jedhee amana yeroo hunda; nama bosonaa yeroo ta'u, Waaqayyoon arguu danda'e. Guyyaa tokko magaalaa tokko cina osoo darbuu, jaarsi kadhataan tokko achi ciisa ture, boola du'aa irra ture, gargaarsa gaafata. . . Galgalli qorraa ture. "Oo," akkas jedhe, "waanan uffadhu naaf kennaa; galgala kana nan du'a."

271 Namni kamuu hin hin kennineefi. Maartiin gama tokkoon dhaabbatee akkasumas otuma ilaaluu. Homtuu hin kennine. Kootii tokko qofa qaba ture. Yoo—kootii sana kenneef, ofii isaa, dirqama irra waan tureef, isatti qorruu danda'a. Kanaaf, "Nuti lachuu jiraachuuf carra qaabna yoon isa wajjin qooddadhe" jedhee yaade. Kootii isaa fuudhee, billaadhaanis bakka lamatti hire, jaarsa dulloomaa sanas ni haguuge. Inni kootii isaa isa hafe ofii uffate.

Namni hunduu akkas jedhe, "Ilaalaaa hidhataa nama-kofalciisu akkamiiti. Loltuu nama-kofalchiisu akkamiiti, walakkaa kootii kan uffate!"

272 Halkan itti aanu, yeroo dirqama isaa irraa ba'ee siree isaa irra ciisaa jiruu, hirriiba irraa dammaqe. Kutaa sana keessa dhaabbataa kan jiru, Yesus Kiristoos achi dhaabbatee, arge innis walakkaa wayyaa dulloomaa akkuma maratetti ture. Battalumatti beekee, "Wanti isin isaan xixinnayyoo Koof gootan, sana Anaaf gootan, warra Ani dibeef kan gootan," rafee ture.

273 Inni ajaajilaa Waaqayyoo guddaa dha ture. Waldaan itti kolfite, isa ari'atte, of keessaa isa baafte, akkasumas waan hunda goote, garuu inni raajii Waaqayyoo ture. Wanti inni dubbate ni raawwate. Bara sanas kan isa amanan, baay'ee turan.

274 Seexanni akkamitti akka gowwoomsu isinittan agarsiisa. Gaaf tokko kutaa keessa taa'ee qu'ataa ture. Mataa irraa gonfoo kan qabu, ergamaa cimaa tokko dhufe, miila isaatti kophee warqee, fiixee wayyaa isaatti sarara warqee uffatee, akkas jedheen, "Maartiin, na beektaa?" Inni akkas jedhe, "Ani Gooftaa fi Oolchaa kee ti. Ani kan si oolche Tokko dha. Na waaqesi, Maartiin." Garuu raajiin kun, xiqqoo achitti wanti keessummaa ta'e beekuu isaatiin, inni isa ilaaluu itti fufe. Akkas jedhe, "Maartiin, ani Oolchaa kee ti, Yesus Kiristoos. Na waaqessi! Ati na hin beektuu, Maaartiin?"

275 Maartiin itti fufee ilaale, Caaffanni Qulqulluun sammmuu isaa keessa deddeebi'e. "Seexanaa, narraa fagaadhu," jedhe. Inni akkas jedhe, "Ati mataa kee irratti gonfoo qabda. Dubbiin Waaqayyoo akkas jedha 'qulqulloonni Isaa gonfoo Isatti uwwisu' bara dhumaatti."

Kun gowwoomsaa Pheenxeqoosxee hin ta'u turee? Obboleessa, Dubbii sana ilaali. Gatiin isaa asitti.

276 Gaaf tokko, deebi'ee, gadaamii keessatti, tuuta monoksoota dargaggoo biratti, nama qulqulluu tokko argan. Isaan keessaa inni tokko dallanaa ture. Kana ilaalaa, kun fakkeenya gaarii—gaarii dha. Inni isaan hunda caala waan tokko ta'uu barbaade. Inni of agarsiisuu barbaade, aangoo, waan ittii irra caalu, waan fooyya'aa, sadarkaa hundaan, beektuu, akkasumas waan guddaa tokko. Inni adda ta'uu qaba ture. Yeroo hunda obboloota kaan hin fedhu . . . Beektuu, inni adda ta'uu qaba ture. Argitanii? Inni, wanti fedhe yoo ta'e dhimma hin qabu, Inni baay'ee didaa dha. Inni kophaatti xiyyeeffannoo barbaada ture. Eenyumtuu isa tuquu hin danda'u. Amma waan ta'e ilaalaa. Inni waan guddaa qaba ture. Inni hawaasa guddaa wajjin—dorgoma ture. Isin na hordofaa jirtuu? Argitanii? Kanaaf, akkas jedhee, raajii dubbate. "Akkasuma, Gooftaan raajii na godhe. Ani raajii dha," jedhe.

Amma, biyya keessatti raajii mul'ate tokko jira, innis Qulqulluu Maartiin ture; inni raajii ta'ee dhalate.

277 Garuu mucaan, dargaggeessi kun, monokseen naannoo waggaa digdamii-shanii, akkas jedhe, "Waaqayyo raajii na godheera, anis isa isiniifan mirkaneessa." Akkas jedhe, "Galgala kana Gooftaan uffata guddaa, bareedaa naaf kenna, uffata adii, natti uffisa, isin gidduus na kaa'a. Achii hundi keessan gara koo dhuftu, argitanii, ajajas ana irraa fudhattu."

Amma kan har'aan madaalaa, argitanii, "Ani geggeessaa jaarmiyaan ta'a. Ani isiniifan eeggadha, monoksoonni kaan."

278 Dhugumatti, "Halkan sana, gamoo keessatti ibsaan dhufe," barreeffamni Qulqulluu Maartiin ni dubbata. Dubbisaa. Inni irkanaa'aa dha. Inni seenaa dha. Ibsaawwanis ni dhufan, hundinuus ni ilaalan, kunoo dhufee . . . Inni wayyaa adii uffatee, isaan gidduu dhaabbatee ture. Innis, "Argitanii kanan isinitti hime?" Sun garuu Sagalee kan faallessu dha.

279 Innis yeroo deemee diinii kolleejjii dulloomaas yeroo arge, inni xiqqoo olii-fi-gadi deddeemee, akkas jedhe, "Mucaa koo, sun sirrii miti." "Karaa tokko qofatu jira," jedhe. Innis kunoo ti! "Karaan nuti beeknu tokko qofa. Inni uumamaan ol fakkaata." Mucaa koo, Pheenxeqoosxee bira sun tureera, hidda isaa, kiyyeessituu, funyoo, qabduu, fi waan hunda! Inni akkas jedhe, "Dinqiin isaa sirrii fakkaatus, garuu Sagalee wajjin sirrii hin fakkaatu. Amma, nama akkasii, raajii dibame, maqaan isaa Maartiin kan jedhamu qabna. Koottu, gara isaa deemna."

Namichi akkas jedhe, "Lakki, lakki! Maartiin kana wajjin wal hin qabatu."

Akkas jedhe, "Kamiifuu, deemaa jirta." Maartiin duratti isa geessuuf, isaanis harka isaa yeroo harkisan, wayyichi immoo isa irraa kufe.

Argitanii, "Yoo danda'ame warra Filataman hamma gowwomsanitti." Argitanii, beekaniiru. Yesus, "Hoolonni Koo Sagalee Koo ni beeku" jedhe.

"Oo," "'*Sagalee* Koo dhaga'u,'" jedhe.

280 Sun Dubbii isaa ti. "Namni biddeena qofaan hin jiraatu, garuu Dubbii isaa hundumaan." Argitanii? Warri murteeffaman kana beeku, "Jecha keessummaa, ykn sagalee keessummaa, hin hordofani."

281 Namoonni yeroo sana turanis akkasuma; isaan hordofaa hin turre. Isaan Maartiin akka achi jiru beeku, bara sana, Sagalee Waaqayyoon kan mul'ate, raajii Sagalee beeku ture. Namni sun Isa dura dhaabbachuu hin barbaanne.

282 Inni ammas akkas jedhe, "Bakka Raqni jirutti," ykn bakka Sagaleetti, "achitti, yeroon, risaawwan wal ga'u." Amma Maat-. . . Isin sana barreessuu barbaaddu, sun Maatiwoos 24:28. Qofa kana dura xiqqoo, Maatiwoos 24:24; lakkoofsota afurii gaditti, ilaalaa, yoo hubachuu barbaaddan. "Bakka Raqni jirutti," Mannaan, Sagaleen jirutti, "achitti risaawwan wal ga'u."

283 Amma ariifachuun qaba. Ol ilaalee sa'a meeqa akka ta'e nan ilaale. . . Inni—sa'a kudha lamaa fi daqiiqaa torba ykn saddeti. Baay'een ariifadha, ykn galgala xumuruu dandeenya, akka barbaaddan. Ganama kana ykn galgala kana? Huh? Tajaajila booda meeqatu har'a mana deemtu, harka keessan haa ilaallu, argitanii. Oo, maay, itti fufuu wayya!

284 Namoota bilbila qabatan haala kanaan tursiisuu kootiif dhiifaman gaafadha, garuu nan ariifadha. Inni maallaqa keessan caala gatii qaba. Akkasittin, amana, argitanii. Maallaqni keessan ni bada. Kun hin badu; Inni Sagalee dha. Argitanii?

285 "Bakka Raqni jirutti, achitti risaawwan wal ga'u." Bakka Raqni jirutti, bakka—waan—ajjeefamu jirutti, achitti risaawwan wal ga'u. Bakka Foon ho'aan jirutti, Sagaleen yeroo bakka jirutti, achitti risaawwan wal ga'u.

286 Garuu erga tortoree booda, achii warri reeffa kaasan itti yaa'u. Eeyyee. Maal jechuu koo akka ta'e beektuu? Erga Qalamee, risaawwan ni dhufu; garuu erga achi gatamee, tortoree, kunoo warri reeffa kaasan ni dhufu. Risaan kana wajjin dhimma hin qabu. Argitanii?

287 Yesus akkas jedhe, "Bakka Raqni jirutti," bakka Mannaan bu'etti, galgala Mannaa ho'aan bu'utti, "Isaaf achitti risaawwan wal ga'u." Sun Mannaa barichaaf kennamee dha. Argitanii? Hubadhaa.

288 Garuu erga tortoree, raammoon itti gala, achii raqa kan kaasu ni dhufa. Hamma tortorutti fuunfachuu hin danda'an. Nama hin dinqu Yesus achi dhaabbatee akkas jedhe, "Yerusaaleem, ati raajota hunda dhagaadhaan rukutte!" Bakka bu'aa maqaa sana hubadhaa, argitanii, "Yerusaaleem, Yerusaaleem, yeroo hammamiif . . ." Inni eenyu ture? "Akkuma indaanqoon cuucoota ishee walitti qabduutti yeroo meeqan walitti si qabuu barbaade, ati garuu raajota ani gara keetti erge dhagaadhaan ajeefte," waldaa guddoo, Yerusaaleem.

289 Yerusaaleem ishee kan lafa irraa miti, "garuu nuti Yerusaaleem kan Gubbaa ti," bakki Sagaleen irraa dhufe, dursanii murteeffamuu irraa ti. argitanii. Kan badu Yerusaaleem moofaan osoo hin taane; Yerusaaleem Haaraan kan baduu hin dandeenye dha. Kan namaan ijaaramte, Yerusaaleem ishee moofaa miti; garuu Yerusaaleem ishee Haaraa Waaqayyoon ijaaramte, argitanii, Dubbichi gubbaadhaa amma mul'ate. "Mana Abbaa koo keessa iddoo bulmaataa baay'etu jira. Ani nan deema dhaqees isiniifan qopheessa," Uumaan karaawwan warqee, fi kkf qopheessa. Sun Tokkicha hin banne dha.

290 "Yerusaaleem, Yerusaaleem, hanga yoomiitti," yeroo jalqabaa irraa kaasee; Qaama sadaffaa miti, ykn nama biraa, garuu, "Ani walitti si qabuun barbaade akka indaanqoon cuucota ishee walitti qabduutti, ati garuu hin barbaanne. Amma garuu yeroon kee ga'eera." Argitanii?

"Bakka Raqni jirutti, risaawwan wal ga'u." Garuu erga raqichi tortoree, gogocoroonni wal ga'u. Argitanii?

291 Hubadhaa. Museen, ijoollee Waaqayyoof kana hin kennine . . . Museen risaa ture, innis ijoollee Waaqayyootiif hafteewwan Nooh hin kennine. Argitanii? Inni Sagalee Waaqayyoo ho'aa qaba ture. "Waaqayyo Gooftaan lafa onaa keessatti na arge, Dubbii Isaas jabeesse, akkan isin waamee isin baasus na ergeera." Achitti naannoo isaatti, fakkeessitoonni fakkeessaa dhufan. Argitanii? Garuu inni Sagalee yeroo sanaa qaba ture.

292 Sababni isaa, Abrahaamiin Waaqayyo akkas jedhe, kan kakuu gale, "Waggaa dhibba afuriif, sanyiin kee biyya ormaa jiraata, garuu Ani isaan nan ilaalaa akkasumas harka jabaadhaan isaan nan baasa."

Museen, “Amma, Waaqayyo Gooftaan natti dubbata akkasumas natti agarsiisa, maal akkan godhu natti himeera, anis isinittan hima.” Akkas jedhe, “‘ANA DHA’ na ergeera.”

293 “ANA DHA!” “ANI turee, ykn kan jiraatu” miti. “ANA DHA,” yeroo ammaa, Sagalee amma jedhu dha. Sagalee turee, Sagalee dhufu miti; Sagalee ammaa ti. Argitanii? Argattanii? “ANA DHA!” “ANA DHA” Sagalicha. “Jalqaba Sagaleetu ture, Sagalichis Waaqayyoo bira ture.” Sirrii dhaa? “ANA DHA.” “Waaqayyo akka raajii Isaatti na erge, kun dhugaa ta’uu isaa mirkaneessuuf. Ani Sagalee kanaaf deebii dha, dhaqiitii kana godhi naan jedheera.”

Yeroo inni hojjete, Fara’oon akkas jedhe, “Tole, nu bira ijoollee dhiiraa baay’een jiru sana gochuu kan danda’an, sirriitti,” fakkeessitoota.

294 Yesus, “Amma, bara dhumaatti sun deebi’ee raawwata” jedhe, argitanii, waan wal fakkaataa barbaadaa jira. Ilaalaa eenyu akka dura bu’e. Sagalicha wajjin eenyu akka jabaate ilaalaa. Kanuma. Kan ittiin beekamu kanuma.

295 Kanaaf, argitanii, ni hubanna, Museen waan bara Nohi ture gonkumaa isaaniif hin kennine, “Amma nuti bidiruu hojjenna, ’sababni isaa sun Sagalicha, beektu. Nohi gaaf tokko bidiruu hojjeteera.” Lakki, allaattiiwwan sana irraa nyaatu. Lakki. Lakki.

Kun Sagalee kakatame dha. Hubadhaa, ergaa Waaqayyoo irraa fudhate, inni Dubbii dhugaa barichaaf dursee murteeffame qaba ture.

296 Yesus illee Musee irraa kan hafe hin tajaajille. Museen Sagalee bara sanaa qaba ture, Museen garuu raajii ture. Asitti Waaqayyo ofuma Isaati, ilaalaa, Inni gonkumaa Musee—Musee irraa kan hafe hin tajaajille.

Jaarmiyaa keessa kan jiran garuu qofa ruumichoota ilaalaa, gubbaa isaa irra tuulamanii turan. “Nuti beekna! Musee arganneerra! Ati nu hin barbaachiftu.”

Innis, “Isin osoo Musee beektu ta’ee, Na beektu turtan, Museen waa’ee Koo waan dubbateef” jedhe. Argitanii?

297 “Bakka Foon jiru, joobiroonni wal ga’u.” Yaa Joobirootaa! Qalmi ho’aan Sagalichaa, sun Sagalee guddatee fi kan coome, akkasumas kan mul’atee fi Nyaata ijoolleef akka ta’utti kan kenname dha.

Amma, waggoota dhibbaaf kan taa’ee foon dulloome, achittis isaaniif ni ta’a.

298 Ammas akkasuma! Luutar ergaa qalbii diddiirrannaa fide; garuu, isinis tuuta ruumichoota Luutaraan! Baaptistii ergaa fide; garuu, isin ruumichoota Baaptistii! Argitanii? Pheenxeqoosxeen ergaa fide; amma dhufaa jira, ruumichoota Pheenxeqoosxee!

“Garuu bakka Foon jiru, risaawwan wal ga’u.”

Yaadadhaa, bara isin isaanii keessa deebitanii Luutaraanii tokko, tortoraa Kaatolikii hin nyaachisftan, (amma ni dandeessu). Lakkii, fira koo. Inni foon ho’aa qaba. Sun bara waldaa ture.

299 Ergaa Luutaraan, Meetoodistoota nyaachisuun hin danda’amu. Oo, lakki, waan tortoraa sana hin barbaadan. Inni raamma’eera. Argitanii, Jireenyi dhiistee gara waan biraa keessas galteetti. Sun dur, jirma guddaa dulloomee du’e dha. Jireenyi isaa ba’ee deemaa jira.

Pheenxeqoosxummaa Misirroo Yesus Kiristoos nyaachisuu hin dandeessan. Lakki, gonkumaa hin dandeessan! Jaarmiyaalee raammoo-afuufame; homaa hin fayyadan! Lakki, lakki!

300 Sagaleen kakuu, “Inni guddaanii fi guyyaan sodaachisaa sun osoo hin dhufin dura, Eliyaas raajicha isiniifan erga. Inni garaa ijoollee deebisee gara Amantii abbootaatti ni deebisa.” “Abdiiwwan Macaafa Qulqulluu keessatti kennaman kun hundinuu, Ani nan raawwadha, achittis joobiroonni wal ga’u.” “Kan Abbaan Anaaf kenne hundinuu gara Koo ni dhufu.” Argitanii?

301 Yesus sana gonkumaa hin yaalle. Garuu yeroo Yesus dhufu, “Musee fi seera arganneerra warra jedhan,” tuuta ruumichootaa Inni itti dhufe. Argitanii? Tole, achitti yeroo qalame akka nyaataniif isaaniif kennamuun gaarii ture. Argitanii, yeroo sana sirrii ture.

302 Garuu aarsaa sana kan qale Museen, ofii isaa, akka sanatti raajee ture, Akkas jedhe, “Waaqayyo Gooftaan, obboloota keessan gidduudhaa, Raajii akka koo isiniif ni kaasa. Akkasis ni ta’a, Raajichaa fi waan Inni dubbatu namni hin dhaggeeffanne eenyullee yoo jiraate, namoota gidduu dhaa adda ba’ee ni bada.” Akkasumas ta’e.

303 Kakuu Moofaa irraa kaasee, hanga Yesus Kiristoositti, raajiiwwan dhibba ja’aatti dhiyaatan akkamitti akka raawwataman ilaala. “Isaan harka Koo fi miila Koo waraanan.” Waa’ee, jireenya Isaa gara dhumaatti sa’aatii torba ykn saddeet keessatti meeqa akka raawwatame dagadheera, raajonni hunduu sirriitti, dubbataniiru.

304 Waggaa kana yoona wanti tokko akka ta’u osoo raajii dubbadheeera ta’ee, tarii inni sirrii ykn dogoggora ta’us, carraa—raawwatamuu isaa dhibbeentaa digdaman ani nan argadha ta’a. Akka inni raawwatamus yoon raaje, yoom akka ta’us yoo hin dubbanne, dhibba irraa carraa xiqqoon argadha. Yoom akka inni raawwatamu yoon dubbadhe, carraa xiqqoon na kennama. Bakka itti raawwatame ani dubbachuu yoon danda’e, inni ammayyuu carraa xiqqoo naaf kenna. Eenyu irratti akka ta’u. . .yoon itti dabale, ammas dhugaa ta’uu yoo baate, gara

kuma dhibba tokko sadarkaa raawwatamuu hin dandeenye irra ga'a.

305 Waa'ee Masihii kan dubbatame, immoo hunduu, haalleeluyyaa, hanga dhumaatti raawwatameera. Matumaa gaaf tokko, Caaffata Qulqullaa'aa osoo dubbisaa jiruu, Inni hima gidduutti dhaabee, akkas jedhe, "Hafuurri Gooftichaa Ana irra jira Wangeela warra gadadamootti himuudhaaf na dibeera, bilisas akkan baasu . . ." Achumattis hima gidduutti dhaabe, sababni isaa kutaan hafe Dhufaatii Isaa lammafaa waan ta'eefi dha. Ameen! "Waaqnii fi lafti darbuuf jiru; Dubbiin Koo garuu hin darbu." Argitanii?

306 Inni yeroo sanatti Sagalee ture, sun yeroo sanatti isaan sooraa ture. Museen Dhugaa isaanitti hime; garuu, akkuma argitan, dhaabbata amantii yeroo hunda achi keessaa hundeessu, sana booda ruumichoonni . . .

307 Joobiroonni Isa nyaatanii gara mana isaanitti erga deebi'anii booda wanti muraasni ni hafa. Sana booda waan bira arguuf eeggatu. "Dubbichaan," akkas jedhu, "Inni biraa ni dhufu. Kaleessa gadamsa hamadaya nyaanneerra, boru hoolaa nyaanna." Maal jechuu akka ta'e beektuu? "Raqni gadamsa hamadaya achi jira, kan kaan dhiisetti gammadu, garuu boru hoolaa nyaanna. Inni eessa jira?" Maal jechuu koo akka ta'e argitanii? Nyaata Ergamootaa! Har'a namoonni mannaa nyaatan, guyyaa itti aanu isuma nyaachuuf yoo bulfachuu yaalan, inni ni raamma'a. Gaaddidduu isaa hundaa, hangam akka mudaa hin qabne hin argitanii? Ammas sanuma!

308 Ruumichoonni bara Yesus turan seexanoota baasaa turan; hubadhaa, raqa irratti dibaman. Sun sirrii dhaa? Isaan seexanoota baasu ture. Yesus akkas jedheera woo.

309 Bara sana raajota akka qaban, immoo yaadadhaa. Qayyaafaa faa, angafni lubaa, raajii dubbateera. Meeqatu sana beeka? Qayyaaffaan raajii dubbate. Bakka aramaa qonna keessatti hubadhaa; dibata wal fakkaataan kan dibamedha. Macaafni Qulqulluun raajii dubbate kan jedhu maaliifi? "Sababni isaa bara sana inni angafa lubaa ture." Qamadii gidduu kan taa'u, foon tortore kan nyaatu, aramaa fi arangamaa; garuu Hafuurri Qulqulluu Waaqayyoo dhugaan, Hafuurri isa irra jira. Akka lallabu, akka raaju, fi waan ta'uuf jiru akka dubbatu, Hafuurri Qulqulluu Waaqayyoo isa irra ture; Sagalee baraa mirkanaa'e garuu ganeera akkasumas fanniseera.

310 Oo, araara nuuf haa godhu, obboleessa koo! Wantoota kana yeroo meeqa dubbachuu qabnaa, argitanii, Caaffata Qulqullaa'aa keessaa meeqa haa ilaallu? Nan ariifadha. Wantoota kana hunda mirkaneessuuf, fuula kudhan kan ta'u, Caaffatoota nan qaba. "Aduun isa qajeelaa fi cubbamaafis ni baati, wal fakkaata."

311 Kana mirkaneessuuf, Yesus akkas jedhe. “Ani seexanoota quba Waaqayyoon yoon baase, ijoolleen keessan maaliin baasuu?” Amma, isaanis seexana ni baasu. Isaan raajaa turan. Sun sirrii dhaa? Garuu Inni Sagalee barichaa akka ta’e beekamtii hin kennine, (maaliif?) Inni isaan wajjin waan walii hin galleefi.

312 Amma Maatiwoos 24:24 fudhaa, “Kiristoosota sobaa,” warra dibaman, “ni ka’u, akkasumas raajonni raajan raajonni sobaa ni ka’u,” argitanii, “yoo danda’an warra Filataman illee ni dogoggorsiisu.” Amma isinii galeeraa?

313 Ijoollee keessan yoo jedhu hubadhaa. “Ijoolleen eenyudha . . . Ani seexanoota kanan baasu Dubbii Waaqayyoon yoo ta’e,” sunis, Inni Dubbii Waaqayyoo ture. “Ijoolleen dhaabbata amantii keessanii maaliin baasu?” Amma, seexana baasuu kan danda’u Waaqayyo qofa, nuti sana beekna, Waaqayyo qofa. Sababni isaa, namni cimaan mana keessa nama jiru irra caalaa cimaa ta’uu qaba. Kana gochuuf humna qabu turan.

314 Mormituun Kiristoos bara dhumaa irratti akka ka’u, Mul’ata sana irratti . . . hubadheera, beektuu, “Dinqiiwwanii fi mallattoowwan baay’ee hojjechaa, warra lafa irra jiran illee gowwomseera, warra maqaan isaanii Macaafa Jireenya Hoolichaa irratti hin barreeffamne, Kiristiyaanotaa fi warra kaan hunda, akka gowwomsu ni dubbata,” Maatiwoos 24:24 deebii, “maqaan isaanii hundeeffama biyya lafaatii kaasee Macaafa Jireenyaa Hoolichaa irratti hin barreeffamne.”

315 Hiddamuka burtukaana dhugaa sana—keessa Jireenyi ture sun, gosoota sanyii hadhaawaa wantoota sana hundas bira darbee, fiixee mukaa irra immoo firii isaa kaa’a, dhaabbilee amantii fi damoota isaanii hundaa ol taasisa. Na argattanii? Nan hariifadha. Nama cimaa . . .

Daawitiin yaadadhaa, nama amanamaa, fi qajeelaa ture, hojii Waaqayyoo hojjechuuf, osoo hin muudamin illee carraaqeera.

316 “Isaan,” namoonni dibaman kun; Yesus garuu, “Isaan hiikkaa namootaa kan qabu (Caaffatoota Qulqullaa’aa) Barumsa barsiisu” jedheera, argitanii, Dubbii Waaqayyoo miti, Dubbii Isa mirkanaa’e miti; Kiristoos seenaa barsiisu, argitanii, waan akkasii.

Macaafni Qulqulluun, “Isa dha” jedha. “ANA DHA,” “Ani kanan ture ykn fulduratti kan jiraatu” miti. “ANA DHA, amma.” Inni as keessa kan jiraatu sun Sagalee dha.

Inni, jalqaba irratti ture, Inni biqiltuu keessa—Inni keessa—ture; Inni daraaraa keessa ture; Inni agadaa keessa ture; garuu amma Inni Midhaan keessa jira.

317 Amma, gara duubatti deebitanii ammas jiraachuu yaaltuu? Yoo Jireenyi sun gara duubatti deebi'e hoo, Jireenyi (ba'e) kun yoomiyyuu taanaan ni duubbata jettanii yaaddu, agadaan dulloomee erga gogee booda deebi'aa, lammata deebi'ee keessa jiraataa? Inni gonkumaa hin ta'u. "Al tokko ifni namootaa erga ba'ee kana gochuun hin danda'amu," Sagalichis yeroo raawwatametti Isa wajjin itti hin fufan, "isaan du'aniiru, badaniirus; qoree fi arangamaan gatamuutti dhi'aateera, dhumni isaaniis gara gubachuu ti." Sirrii dhaa?

Amma hangan danda'e ariifachuu yaalaan jira.

318 Hubadhaa Caaffattoota Qulqulluu ammaa. Waaqa seenaa Barsiisuu, argitanii, yeroo darbe jiraachuuf akkuma yaalaa jiraniin, akka, "Tole, Wesiliin *akkasii-fi-akkas*" jedhe. Ykn, "*Akkasii-fi-akkas* jedhe *akkas-fi-akkas*." Isin Sagalee abdii Waaqayyoo bara dhumaa, Mannaa isa ifaan ifatti barichaaf adda ba'e mormaa jirtu. Dhugaatii wayinii isaanii dulloomaa Luutaraan, Baaptistii, Pheenxeqoosxee qaruuraa haaraa keessa galchuu barbaadu. Hin hojjetu. Wayiniin keenya haaraanis, qaruuraa isaanii moofaa, keessatti hin hojjetu. Wayinii haaraa kana dhaabbata amantii keessa galchuu yoo yaalan, dogoggora isaanii mul'isa. Kana gochuu hin danda'an. Kun ishee ni diiga.

"Amma, obboleessa koo, ani Dubbii Waaqayyoo, Sagalee sirriitti argeera!"

319 "Amma, doktar, as ilaali, Kana. . . nuti—qabaachuu hin dandeenyu." Needi, hanga ammaatti waan hubatte natti fakkaata. "Nuti, Sana amma asitti qabaachuu hin dandeenyu. Ani—osoo dhiiftanii wayya jedheen yaada." Beektuu. Argitanii, hin hojjetu. Isheen ni dhooti.

320 "Isin uffata moofaa irra carqii haaraa hin keessan, 'sababni isaas hunda isaa ni tarsaaftu." Argitanii? Yesus akkas hin jennee? Isin Wayinii haaraa qodaa bososaatti hin naqan. Qodichi ni dho'a. Wayiniin inni haaraan Jireenya qaba. Gaarii dha.

321 As irratti waan tokko hubadhaa, amma baay'ee ariifachuu qabna, dubbii keenya. . . osoo goolabnuu. Yaada keessa galchuu yoo barbaaddan, Mul'ata 16:13 hanga 14tti hubadhaa. Tarii gara sana yeroon dhaqu hin qabu. Akka mirkaneeffattanii fi ilaaltan nan barbaada. Amma hubadhaa, kun sagalee Waciitii Ja'affaa fi Torbaffaa ti.

Amma. . . daqiiqaa muraasa yoo nuuf obsitan, daqiiqaa tokko keessatti ni xumurra. Amma ni xumurra.

322 Mul'ata 16:13 hanga 14 irra kan jiru, Waciitii Ja'affaa fi Torbaffaa giddu hubadhaa, "Hafuuronni xuraa'oon sadii fattee fakkaatanii" (sana hubattanii?) "afaan nama tokkoo keessaa ba'an." Amma ariitiin, na hordofaa. Qophooftaniittuu? "Ameen," jedhaa. [Gumiin, "Ameen" jedha.—Gulaalaa."] Hafuurota sadan tokkummaa!

323 Amma obboleessi koo dhaabbata amantii, daqiiqaa tokko qofa dhabadhu. Kaatee kutaa keessaas hin ba'in, isin raadiyoo, fi wal-quunnamtii bilbilaa irra jirtanis akkasuma. Waraabbii teeppii keessanii hin balleessinaa. Daqiiqaa tokko qofa obsaa, dhaggeeffadhaa. Waaqayyoo irraa dhalattan, ni dhaggeeffattu.

324 Sadan tokkummaa fatteewwanii! Fatteen bineensa yeroo hunda of duuba ilaalu dha. Kallattii irraa dhufe ilaala malee; gara itti deemu gonkumaa hin ilaalu; Argitanii? Isinitti hin argamuu? Sadan tokkummummaan eessatti dhalate? Yaadadhaa, “hafuurota xuraa'oo sadii,” hafuurota of danda'an. Isiniif galaa jiraa? [Gumiin akkas jedha, “Ameen.”—Gulaalaa.]

325 Ilaalaa, gara Macaafa Qulqulluu osoo hin ta'in, bakka barsiifni Sadan tokkummaa itti dhalate gara walga'ii Niiqiyaa duuba isaanii ilaalu. Wanti akkasii hin jiru. Gara Mana Maree Niiqiyaa Niqiyaa jiru, Room, bakka sadan tokkummaa itti dhalatee ilaalu.

326 Eessaa akka dhufan hubadhaa. Hubadhaa. Sadan tokkummaa fatteewwaniis sadan tokkummaa dulloome, sadan tokkummaa haaraa uume, haadha isaanii irraa dhufe. Achii maal irraa baate? Sadan tokkummaa, “jawwicha,” argitanii, “bineensicha,” innis “raajii sobaa.” Sadan tokkummaa, haaraa. Fatteewwan kun kan ba'an yoom ture? Yoomi? Hubadhaa, isaan duruma achi turan, garuu inni hamma Waciitii Ja'affaa fi Torbaffaatti hin mul'anne ture, kana mul'isuuf (Hmm?) osoo Chaappaawwan hin banamin dura.

327 “Sababni isaa ergamaa isa torbaffaan Ergaa keessatti, icitiiwwan Waaqayyoo ni beekama,” wantoonni sadan tokkummaa kanaa hundi, cuuphaawwan sobaas, akkasumas wanti hundi ni mul'ata. Dhugaan maal akka ta'e akka beeknu Waaqayyo nu haa gargaaru! Namni waan tokko nutti himuuf yaalaa jira yoon jedhes hin yaadinaa . . .

328 Hafuurri sun Sana akka dabarsaa jiru natti dhaga'ama, argitanii. Waa'ee koo dubbachaa hin jiru, obboleessa. Ani Ergamaa Gooftaa isa waltajjii keessa jiru irraa dubbachaa jira. Sun sirriitti dhugaa dha.

329 Hubadhaa, sadan tokkummaa! “Jawwicha,” jawwicha maal akka ta'e meeqatu beeka? Inni Roomaa dha. “Akkasumas jawwichi mucaa ishee yeroo deessu nyaachuuf dubartittii fuul dura dhaabate.” Sun sirrii dhaa? Akka Macaafa Qulqulluutti “Bineensa” jechuun maal jechuudhaa? Aangoo. Tole. “Raajii sobduu, raajii sobduu,” sobaan, kan dibame. Argitanii?

330 Eessatti jalqabe? “Raajii sobduu,” kun lakkoofsa baaqqee dha. “Raajii sobduu,” phaaphaasii isa jalqabaa; achii immoo “kan—eejjituu, fi haadha eejjitootaa,” wanti hundi achii kan dhufe dha.

331 Sadan tokkummaa sonaa ka'aa jira; guyyoota jalqabaa miti, guyyoota jalqabaa mul'achuu hin danda'u, kallattiin isa wajjin

itti fufe. Garuu Chaappaawwan Torban dhufanii, icciitiiwwan sanas yeroo bananii fi mul'isan, sun yeroo "fatteewwan kan fakkaatan, hafuurota xuraa'oo sadii fatteewwanii, of mul'isuuf ni ba'u," kun barsiisa sadan tokkummaa isa Dhugaa faallessu dha. Argitanii? Huh!

Eessaa akka dhufe ilaalaa? Deebi'ee garamitti akka deemu ilaalaa? Mana Maree Waldootaa. Isaan hunduu obboloota, sirumaayyuu; hafuurota wal fakkaatu, wantoota wal fakkaatu qabu.

332 Isaaniinis ilaalaa. Dinqiiwwan gochuudhaan, kanaaf gowwomsu! Isaan immoo bara dhumaatti isin gowwomsuuf, dinqiiwwan hojjechaa, waaqolii gara lafaatti kan fidan seexanoota dha, kana gochuudhaan immoo ni milkaa'u. Waaqayyo waa'ee hafuura hamaa kanaa maal jedhe?

Akkas jedhe, "Ani gadi bu'ee afaan raajotaa keessa nan galcha akkasumas akka isaan soba raajan nan godha, Ahaab achi dhaqee akka ajjeefamu nan godha."

333 Waaqayyo akkas jedhe, "Dhaqi. Ni milkoofta. Akka isaan si amanan ni goota. Jalqabuma iyyuu, isaan tuuta Sagalee sana irraa miti." Argitanii? "Dhaqi, isa ni amansiiftaa. Inni isaanitti 'waan amananuuf, yeroo raajota sobaa kana keessa galtu, kana kan godhu si'i. Waa'ee Sagalichaas homaa waan inni beeku hin jiru, inni Isa barachuufis hin yaalu. Inni duruma iyyuu qoraattii waan ta'eef, inni kana gochuu hin danda'u." Argitanii? Argitanii? "Ni milkoofta."

Fatteewwan sobduu kana ilaalaa, gara duuba isaanii kan ilaalan. "Maaliif, Niiqiyaatti waan jedhan beektuu?"

334 Niiqiyaatti, waan isaan dubbatan na hin dhibu. Ani waan isaan asitti Teessoo Waaaqayyoo irratti dubbatani kan ani dubbadhu; waan ta'u, malee waan darbe miti; waan ta'uuf jiru, Inni "ANA DHA." Argitanii?

"Soba." Kana ilaalaa. Huh! Eessaa akka dhufan hubadhaa.

335 Amma (Sirriitti dhaggeeffadhaa.) Chaappaawwan Torba erga banamanii booda, ifatti argina. Kunis iccitiiwwan mul'isuufi dha: Sadan tokkummaa maali? Argitanii? Eessatti sadan tokkummaa jedhame? Argitanii? Macaafa Qulqulluu keessatti jecha sadan tokkummaa Inni bakka kamitti caqase? Waaqoliin sadii eessatti argamuu danda'u, Waaqolii sadii waaqeffachaa akkamitti ormoota hin taanu?

336 Yeroo Inni, "Anii fi Abbaan Koo Tokko" jedhu, akkamitti gargar ba'uu danda'u? "Ani Isa akkan ta'e yoo hin amanne, cubbuu keessaniin ni baddu, argitanii, kun amanuu dhabuu keessaniiti." Cubbuun amanuu dhabuu dha. "Isin amanuu dhabuu keessaniin ni baddu."

> Oo, isin eenyu Anaan jettu, isin eessa irraa
> dhufe Anaan jettu,

Oo, Abbaa Koo beektuu, ykn Maqaa Isaa himtuu?
Arfaaseen Saaroon, Bakkalchi Barii Ifu ANA DHA.

Inni Eenyu akka ta'e natti himaa?

Miciree Ibiddaan boba'u keessatti kan Museetti dubbate ANA DHA,
Waaqni Abrahaam, Bakkalchi Barii Ifus ANA DHA.
Arfaaseen Saaroon ANA DHA, oo, eessaa irraa dhufe Anaan jettu;
Oo, Abbaa Koo beektuu, ykn Maqaa Isaa himtuu? (Ameen!)

Aalfaa, Oomeegaan, Jalqabnii fi Dhumni ANA DHA;
Guutummaan uumamaa ANA DHA, Maqaan Koos Yesusi dha.

Sun sirrii dha. Sadan tokkummaa miti! Lakki, fira koo. Sun waan sobaa ti.

337 Chaappaawwan Torba, waan banamaniif icitiiwwan "raawwatamuu qaban," mul'atan. Chaappaan banameera; ni mul'ata, ni ifooma, Chaappaawwan baroota hunda dhokatan Dhugaa dhokatan, karaa waldaawwanii fi dhaabbilee amantii dhokatan hunda ifa godha.

"Eejjitiuu ishee guddoo," kan Mul'ata torbaa-. . .Isheen eenyu? Garuu isheen "HAADHA EEJJITOOTAA" ti, akkasuma. Argitanii?

"Amma, ati 'ruumichoota' jettee isaan waamte," akkas jette, "Obboleessa Biraanhaam." Sun sirrii dha.

338 Garuu, ruumichi simbirroo ta'uu, yaadadhaa. Darbees, balali'uuf dibame. "Warra Filataman gowwomsuuf, hafuuronni lamaan wal fakkaatu . . . " Ruumichi akkuma—risaa guddaa dha. Inni akkuma risaa balali'uu danda'a; balali'uufis, ykn lallabuuf, ykn raajuuf kan dibame dha, hubadhaa, akkuma risaa. Garuu inni bakka ol jedhaa irratti risaa hordofuu hin danda'u. Lakki, lakki. Inni yoo risaa hordofuu yaale, dadhabbinni isaa ni mul'ata. Eeyyee, fira koo. Risaa hordofuu hin danda'u.

339 Oo, akkas jechuu danda'a, "Yesus Kiristoos Ilma Waaqayyoo akka ta'e nan amana. Waaqayyo Abbaatti nan amana, Hunda kan danda'u, Uumaa waaqaa fi lafaa; Yesus Kiristoos Ilma Isaa," fi kkf. Oo, dhugaa dha, kana gochuu danda'u. Garuu Yesus Kiristoos kaleessa, har'a, bara baraanis isuma ta'uu Isaa hoo? Argitanii?

340 Risaan simbirroo haala-addaan hojjetame dha. Lafa irratti, kan isa fakkaatu hin jiru. Argitanii? Inni—inni. . .Ruumichi, ykn sinbirroon biraa, isa hordofuu yoo yaale inni ni jajal'ata.

Dadhabaa ta'uun isaa ni mul'ata, sirriitti mirkanaa'aa dha. Inni Wayinii haaraa qaruuraa moofaa keessa gochuuf yeroo inni yaalu inn ni dho'a. Argitanii, inni ni dho'a. Ni jajal'ata. Inni akkas akka ta'utti hin hojjetamne, miti. . . Qaama isaa achi ol jedhaa irratti akka baatan godhamee hin hojjetamne. Inni yeroo olka'insa guddaa qilleensa xiqaanqatu sana irra ga'u, yoo hin tolfamne, yoo hin muudamne, dursee hin murtoofne, risaa ta'ee hin dhalanne, caccabee bittima. Argitanii? Kochoowwan isaa irraa baalleewwan isaa caccabanii, gara lafaattis ni bu'u. Sirrii dha. Inni ol ka'iinsa irratti, risaa hordofuu hin danda'u. Yoo yaale, dadhabbinni ni mul'ata. Sirrii dha. Hin dandeessan.

341 Maaliif? Inni akka risaatti ilaaluu hin danda'u. Yeroo achi geessan eessa akka jirtan yoo arguu hin dandeenye, ol kaatanii utaalun keessan maal isin fayyadaa? Innis bakka ol jedhaatti, risaa fakkaachuuf, ol ka'uu yoo yaale, Maal akka hojjetu hin beeku ijji isaa baay'ee jaamaa ta'a. Sun sirrii dha. Sagalee dhageessisuu fi iyyuu, asii fi achi jechuu danda'a; Dubbicha garuu haala salphaan itti himi, obboleessa, achitti dadhabinni isaa ni mul'ata.

342 Waa'ee cuuphaa Maqaa Gooftaa Yesus itti himi, ykn, Inni kaleessa, har'a, bara baraanis isuma akka ta'e, hundaa—hunda akka sanatti, isattis himi. "Maaliif, oo, amma daqiiqaa tokko na eegaa!" Argitanii? Oo, eeyyee, baalleen isaa dafee irraa bu'a. Argitanii, inni ol utaala, raajiis ni dubbata, seexanootas ni baasa, afaan haaradhaanis ni dubbata, ni iyyas, asii fi achi jedha, lafa irra olii-fi-gadi fiiga. Garuu Achitti hordofuu hin yaalinaa; maaliif, inni saaxilamuun isaa hin hafu.

343 Ta'us, inni muudameera. Inni dibameera. Balali'uu ni danda'a. Of madaaluu ni danda'a, ol ba'uu ni danda'a, garuu . . . baay'ee itti hin fufu. Argitanii, waan tortoraa nyaachuu danda'a, garuu Foon ho'aa Teessoo irraa dhufe nyaachuu hin danda'u.

344 Inni jaamaa dha. Baay'ee bitaa isa gala, garuu maaliif akka bitaa isa galu hin beeku. Argitanii, qamadii isa gochuuf; akka rooba bokkaa, Hafuura Qulqulluu tokkichuma sanatu isa irra bu'e, garuu inni jalqabuma irraa qamadii miti. Inni ni dho'a. "Oo, kana caala deemuu hin danda'u. . . Oo, lakki, fira koo! Doktor Joonsi waan jedhe beeka. . . " Tole, itti fufi. Argitanii? Itti fufi, yoo barbaadde.

345 Lakki, hubadhaa, sinbira akkanaa akka ta'uuf, hin dhalanne, ykn hin uumamne, ykn dura hin murteeffamne. Tarii. . . Inni. . . muka burtukaanaa irratti loomiin guddachuu danda'a, inni garuu gonkumaa hidda isaa irraa hin baane. Inni waan itti dabalame dha. Isaanis yeroo dhabbileewwan amantii isaanii keessatti bakka ol'aanaa ga'an Dubbiin Waaqayyoo dura murteeffame akka mul'ate arguu hin danda'an, achii dadhabbinni isaanii ni mul'ata. "Oo, waan sun, Ibiddatu isa

irra jira, waan hundas, oo, Inni hiika hin qabu.” Argitanii? Beekameera.

346 Hanga sanatti arguuf hin ijaaramne. Kan ilaaluu danda’u hamma daawwitiiwwan dhaabbileen amantii akka inni ilaalu eeyyamuuf qofa dha. Garuu, sana booda, inni akka sinbira halkanii jaamaa dha. Dadhabinni isaa kan mul’atu yeroo sana. Argitanii? Risaa dhugaan nyaachuuf kan taa’u achitti. Eeyyee, fira koo. Risaawwan dhugaan filataman, maal akka ta’e kan ilaalan achitti. Yeroo inni Sagalicha hin fudhadhu jedhu, battalumatti ruumicha dhaabbata amantii ta’uu isaa sirriitti beeku.

347 Maaliif, maaliif hin balali’u? Sababni isaa, maal akka nyaachaa ture hubadhaa. Du’aa dhaabbata amantii tortore nyaachaa tureera. Sun qaama isaa nama hafuuraa—hin taasisu, ga’umsa hafuuraa irra isa hin geessisu, jecha biraan, garaagarummaawwan dhaabbilee amantii caalchisee ol isa hin baasu. Argitanii? Argitanii, inni wantoota tortoran qofa nyaata; qaamni isaa sana irraa tolfame. Bakka risaan sun Foon ho’aa baatee ol deemu sana inni dhaquu hin danda’u. Sana gochuu hin danda’u. Argitanii?

348 Kun raawwii Maatiwoos 24:24 ti. Inni balal’aa jira, qilleensa keessa utaalaa jira, kochoowwan isaa raasaa jira, garuu ol ka’insa ga’aa irra ga’uu hin danda’u. Argitanii? Sirrii dha. Argitanii, inni deemuu hin danda’u, Mannaa ho’aa argachuuf ol ka’insa ga’aa irra ga’uu hin danda’u. Inni mannaa dulloomaa as lafa irra jiru nyaachuu danda’a, illeettiiwwan dulloomanii du’an torbee tokkoo ol turan, ji’a tokko duras, ykn waggoota afurtama dura, faalamaa. Sana nyaachuu, sanattis gammaduu, kolfuus iyyuus, asis achis jechuun, akka risaa biroottis balali’uu danda’a. Inni akkuma sinbira biroo, dibameera.

349 Akkasumas inni gosa risaa dha, ruumicha dha. Nuyi sana ni beekna. Inni sirrii dha, garuu inni risaa dhugaa sana hordofuu hin danda’u. Argitanii? Inni kana gochuu hin danda’u. Lakki, fira koo. Qaamni Isaa hin ijaaramne; waan raamma’e nyaataa ture, argitanii, innis hin ta’u . . . inni hin ta’u—inni Foon ho’aa, Manna ho’aa hin ta’u. Inni akkuma Luutar, Wesiliin, ykn Doktorri tokko *Akkanaa-fi-akkas* kan jedhan qofa ta’a. Inni waan Yesus bara kanaaf dubbate ta’uu hin danda’u.

350 Amma gara cufuutti, haa deemnu. Bara dhumaatti, namoota dibaman, “Kiristoosota,” garuu “barsiisota sobaa fi raajota sobaa ti.” Hubadhaa hammam akka nama dinqu! Amma, kana akka dorgomsiiftan nan barbaada; dubbisuuf yeroo hin qabnu, Maatiwoos 24:24 Ximootiwoos 3:8 wajjin.

351 Maatiwoos 24;24 akkuma jedhe, baroota dhumaatti, “Kiristoosonni sobaa ni dhufu,” sobaa, namoota dibaman, argitanii, “raajota sobaa, akkasuma dinqiiwwanii fi mallattoowwan ni agarsiisu,” sirriitti akkuma Isa dhugaatti,

Isa dhugaatti, “warra Filatamanis—immoo hamma gowwomsuu ga’anitti.” Amma hubadhaa, sana Yesus dubbachaa ture.

352 As irratti Phaawuloos, Isa duuba dhufee, akkas jedhe, “Amma, bara dhumaatti, namoonni amantii kan fakkeessan, argitanii, Waaqayyoon kan fakkaatan ni dhufu. Dubartoota gowwaa, hawwiiwwan addunyaan gowwonfaman geggeessu.”

Sana booda isaan ni dinqisiifatu, akkas jedhu, “Isin maaliif dubartoota filattu?” Oo, nama ajaa’iba . . . Isaan Isa illee hin argan.

“Dubartoota gowwoota geggeessu, kan hawwii adda addaan guutaman,” warra akkasii irraa . . . fagaadhaa . . . Argitanii, “Akkuma Yaaneesii fi Yaambirees . . . ”

Maatiwoos 24:24, “Kiristoosota sobaa,” soba, namoota dibaman, warra Filataman gowwomsuuf mallattoolee fi dinqiiwwan kan hojjetan.

353 Amma, akkuma Yaaneesii fi Yaambirees Museen morman, isaan kunis akkasuma godhu, waa’ee amantii sammuu maca’aa kan qaban. Amantii *idilee* miti, amantii *isa* dhugaa! “Amantiin tokko, Gooftaan tokko, cuuphaan tok- . . . ” Gooftaa *tokko* osoo hin amanin amantii *tokko* qabaachuu hin dandeessan. Cuuphaawwan lama qabaachuu hin dandeessan, tokko Abbaaf, Ilmaaf, Hafuura Qulqulluufis. Cuuphaan tokko: Yesus Kiristoosiif. argitanii? Sirrii dha. Argitanii, cuuphaa sobaa!

354 Hubadhaa, yeroo mana deemtan isaan waliin madaalaa ilaalaa. Yesus yoo dubbatu; Maatiwoos 24:24 hubadhaa, Phaawuloos, Ximootiwoos Lammaffaa 3:8; luqqisii danuu. Amma sanas waliin madaalaa.

Sana booda immoo Caaffata biraa itti dabalaa, Luqaas 17:30, Miilkiyaas 4.

Bara sana Sagalee dibame, “Akkuma Yaaneesii fi Yaambirees Museedhaan morman,” “kanaaf namoonni kun,” nama tokko miti, “namoota,” warra dibaman, “Dhugaadhaan mormu.”

355 “Guyyaa Ilmi namaa itti mul’atu sanatti.” Mul’ata 10:1 hanga 7, yeroo mana galtan dubbisaa, “Ergaa ergamaa torbaffaa, banamuu Chaappaawwanii.” Inni maali? Ergamichi Ilma namaa miti; garuu ergamichi Ilma namaa mul’isaa jira. Amma lachuu gargar baasuu dandeessuu? Isinitti bakki baa’ee ulfaataa fakkaatu sana dha, argitanii. Ilma namaa, Ofii Isaa miti; garuu ergamaa torbaffaan, ergamaan torbaffaa, Ilma namaa uummatatti mul’isaa jira, sababni isaa Inni qola keessaa ba’eera. Inni Ishee hin qindeessu. Inni ofii Isaa, deebi’ee, Sanyii ta’eera.

356 “Guyyaa sana akkasuma, Yaaneesii fi Yaambirees ni mormu,” namoota dibaman (amantoota-fakkeessitoota fi kan hin amanne, Pheenxeqoosxeewwanii fi waldaa ishee idilee)

Sanyii dhugaa irratti ni ka'u, "garuu haa ta'uu dhiisaa; dadhabinni isaanii, akkuma isaaniitti mul'ata." Argitanii? Hubattaniittuu amma? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.]

357 Mul'anni 10, akkas jedha, "Bara ergamaa tobaffaan afuufuu yoo ka'u." Amma yaadadhaa, torbaffaan, Bara Waldaa Lodooqiyaa ti. "Sagaleen ergamaa sun," yeroo barri waldaa dhumee dhabbata ta'uu fi sun gara bara waldaa, yeroo jaarmiyaan Pheenxeqoosxee keessatti ta'e; yeroo ergamaan sun gara sana dhaqe . . .

358 Tokkoon tokkoon ergamaa maal ture? Maartiin Luutar maal ture? Kaatolikiif ifannaa kenname ture. Wesiliin maal ture? Luutaraanotaaf ifannaa kenname ture. Pheenxeqoosxeen maal ture? Warra kaaniif ifannaa kenname dha. Amma Jireenyi eessa deeme? Jaarmiyaa irraa fagaateera. Qola irra hin jiru; Sanyii irra jira. Inni maali? Ifanna Pheenxeqoosxee, argitanii, Caaffata Qulqullaa'aa bara kanaa raawwachuufi dha. Argitanii?

359 Hubadhaa, guyyaa ergamaan kun . . . Guyyaa inni itti jalqabu osoo hin taane, garuu yeroo inni Ergaa isaa labsu dha. Argitanii? Harkisni Jalqabaa, fayyisuu; Harkisni Lammaffaa, raajuu; Harkisni Sadaffaa; Sagalicha banuu, icitiiwwan mul'achuu isaanii ti. Raajota caalaa, Sagalicha kan mul'isu taayitaan ol'aanaan biraa hin jiru, hin jiru. Raajiin karaan inni ittiin mirkaneeffatu tokkichi garuu Sagalee qofa. Akkasuma, yaadadhaa, Harkisni inni Sadaffaan Chaappaawwan Torba banuu dha, kunis Dubbichaan chaappeffamee kan ture Dhugaa dhokate kan mul'isu dha. Argitanii? [Gumiin, "Ameen" jedha.—Gulaalaa.]

360 Sana booda, guyyaa sana yeroo wanti kun raawwachuuf jedhu dha, kan Yaaneesii fi Yaambirees, fakkeessitoonni, deebi'anii argaman. Qoofa Museen yeroo Sagalee jalqabaa qabatee dhufe akkuma godhan, Isa mormuuf, isaan Isa fakkeessuuf ka'u. Sirriitti dhugaa dha. Amma Maatiwoos 24:24 maal akka taa'e hubattanii? Argitanii, namoota dibaman!

361 Amma nuti wantoota sadii isinitti himuu barbaanna osoo hin cufin dura. Kana qofa. Amma cufiinsa irratti of eeggannoon akka na dhaggeeeffattan nan barbaada. Wantoota sadii, yaadadhaa, wantoonni sadii raawwatamaniiru. Amma wantoonni sadii isin fuul dura jiru.

362 Jalqaba. Biyyi lafaa haala Sodoom keessa jirti. Yesus kun akka ta'u dubbateera. Warra jallaa ilaalaa; dubartoota keenya dhiira ta'uuf yaalan; dhiirota keenya dubartoota ta'uu yaalan, dogoggora; tortoraa, xuraa'aa, gadi-bu'aa, seexanaan—kan hidhaman ta'anii, isa hin beekan. Macaafni Qulqulluun akka kun ta'u dubbateera, nutis asi irra geenyeerra.

Lammaffaa. Akka Caaffanni jedhutti, Yaaneesii fi Yaambirees kan mul'atan, bara kana dha. Lammaffaa irratti.

Sadaffaa. Ilmi namaa kan itti mul'atu bara wal fakkaataa baruma kana dha.

363 Kunoo amanaa, kunoo amanaa-fakkeessaa, kunoo amanaa hin amanne. Sagalee dhugaan, addatti kan mul'atu fi kan mirkanaa'e jira; amanaa-fakkeessaan Isa fakkeessu immoo jira; kan hin amanne immoo waan hundumaa gana.

Garuu yeroo dukkanaa'u Ifa ta'a,
Karaa Ulfinaa dhugaa dha ni argatta: (Sirrii dhaa?)

Saboonni caccabaa jiru, Isiraa'eel dammaqaa jirti.
Macaafni Qulqulluun mallattoowwan raaje;
Guyyoonni Ormootaas lakkaa'amaniiru (Sodoom), ba'aa dhiphisaan;
"Yaa warra bittinooftanii, gara qomoo keessaniitti, deebi'aa."

Guyyaan furamuu keessan dhi'aateera,
Sodaa kanaan, garaan namaa kufaa jira;
Hafuura Waaqayyoon guutamaa, ibsaawwan keessan qophaa'aa fi kan mul'atu haa ta'u, (Dubbii barichaa akka arguu dandeessanitti.)
Ol ilaalaa! Furamuun keessan dhiyoo dha.

Raajonni sobaa sobaa jiru, (Namoonni dibaman; ni ka'u jedhameera.), Dhugaa Waaqayyoo ni ganu,
Innis Yesus Kiristoos Waaqayyo akka ta'e;

Sana, Isatti hin amanan. Macaafni Qulqulluun sun ni ta'a jedheera. Kanuma!

Garuu nuyi karaa ergamoonni deeman hordofna.

Ifuma sana! "Akkasumas Amantii abbootii gara ijoolleetti deebisa."

Guyyaan furamuu dhi'aateera, (Baay'ee dhi'aateera.)
Garaa namootaa sodaatu guute; (Lafti gadi liqimfamaa jirti.)
Oo, Hafuura Waaqayyoon guutamaa, ibsaawwan keessan qophaa'aa fi kan mul'atu haa ta'u.
Ol ilaalaa! Furamuun keessan dhiyoo dha.

Sana amantuu? [Gumiin akkas jedha, "Ameen."—Gulaalaa.] Mee mataa keenya gadi haa qabannu.

364 Biyya Ergaan kun itti deemutti, Daangaa Bahaa irraa gara Dhihaatti, Kaalifoorniyaa irraa gara Niwu Yoorkitti, gara Kibbaatti gadi bu'ee, ol gara Kaabaatti, gara ergamatti, bakka

Inni deemu hundumaattis, akkasuma godoo qulqullaa'aa kana keessatti. Nuti hiyyeeyyii dha. Nuyi wantoota gurguddaa kana, gurguddaa, wantoota miidhaganii, fi sagantaa televizyiinii hin qabnu. Nuti waan gochuu dandeenyu hunda gochuuf yaalaa jirra. "Garuu kan Abbaan Naaf kenne hunduu ni dhufa."

365 Amma, isin warri teeppii kana dhaggeeffattan, kun dhugaa ta'uu akka beektan nan barbaada. Har'a Ergaa kana yeroon qopheessu, tarii waa'ee ofii koo dubbachuuf waanan yaalaa jiru isinitti fakkaata ta'a. Ani Isa malee homaa hin qabu, sagalee ta'uu irraan kan hafe ani homaa miti. Akkasumas, sagaleen koo, akka fedhii koo osoo ta'ee; silaa ani adamsaa ta'uun barbaada ture. Garuu fedha Abbaa koo raawwachuuf nan labsa, isa gochuufis murteesseera.

366 Yeroo Inni laga irratti mul'ate sana ani achi dhaabbachuu qofa ture; Inni mul'ate ana hin turre. Wantoota kana Inni raawwatuu fi wantoota dhugaadhaan guutummaatti raawwataman kan dubbate ana miti; Ani yeroo Inni hojjetu nama dhiyoo qofan ture. Inni dubbachuuf, kan Inni itti fayyadame ani sagalee qofan ture. Waan ani beeku hin turre; Inni ana keessaan akka dubbatu, nama dabarsee of kenne dha. Inni ana miti, ergamaa torbaffaas miti, oo, miti; inni mul'achuu Ilma namaa ture malee. Iccitii Waaqayyo mul'ise dha malee, ergichi; kan ergamaa miti. Inni nama miti; inni Waaqayyo dha. Inni ergamaa Ilma namaa biraa ergame dha malee; Ergamichi Ilma namaa miti. Ilmi namaa Kiristoos dha; Inni Isa isin soorrattani dha. Isin nama idilee irraa nyaachaa hin jirtan; namni idileen, jechi isaa ni kufa. Garuu isin Qaama-Sagalee kan Ilma namaa hin kufne irraa nyaachaa jirtu.

367 Isin guutummaatti Sagalee isaa hunda irraa yoo hin nyyaanne, ofiif cimina argattanii dhaabbilee amantii fi wantoota addunyaa kanaa ol balali'uuf, yeroo kana osoo nuyi kadhannuu, isin ni taasiftuu?

368 Jaallatamaa Abbaa keenya, wanti kun ni ulfaata. Kan du'eef gochuun salphaa miti. Ati waan hunda beekta. Akkasumas ani Sin kadhadha, yaa Waaqayyo, kana karaa dogoggoraa akka hin hubatamne. Garuu, Ifa Dubbii Keen, namoonni haa deddeebi'an.

369 Akkasuma, Waaqayyo Abbaa, eenyu akka Filatame hin beeku; Ati ni beekta. Yeroo Ati Dhuftu an hin beeku. Garuu kun yeroo ta'u, sobdoonni, namoonni dibaman; jalqaba akka Ati jette akka sirrii hin taane nan beeka.

370 Sana caala homaa gochuu waan hin dandeenyeef, Museen cal isaaniin jedhe. Inni waan Ati jette qofa jedhe. Ati tafkiiwwaan waami jette; isaanis ni waaman. Bishaan gara dhiigaatti jijjiiri jette; sana booda isas ni taasisan. Museen waan Ati jette, Jecha Jechaan, qofa ni raawwate, garuu sana booda Inni wanti badaan akka mul'atu godhe Si Tokkicha.

371 Amma, yaa Abbaa, har'a iyyuu, Ati Waaqayyo dha. Sagalee sanumatu bara dhumaatti akka ta'u dubbate. Dilbata darbe jenne, namoonni amanamoon hedduun, harka isaanii sanduuqa kakuu irra, gaarii haaraa irra kaa'an, gateettii Leewwootaa irra osoo hin ta'in, du'aniiru, "cubbuu fi irra daddarbaa isaaniin du'aniiru," qalbii ofii isaanii wajjin wal falmu.

372 Tajaajiltoonni baay'een qu'annaa isaanii keessatti, Sagalicha ni dubbisu, dafanii immoo fuula isaa garagalchu; Ejjannoo hawaasummaa keessaa akka hin baane, uummata biratti fudhatama qaban akka hin dhabne, waldaa isaanii fi dhaabbata amantii keessaa akka hin baane dha. Sana akka hin goone Waaqayyo nu haa gargaaru!

373 Gooftaa, xurii biyya lafaa hunda irraa, garaa keenya qulqulleessi. Gooftaa, ani qullaa'uuf qophaa'aa dha. Waldaa kanaa fi warra dhaggeeffatan hunda, nama teeppii kana dhaggeeffatu kana hunda wajjin, ani qophaa'aa dha. Gooftaa, dhaabadhee, qulqullaa'uun gaafadha. Gooftaa, gara mana Suphee Dhooftuu na geessii na diigii na jijjiiri, tajaajilaa Ati barbaaddu sana na godhi.

374 Sababni isaa, Gooftaa Yesus, "Ani nama hidhiin koo xuraa'e dha," akka Isaayyaas boo'e, "namoota hidhiin xuraa'e gidduun jiraadha; mul'anni Waaqayyoo yeroo mul'atu waanan argeef, anaaf wayyoo," akkuma Isaayyaas Ergamoota Mana Qulqullummaa keessatti arge. Gooftaa, yeroo isa dhumaa nan arga, anii fi maatii koo wayyoo; anii fi sabni koo wayyoo. Yaa Waaqayyo Bara Baraa, dhiifama nuuf godhi. Ani ofii fi saba koof nan boo'a. Mee warra hin amanin wajjin akka nuti hin banne, garuu namoota amanan wajjin aaka jiraannu.

375 Dhaabbanni amantii hundi, Gooftaa, dhiirri ykn dubartiin hundi . . . Osoo akka Ati mormitu beekuu, ani dhaabbata amantii akka eebbiftu Sin gaafachuu hin danda'u. Garuu kanan jechuu danda'u, Gooftaa, yoo Ati isaan gidduudhaa hoolota kan Kee qabda ta'e, teeppii kana akka dhaga'an qofa dha. Isaan Isa haa dhaga'an, Gooftaa, Isa haa hubatanis hubannaa Ati isaaniif kennituufiin, isaanis dhufanii akkasuma Si haa fudhatan. Isaan jaamummaa fi aadaawwan bara kanaatiin hin gowwoomfamin. Waan bara biraa keessa raqa ture isaan akka nyaachuu hin yaalle. Isaan Sagalicha haa fudhatan.

376 Fariisonni akkasitti Si fannisani, yaa Gooftaa. Raqa bara Musee nuuf wayya yeroo jedhan, isaanis itti gammaduuf yaalaa turan; halkan hundumaa, lafa onaa keessatti, jechuunis dhaloota hundumaa, erga Ati mannaa haaraa isaaniif kennitee booda. Isaan bakka sanatti kufan. Inni isaan summeesse. Nyaata faalame nyaachuun isaanii, isaan ajjeese.

Akkasuma, hafuuraan, har'as kanuma hojjeta; hafuuraan, dhaabbilee amantiidhaan, isaan ajjeesa.

Gooftaa jaallatamaa, nu gargaari. Amma hunduu harka Kee keessa jira. Maqaa Yesus Kiristoosiin.

Mataa keenya gadi qabanne, hamma murteessitanitti faarfannaa kana faarfanna. Hanga dhumaatti deemtuu?

> Fayyisaa koo dhaga'uu nan danda'a . . . (Innis Sagalee dha.) na waamaa,
> Anis nan dhaga'a . . .

"Oo, ani yeroo dheeraan joore, garuu, dhuguma, amma Isa dhaga'aan jira, 'isin warri joortan hunduu, Koottaa gara Koo.'"

> . . . nan dhaga'e . . .

377 "'Fannoo keessan baattadhaa, guyyaa guyyaan Na hordofaa.' 'Eeyyee, ani gaaddisa sulula du'aa jala yoon deeme iyyuu, ani hamaa kamiyyuu hin sodaadhu; gara lafa boqonnaatti na gaggeessa, akkasumas bishaan haara galfiitti.'"

> Bakki Inni itti na gaggeessu . . .

378 "Gooftaa, soba sadan tokkummaa kana an argeera. Biyya lafaa guutuu keessatti faca'ee argeera; inkirdaadni bakka hundatti faca'eera. Gooftaa, garuu Ati akkuma amma na geggeessitu, akka Hojii Ergamootaa 19 irra jiraniin ta'a. 'Isaan yeroo Kana dhaga'an, Maqaa Gooftaa Yesusiin irra deebi'anii cuuphaman.'"

> . . . hordofaa,

"Gooftaa, Si fudhachuuf, ani hamman danda'u deemeera."

> Amma karaa hundumaa Isa wajjin nan adeema.

379 Waaqayyo jaallatamaa, ani onnee koo irraa kan dhufu kana nan amana. Onnee nama hudumaa irraa dhufee yeroo kana kan faarfatamu nan amana, tarii namoonni baay'een warri teeppii kana, amma kan dhaggeeffatan ykn kan hin dhaggeeffatin. Gatiin isaa waan fedhe haa ta'u, warra fedhii qaban nu taasisi, Gooftaa. Akkas jedha, "Loltuun, akkuma waraana biraa qunnamuu deemu, mootiin; dursa inni taa'ee yaada, mo'achuu danda'aa laataa, waan biyya lafaa dhiisuu danda'aa laata? dhiisuu dandeessuu, waraana Dubbii Waaqayyoo barreeffametti makamuu, loltoota Isaa wajjin fiiguu, risaawwan Isaa wajjin balali'uu?" Gooftaa, Maqaa Yesusiin, isa taasisi.

380 Amantuu? Isa fudhattuu? Tole. Galgala, Gooftaan yoo jedhe, deebinee wal argina. Kun Dhugaa akka ta'e amantuu? [Gumiin, "Ameen" jedha.—Gulaalaa.] Ifa mitii? ["Ameen."]

> Egaa Maqaa Yesus qabadhaa deemaa,
> Ijoollee gaddaa fi wawwaannaa;
> Inni gammachuu fi jajjabina isiniif kenna,
> Bakka hunda fudhaa deemaa . . .

Amma, nama isin cinaa jiru wajjin harka wal qabadhaa amma.

Maqaa qaalii, O akkam mi'aawaa!
Abdii lafaa, (Abdii lafaa!) gammachuu Waaqa irraa;
Maqaa qaalii, O akkam mi'aawaa!
Abdii lafaa fi gammachuu Waaqa irraa.

Maqaa Yesusiif jilbeenfadhaa,
Miila Isaa jalatti kufaa,
Mootiin mootota Waaqa irratti gonfoo uffata . . . (Egaa, Inni Waaqayyo dha.)
Yeroo imalli keenya xumuramu.

Maqaa qaalii, (Maqaa qaalii!) O akkam mi'aawaa! (O akkam mi'aawaa!)
Abdii lafaa fi gammachuu Waaqa irraa;
Maqaa qaalii, O akkam mi'aawaa!
Abdii lafaa fi gammachuu Waaqa irraa.

Ganama kana tajaajiltonni hunduu yaadatamuu isaanii nan tilmaama, beekkamtii argataniiru.

381 Namni tokko yeroo torbee guutuu kadhachaa turu, Caaffattoonni kun, isin dura keessan dhaabbatee yoon ilaalu, maal jechuu akka ta'e ni gaafata. "Akkasumas anaaf wayyoo," jedhe Phaawuloos, "ani Wangeela yoon lallabuu baadhe." Xumura karichaa irratti, akkas jedhe, "Ani Gorsa Waaqayyoo akka Inni naaf kennetti isiniif labsuu irraa of hin qusanne."

Yeroo tokko tokko wantoota nan irraanfadha, ijoollee dhi'eessuu, dabarsee imaanaa kennuu.

Biiliin akkas jedhe, yeroo darbe, namni tokko dhufee, "Mucaa koo imaanaa kennuuf, waggaa lamaaf deddeebi'een ture," jedhe.

382 Biiliinis deebisee, "Sitti hin dhaga'amin. Ani mucaa nan qaba, kan waggaa tokkoo; hanga ammaatti imaanaa hin kennine, hanga ammaatti. Kanaaf ani hanga inni sadarkaa umurii sanaa ga'utti qofa nan eega, natti fakkaata."

Kanaaf, obboleessa, obboleettii, akkas—miti, argitanii, waan . . . Tokko, ijoollee keenya imaanaa kennachuu qabna.

383 Nuti nama hunda cuuphuu qabna. Bishaan ciisaan jira; bishaan qabna. Yoo cuuphamuu baattan, maaltu isin dhoowwa? Bishaan kunoo ti. Amma koottaa. Amma galgalaatti hin eeginaa; amma koottaa. Namni as dhaabbatee jiru kamiyyuu kan qalbii geeddaratee fi cubbuu isaa himate kan cuuphu as jira. Isin yoo si'a baay'ee cuuphamtanis, dhiifama cubbuu argachuuf isaan Maqaa Yesus Kiristoosiin isin cuuphu. Argitanii? Nuyi akka sana.

384 Garuu, argitanii, Ergichi onnee koo keessa jira. Ani dirqama Isa dubbachuun qaba. Sun kaayyoo lubbuu kootii ti, haati manaa koo, ijoolleen koo, paastariin koo, eenyu illee waan fedhe

haa jedhu. Inni Waaqayyoo koo ti. Sun kaayyoo lubbuu koo ti. Ani Sana dubbachuun qaba.

385 Ammas, yeroo baay'ee, tajaajiltoota yaadachuun irraanfadha. Tarii . . . obboleessa keenya, Obboleessa Neeviil, nama jaallatamaa dha. Obboloonni as jirtan, isin argachuu keenyatti baay'ee gammanna.

386 Tarii baay'een keessan lallabdoota sadan tokkummaadha ta'a. Obboleessa, ilaalcha addaa qabdu jennee, isin hin morminu. Isin wajjin wal hin dhabnu. Nu isin jaallanna. Yoo isin jaallachuu baanne, ani osoo kana hin amanu ta'ee, hamma kana jilba koon jilbeenfadhee "Gooftaa, na sirreessi" hin jedhun ture, waldaa kanaas hin ba'un ture.

387 Ani diddaa hin barbaadu, hafuurri of jaalachuu na wajjin akka wal maku hin barbaadu. Hafuurri koo qulqulluu fi qulqullaa'aa, jaalala obbolummaan, Hafuura Qulqulluun akka qullaa'un barbaada. Amma, namni tokko narratti waan hamaa yoo raawwate, rakkoo hin qabu. Anis itti deebisuuf mirga sirriitti yoon qabaadhe illee, ani jireenya kootti sana hin barbaadu. Lakki, ani—jaalala qabaachuun barbaada. Ani jaalalaan sirreeffamuuf qophaa'aa ta'uun barbaada, waaqa irratti deebii kan kennu jaalala.

388 Ani adda of gochuu koo miti. Meetoodistii, Baaptistii, Kaatolikii, Pireesbaayiteeriyaan, eenyu yoo taatan, Kanan wantoota kana dubbadhu nama addaa ta'uuf miti, of tuuluufis miti. Yoon akkas godhe, ani of tuulaa dha lafa aarsaa kana durattis kufee, Waaqayyoon kadhachuun narra jira.

389 Garuu kanan dubbadhu, waanan isin jaalladhuufi, garam akka deemaa jirtan waanan arguufi. Amma, ani ofi irraa hin dubbadhu, natti fakkaataadhaanis hin dubbadhu. GOOFTAAN AKKAS JEDHA dha. Sun Dhugaa dha. Wantoota sanaaf anis isinan jaalladha. Waaqayyo isin haa eebbisu.

390 Osoo hin deemin dura amma faarfannaa kana walaloo biraan, mee, haa faarfannu. Yoo dandeessan, galgala kana akka as turtan barbaanna. Yoo hin dandeenye, hanga wal arginutti Waaqayyo isin wajjin haa ta'u. Waaqayyo akka—isin eebbisu eebba lafa Isaa isa caalu akka isinii kennu ni kadhanna, argitanii.

Maqaa fudhadhu . . .

65-0725M Namoota Bara Dhumaatti Dibaman
Dunkaana Biraanhaam
Jeefarsanviil, Indiyaanaa U.S.A.

OROMO

©2026 VGR, ALL RIGHTS RESERVED

VOICE OF GOD RECORDINGS
P.O. BOX 950, JEFFERSONVILLE, INDIANA 47131 U.S.A.
www.branham.org

## Beeksisa mirga waraabbii

Mirgi abbummaa seeraan kan eegamedha. Kitaabni kun akka meeshaa Wangeela Yesuus Kiristoos babal'isuuf gargaarutti, maxxansaa manaatiin maxxanfamuun dhuunfaatti fayyadamuuf ykn kaffaltii malee kennamuu ni danda'a. Kitaabni kun hayyama barreeffamaa ifa ta'e Voice Of God Recordings® malee, gurguramuu, baay'inaan baay'isuu, marsariitii irratti maxxanfamuu, sirna kuusaa keessatti kuufamuu, afaanota birootti hiikuu, ykn maallaqa gaafachuuf itti fayyadamuun hin danda'amu.

Odeeffannoo dabalataaf ykn meeshaalee biroo jiran yoo barbaaddan, maaloo teessoo armaan gadii fayyadamuun nu quunnamaa:

Voice Of God Recordings

P.O. Box 950, Jeffersonville, Indiana 47131 U.S.A.

www.branham.org